

**XIINXALA HUBANNAA GILGAALOTA DUBBISA  
BARATTOOTA KUTAA 9FFAAFI 10FFAA: HAALA  
MANNEEN BARNOOTAA SADARKAA 2FFAA AANAA  
MAANNAANAA**

**HINDII ABDUU**



WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSTII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE

**HAGAYYA 2022  
JIMMA**

**Yuunivarsitii Jimmaa  
Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaanititti  
Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu**

**Xiinxala Hubannaa Gilgaalota Dubbisa Barattoota Kutaa 9ffaafi  
10ffaa: Haala Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Aanaa Maannaa**

**Hindii Abduutiin**

**Gorsaan: Alamayyoo Faqqadaa (PhD)  
Gorsaa gargaaraa: Taayyee Guddataa (PhD)**

**Hagayya 2022  
Jimma**

## **Yuunivarsitii Jimmaa Sagantaa Digirii Lammaffaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbaruu ittiin guuttachuuf Hindii Abduutiin, Mataduree “**Xiinxala Hubanna Gilgaalota Dubbisa Barattoota Kutaa 9ffaafi 10ffaaf: Haala Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Aanaa Maannaa**” jedhurratti qophaa’e adeemsa barbaachisu guutee dhiyaatedha.

Maqaa qoratuu\_\_\_\_\_mallatloo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

### **Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa\_\_\_\_\_Mallatloo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa\_\_\_\_\_Mallatloo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Gorsaa\_\_\_\_\_Mallatloo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Gorsaa gargaraaa\_\_\_\_\_mallatloo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

## **IBSA**

Ani qoratuun maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoон kun hojii kiyya ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Hindii Abduu Fayisa

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_

## **GALATA**

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee na xumursiisee Rabbii guddaa hundaa ol ta'e galanni haa ta'uuf jedha. Itti annsuudhaan, gorsaa koo Dr Alamayyoo Faqqadadaa hamileefi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbi fi nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun gorsaafi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina naaf ta'aniiru. Hamilee fi dandeettiin ittiin hojjedhu na gonfachiisuun hanga hojiin qorannoo eegalamee xumuramutti deggarsa itti fufiinsaa waan naaf taasisaniif galanni koo daanga hin qabu.

Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojii koof gorsaa fi deggarsa ogummaa naaf kennuun kan na jajjabessan gorsaa gargaaraa koo Dr. Tayyee Guddataa tiif galanni koo guddaadha.

Dabalatanis, barsiisoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaa fi 10ffaa barsiisan qormaata qopheessuufi madaaluu, akkasumas, af-gaaffii qophaa'ee isaaniif dhiyaatee irratti deebiifi yaada ogummaa isaanii naf kennaniifi barattootaa qormaata isaaniif dhiyaate irratti hirmaachuun deebii naf kennan galanni koo guddaadha.

Kana malees, qorannoo kana yeroon gaggeessuu kanneen deggarsa yaadaafi hamilee naaf kennan barsiisaa Abbabaa Sisaayi fi Obbo Adaanaa Dheeressaa kompiiteera irratti barreessuun kan na deggeeran fi kan maqaa isaanii hunda tarreessuu hindandeenye deggarsa naf godhaniif galanni koo isaaniif mala.

Dhumarrattis, hojii qorannoo kana yeroon gaggeessutti deggarsa hamilee naaf kennuun kan na jajjabessuun cimina kan naaf ta'an abbaa manaa koo Abduushukur Abdullee fi mucaa koo Amiir Abduushukur galanni koo guddaadha

# BAAFATA

GALATA.....	v
BAAFATA.....	vi
TARREEFFAMA GABATEE.....	ix
TARREEFFAMA SUURAALEE.....	x
AXEREERAA.....	xi
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA .....	1
2.1. Seendubee Qorannichaa .....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....	6
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	7
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	9
2.1. Maalummaa Dubbisuu .....	9
2.2. Faayidaa Dubbisuu .....	11
2.3. Dubbisa Hubachuu (Reading Comprehension) .....	12
2.4. Wantoota Dubbisanii Hubachuuratti Gufuu ta'an .....	13
2.4.1. Ilaalchafi Gocha Barsiisaarrraa Mul'atan .....	13
2.4.2. Dubbisuuf Onnachiisuu Dhabuu Barattoota .....	13
2.4.3. Malleen Hubannoont Dubbisuu Ittiin Barsiisan.....	14
2.4.4. Karoorsuu Dhabuu .....	15
2.4.5. Adeemsa Dubbisuu Itti Fayyadamu Dhabuu .....	15
2.5. Tarsiimolee Yeroo Dubbisuu.....	17
2.5.1. Sakatta'aan Dubbisuu.....	17
2.5.2. Ariitiin Dubbisuu .....	18
2.5.3. Bal'inaan Dubbisuu.....	19
2.5.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu .....	19
2.6. Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Itti Barsiifamu .....	19

2.6.1. Dubbisa duraa (Pre-reading phase) .....	21
2.6.2 Yeroo Dubbisuu (while reading phase).....	21
2.6.3. Dubbisa Booda (post reading) .....	21
2.7. Gilgaalota Dubbisa .....	22
2.7.1. Gilgaalota Dubbisa Duraa .....	22
2.7.2. Gilgaalota Yeroo Dubbisuu .....	23
2.7.3. Gilgaalota Dubbisa Boodaa .....	23
2.8. Yaadxina Modeela Hubannaa Dubbisaa .....	24
2.8.1. Modeela hubannaa dubbisa jala-olii .....	24
2.8.2. Modeela hubannaa dubbisu irraa-gadii .....	25
2.8.3. Modeela hubannaa dubbisa waliin dubbii .....	26
2.9. Sakatta’insa qorannoo walfakkaatan.....	27
<b>BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA .....</b>	<b>30</b>
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	30
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.....	30
3.3 Madda Ragaalee .....	31
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu .....	31
3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname .....	32
3.5.1. Qormaata .....	33
3.5.2. Af-gaaffii .....	34
3.5.3. Daawwannaar Daree .....	35
3.5.4. Sakattaa’ a Dookimeentii .....	36
3.6. Mala xiinxala Ragaalee .....	37
<b>BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE .....</b>	<b>38</b>
4.1. Odeeffannoo kennitootaa .....	38
4.1.1. Barsiisotaa .....	38
4.1.2. Barattootaa.....	38
4.2. Xiinxala ragaalee qormaata barattootaa .....	39
4.2.1. Xiinxala Qormaata barattoota mana barumsa Yabuu sadarkaa 2ffaa.....	43
4.2.1.1. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa Yabuu sadarkaa 2ffaa kutaa 9 .....	44
4.2.1.2. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10 .....	45

4.2.2. Xiinxala Qormaata barattoota mana barumsa Haroo sadarkaa 2ffaa .....	46
4.2.2.1. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9 .....	47
4.2.2.2. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 10 .....	48
4.2.3. Xiinxala Qormaata barattoota manneen barnoota lammaan keessatti .....	49
4.2.3.1. Xiinxala qormaata barattootaa kutaa 9 manneen barnoota lammaan keessatti .....	50
4.2.3.2. Xiinxala qormaata barattootaa kutaa 10 manneen barnoota lammaan keessatti .....	50
4.3. Xiinxala Af-Gaaffii Barsiisota.....	51
4.3.1. Xiinxala Af-Gaaffii Cufaa.....	52
4.3.2. Xiinxala af-gaaffii banaa .....	56
4.4. Xiinxala Daawwannaal Daree .....	58
4.5. Sakatta'a Dookimeentii.....	62
4.5.1. Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa kutaa 9ffaa.....	63
4.5.2. Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa kutaa 10ffaa.....	67
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAABOO .....	70
5.1. Cuunfaa .....	70
5.2. Argannoo .....	71
5.3. Yaboo .....	72
WABIILEE .....	74
DABALEE.....	80

## **TARREEFFAMA GABATEE**

Gabaatee 1. Odeeffannoo barsiisota deebii Kennan .....	38
Gabaatee 2. Ragaalee barattootaa qorannoo kana irratti hirmaatan .....	39
Gabaatee 3. Xiinxala bu'aa qormata hubannoo dubbisa barattoota Barnoota Afaan Oromoo.....	41
Gabaatee 4. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana barumsaa Yabuu sadarkaa 2ffaa .....	43
Gabaatee 5. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana barumsaa Haroo sadarkaa 2ffaa .....	46
Gabaatee 6. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota lammaan keessatti.....	49
Gabaatee 7. Xiinxala Af-gaaffii Barsiisota .....	53
Gabaatee 8. Xiinxala sakatta'a Dookimeentii (kitaaba fi dabtara) barattootaa kutaa 9 .....	63
Gabaatee 9. Xiinxala sakatta'a Dookimeentii barattootaa kutaa 10 .....	67

## **TARREEFFAMA SUURALEE**

Suuraa 1. Yeroo barattoonni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaa qormata fudhatan. ....	44
Suuraa 2. Yeroo barattoonni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa qormata fudhatan. ....	45
Suuraa 3. Yeroo barattoonni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaa qormata fudhatan. ....	47
Suuraa 4. Daawwannaal Daree barnoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa. ....	60

## AXEREERAA

*Qorannoona xiinxala hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kuta 9ffaafi 10ffaa keessatti bara 2021/2022 barnoota Afaan Oromoo barataa turan irratti ji'a Eblaafi Camsaa bara 2022 keessa gaggeeffameera. Qorannoona hubannaa dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo irratti hojjetamani murasa jiran keessa xiinxala hubannaa fi raawwii gilgaalota dubbisa irratti xiyyeefatee gaggeeffame hanga yoonnaatti jiru xiqqaadha. Waan kana ta'eef, kaayyoon qorannichaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo barataa turan hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa irratti qaban xiinxala gaggeessun qaawwa gama kanaan jiru guutuufidha. Malli qorannoona kun ittiin gaggeeffame mala akkamtaafi ammamtaa (walmakaa) dha. Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo qorannoona kanaaf mala miti-carraa kayyeefataa ta'een filatamaniiru. Barattoota 820 ta'an manneen barnoota kana lamaan barataa turan keessaa mala carraa tassan (simple random sampling method) fayyadamuun barattoota 269 (%33) ta'an filatamaniiru. Barsiisoota manneen barnoota kana keessatti barnoota Afaan Oromoo barsiisan 5 ta'an keessaa qorattuu qorannoona kanaa osoo hin dabalin mala iddattoo miti-carraa keessaa mala hunda ammataa (comprehensive sampling) fayyadamuun barsiisonni 4 qorannoona kanaaf fudhatamaniiru. Meeshaaleen ragaan qorannoona kana ittiin funaanaman: qormaata, af-gaaffii, daawwanna dareefi sakatta'a dookimeentii dha. Ragaaleen funaanamanis mala xiinxala ragaalee akkamtaa fi ammamtaa (walmakaa) ta'een jechaan, lakkofsaafi dhibbentaan xiinxalamani dhiyaataniiru. Bu.aan qormaata qorannoona kanaa akka mul'isutti, manneen barnoota lamaaniifi kutaa barnoota lamaan keessatti barattoota 269 ta'an keessaa barattooni 252 (%94) hubannaa dubbisa isaaniin sadarkaa gaarii fi isaa ol ta'e irratti kan argaman ta'u bira gahameera. Kunis kan ta'uu danda'e yeroon madaallii qormaata kun barattootaaf kennname yeroo itti barattooni qormaata xumura semisteera 2ffaa qophaa'aa jiran waan ta'eefidha. Haata'uu malee, xiinxalli qormaata kanaa akka mul'isutti, barattooni 17(%6) ta'an immoo hubannaa fi gahumsa dubbisa isaaniin sadarkaa gahaa fi gad-aanaa ta'e irratti argamu. Xiinxalli bu'aa qormaata hubannaa dubbisa barattoota manneen barnoota lamaan kutaa 9 sadarkaa gaarii ta'eefi kutaaan 10ffaa sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu agarsiisa. Xiinxala af-gaaffiirraa fi daawwanna daree irraa waanti hubatame hubannaa dubbisa barattootaa cimsuuf, barsiisonni hundi tarsiimoolee hubannoona dubbisuuf barsiisurrtati: adeemsa dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa eeganii hojirra oolchaa akka hin jirre mirkanaa'eera. Kunis, sababa wayiitiin yeroo barnoota Afaan Oromoof torbanitti kennname lama qofaa ta'uu isaafi qabiyyeen barnootaa bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e ta'uu adda bahee jira. Sakatta'a dookimeentii barattoota manneen barnoota lamaan fi kutaa lamaan irratti gaggeeffame akka agarsiisutti, gilgaalota dubbisa barattootan hojjetamani argaman keessaa barsiisonni kan sororsan gilgaalota muraasa qofa ta'uu mirkanaa'eera*



## **BOQONNAA TOKKOO: SEENSA**

### **2.1. Seendubee Qorannichaa**

Ogummaawan Afaanii kanneen gurguddoo jedhamuun beekaman dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha. Ogummaawan kanneen keessaa dubbisuufi dhaggeeffachuuun karaa ittiin ergaa fudhannu yoo ta'an, barreessuufi dubbachuuun immoo karaa ergaa ittiin dabarfannuudha. Dhaamsa darbaa jiruufi barreffama dhiyaate tokko kallattii sirii ta'een yoo hindubbisne ergaa dhiyaate hubachuun hindanda'amu. Kanaafuu, barreffama dhiyaate sirriitti ergaa isaa hubachuuf ogummaa dubbisuu qabaachuun murteessaadha. Geetaachoo, (2018) akka jedhutti dubbisuun walquunnamtii barreffamaafi dubbisaa gidduutti taasifamuudha. Kunis karaa barreessaan dubbisaadhaaf ergaa ittiin dabarsu ta'ee, dubbisaan kan ergaa ittiin fudhatu ta'uun tajaajila kenna.

Hubannoon dubbisuu akkuma dandeettiwwan bu'uuraa biroo (dhaggeeffachuu, dubbachuifi barreessuu) kan barumsaan yeroodhaa gara yerootti kan gabbifatamuudha. Namni tokkos dubbisaa gaarii jedhamuuf ga'umsi dubbisarratti qabaachuun murteessadha. Ga'umsi kunis ga'umsa dandeettii dubbisuuti. Ga'umsa kana immoo eenyumtuu taanaan uumamaan ykn dhalootaan kan argatu hinjiru. Erga mana barumsaa galee barumsa idileefi al-idileen gabbifata. Kanaafuu, ogummaa kana argachuufi kan baratamuufis barreffama keessaa waa argachuun hubannoofii gabbifachuuf gargaara (Warquu, 2019, f.9).

Dubbisuun ogummaawan Afaannii isaan bu'uuraa keessaa hubanna (comprehension) kan barbaadudha. Hubannaan dubbisuun amma ammaatti Afaanii ittiin barachuun qabatamaa taasisuufi hawwisiisaa kan ta'eedha. Sababni kana ta'eefis, baay'ee murteessaafi dhiibbaa qaqqabsiisuu kan dandu'uudha. Ogummaan hubannaan dubbisuun barattoota gahumsa isaanii fooyyessuu kan danda'udha. Dubbisni hubannoon akkuma waliigalatti beekamaafi eessumatti illee kan fudhatamu. Ogummaa itti amanamuufi jiruufi jirenya dhala namaa hundaa wajjin walqabatuudha. Habannaan barreffama dubbisuun karaa namoonni oddeeffannoo addunyaa kanaa ittiin argatan.

Hubannoon dubbisuun jirenya dhala namaatiif madda yaada argachuuti. Addunyaa keessa jiraannu kana keessatti beekumsa waliigalaa barattooni ittiin barataniidha. Barattooni

ogummaa dubbisuu gaariifi tarsiimoo ittiin dubbisan gabbiffatanii, haala mijataa argametti gargaaramuun odeeffanno bal'aa ta'e argatu. Odeeffannoo bal'aa bira gahuunis kan danda'amu teknolojiji kan akka komputeeraafi interneetii fayyadamuudhaan. Barattooni teknolojijiif kitaabolee garaagaraatti fayyadamuun ogummaa hubannoон dubbisuu isaanni dagaagsuuf gahee guddaa qaba. Adeemsi dubbisuu akkasi kunis barattoota ogummaa hubannoон dubbisuu isaanii bu'aa qabeeyyi taasisa. Yaada kana Gayo et al, (2014: 1-6) yemmuu ibsan, "Reading skill is not only necessary for comprehension purpose and getting information linguistic competence development. Reading comprehension has across sectional nature as it affects the whole academic learning process" jechuudhaan ibsaniiru.

Yaanni kun kan nu hubachiisu, ogummaan dubbisuu faayidaa inni qabu hubannoо argachuuf qofa miti. Barattooni odeeffannoo akka guurratanniifi ga'umsa xiinqooqaa akka gabbiffatanis nigargaara. Habannoон dubbisuun barattootaa barnoota Afaanii qofa osoо hintaane, barnoota idilee hundaan illee akka cimatan nitaasisa. Barachuu barattootaas bu'a qabeessa nigodha. Fakkeenyaaaf, hubannoон dubbisuun karaa barattooni itti fayyadama gabbifachuu danda'aniifi ogummaa Afaannii kanneen akka: dubbachuu fi barreessuu cimsachuuf nigargaara (Patesan et al. 2014, ff.6-10). Ogummaan hubannoон dubbisuun tajaajila garaagaraatiif waan ooluuf, sadarkaa barnoota garaagaraatti adeemsa baruu-barsiisuu keessatti ni ibsama. Ogummaan hubannoон dubbisuun hojii kalaqa hawaasaas milkeessuuf iddoо guddaa qaba. Sababni isaas ogummaan Afaaniitti gargaaramuuн odeeffannoo dhimmoota: saayinsii, teknolojiji, akkasumas, dawaa hubannoон dubbisanii odeeffannoo funaannatu. Najeeb (2013:125) yaada kana deeggaruun yoo ibsu akkas jedha.

The main language of books, academic conferences, international business, diplomacy and sport reading comprehension of language information. Reading comprehension is core component of being successful individual. Reading effectively is essential for both educational and professional success of people. And also, Skilled reading comprehension is critical for modern life; success in education, productivity in society, and almost all types of employment.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, dhimmoonni ogummaa Afaanii wajjin walqabatan: kitaabolee dubbisuun, konfiraansii barnootaa, waliigalteen daldalli biyyootaa, hariiroo walitti dhufeenyaa biyyootaafi ispoortiin hubannoон dubbisanii odeeffannoo argatu. Habannoон dubbisuun

xiyyeefannoo dhimma milkaa'ina jiruufi jirenya nama dhuunfaa kan ofkeessatti qabatedha. Dubbisa hubannoон dubbisuun dhimma ijoo barnootaafi milkaa'ina ogummaa dhala namaati. Hubannaan dubbisuun jirenya ammayyummaa qabatamaa keessa nama galcha. Milkaa'ina barnootaan gonfachiisa, hawaasa keessatti bu'a qabeessa nama taasisa. Hojiiwwan itti qacaraman haala quubsaa ta'een hojjechuufis nigargaara.

Hubannoон dubbisuu barsiisuuf adeemsi gochaalee irratti xiyyeefatamuу qaban jiru. Adeemsa gochaa dubbisaa duraа, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Duraan dursee barsiisaan tokko hubannaan dubbisuu barsiisuuf, meeshaa (dubbisa) filachuun haala qabiyyee barnootaa wajjin deemuu danda"uun qindeesee wal-duraа duubaan akka hojiirra taasisuu qaba. Yaada kana Tolemariam (2017: 67) irratti yemmuu ibsu, "Malli baruu- barsiisuun duraа, yeroo dubbisaaфи dubbisuun boodaa gaggeeffamuу qaba. Barsiisonni hubannaan dubbisuu barattootaaf fakkeenyaa ta'uу qabu; dubbisicha ilaachisees barattootaaf gaaffii dhiyeessanii deebii fudhachuu qabu" jechuudhaan ibse.

Yaada oliirraa waanti hubatamu, gochaan adeemsa dubbisuu shaakala hubannoон dubbisuu barattootaa gabbisuu danda'udha. Akkasumas, gochaan kun waan barreeffame bu'uura godhachuun kan dalagamu waan ta'eef barruu sirnaan qindeeffame barbaada. Sababni isaa barataan Afaanii gargaarsa duubaa yoo hinqabaanne dalagaa tokkotti seenuun baay'ee isaan rakkisa. Baratoonni osoo dubbisuutti hinseenin dura waa'ee dubbisaa mata-duree dubbisaniи hanga tokko beekuu qabu. Kanaafuu, barruun barataaf dhiyaatu muuxannoo isaaniin kan walqabate ta'uу akka qabu yaada olitti dhiyaaterraа hubachuun nidanda'ama. Adeemsa hubannoон dubbisuu cimsuuf, shaakalii garaagaraa keessa kan darbu ta'a. Kunis hubannoон dubbisuu barsiisuun adeemsi isaa sirna barnoota Afaanii keessatti argamuу qaba. Gilgaalonni sadarkaalee dubbisuu sadaniif ta'uу qopheeffachuudha. Barsiisan wayitii daree keessatti barattoota dubbisuu barsiisuuf gara kutaatti seenu, dubbisaa qophaa'ee barattootaaf dhiyeessu, maal gochuu akka qaban qajeelfama ifaa kennuun jalqabsiisuun barbaachisaadha.

Kanaafuu, qorattuun dhimmoota kana bu'uura godhachuudhaan mataduree hubanna fi raawwii gilgaalota dubbisaa barattoota Afaan Oromoo irratti qorannoo gaggeessitetti. Barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa Manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kan ta'an, ogummaa bu'uuraа Afaanii hubannaan dubbisuu hammam akka danda'aniifi hiika jechoota

haaraa galumsa dubbisa keessaa tilmaamuu, tarsiimoolee itti gargaaramuu hubannaan dubbisuu ittiin gabbifachuun danda'amu kan xiinxaledha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoonaan kun kan gaggeeffame xiinxala hubannaan dubbisa fi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti barnootaa Afaan Oromoo bara 2021/2022 barataa turan irratti kan xiyyeef fatedha. Kitaaba barataa keessatti dubbisa bu'uureeffatee gaaffilee dhiyaatan degarsa barsiisaa isaaniin barattoonni akka shaakalaaniifi hojjetan gochuun barnoota Afaan Oromoo baruufi barsiisuu keessatti dandeettiifi hubannoo isaanii gabbisuuf gahee guddaa qabata. Haata'u malee, hojii baruufi barsiisuu keessatti gaaffilee dubbisa keessa bahan irratti dandeettiin waa hubachuu barattootaa akka cimuuf shaakalii akka taasisan gochuu keessatti hanqinaaleen jiraachuu muuxannoo koo barsiisummaa yeroo dheeraa irraa hubachuu danda'eera. Hanqinaleen kunis kan maddan gaaffilee dubbisa irratti hunda'anii bahaniif xiyyeef fanna kennuun hojirra oolchuu dhabuu ykn garaagarummaa dubbisa hubachuu barattoota gidduu jiru ykn hordoffiifi degarsa gama barsiisaan jiru ta'uu danda'a.

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti garaagarummaa hubannoo dubbisa barattoota Afaan Oromoo gidduutti mul'atu xiinxaluun agarsisuun barbaachisaadha. Hanqinooni barattoota gidduutti mul'atan keessaa muraasni: hubannaan dubbisani ergaa waliigalaa adda baasuu dhabuu, gaaffilee hubannoo dubbisaa kallattiifi al-kallattiin dhiyaatan walqixa hojjechuu dhabuu, hiika jechoonni galumsa dubbisa keessatti qabaniifi dubbisaa alatti qaban walbira qabuun tilmaamuu dhabuunis ni mul'ata. Kana malees, gaaffilee dubbisa duraa, gaaffilee hubannoo yeroo dubbisaaifi dubbisa boodaa barattooniifi barsiisonni adeemsa tarsiimoolee dubbisuu eeganii hojiirra oolchuurraatti xiyyeef fanna kennuun dhabuun yeroo tokko tokko ni mul'ata.

Qorannoonaan dandeettii dubbisa barattoota barnootaa Afaan Oromoo irratti hojjetamani muraasa jiran keessa xiinxala hubannaan fi raawwii gilgaalota dubbisa irratti xiyyeef fatee gaggeeffame hanga yoonnaatti xiqqaadha. Fakkeenyaaaf, Warquu (2019). ‘Xiinxala Hubannaan Dubbisuu Barattoota Kutaa 7ffaa fi 8ffaa: Haala Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sadarkaa 1ffaa’ jedhurratti qorannoo isaa hubannaan dubbisuu barattootaa xiinxaluuf gaaffilee dubbisa irratti hunda'uun bahan irratti xiyyeef fachuun gaggeesseera. Qorannoonaan kana waliin hubannoo

dubbisa barattoota madaaluu irratti kan xiyyeefatu ta'uu isaa yoo ta'u kan adda isa taasisuu ammo raawwii gilgaalota dubbisa irrattis kan xiyyeeffate ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, Geetaachoo (2018) Mataduree ‘Qaaccessa Ogummaa dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Qophaa’ina Komboshaa Kutaa 12ffaa’ jedhurratti yemmuu ta'u xiyyeeffannoон qorannichaas barattooni ogummaawan Afaanii arfan jiran keessa dandeetti ogummaa dubbisuun hubachuu isaanii xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Qorannoон kana waliin waanti walfakkeessu hubannoо dubbisa barattoota irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa yoo ta'u kan adda isa taasisuu ammo raawwii gilgaalota dubbisa irrattis kan xiyyeeffate ta'uu isaati.

Adeemsa barruu-barsiisuu keessatti maddi milkaa’ina barattootaa kan hundaa’u dandeettii isaan dubbisuu irrattii qabaniinidha. Barattootaa kitaaba barnota isanni dubbisanii hubachuu kan danda’an taanaan, barnoota baratanitti milkaa’uu danda’u jechuudha. Waan kana ta’eef, dandeettiin dubbisuu barattoota Manneen Barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessattuu dandeettiin Afaan Oromoo dubbisuu barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti hanga yoonaa qorannoон gaggeeffame hin jiru ykn xiqaadha. Kunis qorattuun yeroo hedduuf kutaa kana barsiisaa waan turteefi madaalliin dandeettii dubbisuu barattootaa sadarkaa barbaadamun gadi ta’ee waan hubateefi. Kanaaf, barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa sadarkaa kanaarratti dandeettii dubbisuu isaanii adda baasanii beekuun furmaata kennuuf qorannoо gaggeessuun barbaachiisaadha. Kanaaf, qorannoон kun dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan kan Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo qaaccessuurratti xiyyeeffata.

Waan kana ta’eef, kaayyoон qorannichaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barataa turan hubannaan dubbisuu isaanii xiinxala gaggeessuun qaawwa gama kanaan jiru guutuufi. Haaluma kanaan, qorannoон kun gaaffiilee bu’uraa armaan gadii deebisuuf gaggeeffama. Gaaffiileen qorannoо kana keessatti adda bahanii qorannoо kanaan deebii argachuu qabanis:

- Barattooni manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barataa jiran hubannaan dubbisuu irratti maal fakkaatu?

- Adeemsa baruufi barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti gilgaalota dubbisa bu'uureeffatanii dhiyaatan raawwiin isaanii maal fakkaata?
- Hojii baruufi barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti hubannaa dubbisa barattoota irratti hanqinaaleen mul'atan maal fa'i?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree armaan gaditti tarreeffaman irratti hunda'uun kan gaggeeffamudha.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qoranno kanaa hubannaa gilgaalota dubbisa barattoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti barataa jiran xiinxaluudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree qoranno kanaa:

- Barattooni manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barataa jiran hubannaa dubbisa isaanii adda baasuu.
- Adeemsa baruufi barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti raawwii gilgaalota dubbisa bu'uureeffatanii dhiyaatan sakatta'uun ibsuu.
- Hojii baruufi barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti hubannaa dubbisa barattoota irratti hanqinaaleen mul'atan adda baasuu.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffame, manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi fi 10ffaa barataa jiran hubannoofi raawwii gilgaalota dubbisa xiinxaluu irratti xiyyeefata. Bu'an qoranno kanaanis, manneen barnoota

sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa barachaa jiran gilgaalota dubbisa isaaniif dhiyaatan hubannaan dubbisanii raawwachuu irrattii hanqinaalee gama barattootaafi barsiisotaatiin mul'atan adda baasuun hojii baruufi barsiisuu keessatti gumaacha taasisuudha. Beektonniifi ogeeyyiin barnootaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran bu'aa qorannoo kanaatti fayyadamuu adeemsa hojii baruufi barsiisuu fooyyessuu nidanda'u. Kallattiin immoo barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hojii baruufi barsiisuu keessatti hanqinaalee hubannaas dubbisu walqabatee qorannoo kanaan adda bahan fooyyeessuu irratti akka hojjetaniif isaan gargaaruu danda'a.

Akkasumas ogeeyyiin barnootaa silabasii Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisotaa, kitaaba barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa qopheessan haala ragaa qabatamaata'uun nigargaara. Kana irraa ka'uunis, hubannoон dubbisuу barattoota Afaanichaa ittiin baratamuufi barsiifamuu danda'amuun sirna barnootaa akka qopheessaniif nigargaara. Namoota gara fuul-duraatti dhimma mata-duree kana wajjin walfakkaatan irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda ragaa ka'umsaatti gargaaruu danda'a.

## **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoон kun kan daanga`e mata duree "xiinxala hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa: Haala manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo Aanaa Maannaa" jedhurratti dha. Qorannoо hubannoofi raaawwii barnoota Afaan Oromoo kutaa hundaa fi dhimma hunda irratti gaggeessuuun ulfataadha. Waan kana ta'eef, kana raawwachuuf yeroofi humna guddaa waan barbaachisuuf qorattuun hubannoofi raaawwii gilgaalota dubbisa barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa barachaa jiran qofarratti daangeesuuf dirqamtee jirti. Kanaafuu, qorannoон kunis manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa, barachaa jiran hubannoofi raaawwii gilgaalota dubbisa xiinxalu irratti kan daanga'eedha.

Haaluma kanaan, Godina Jimmaa, Aanaa Maannaa Manneen barnoota sadarkaa lammaffaa Yabbuufi Haroo barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti kan daanga'eedha. Sababa hojiin idilee qorattuun naannoo kana waan ta'eef, hojii qorannoofi hojii idilee walii adeemsiisuuf haala mijahaa waan isheef uumuuf qorannoон kun manneen barnoota kana irratti gaggeessuuuf filatameera. Dabalatanis, qorattuun hojii baruufi barsiisuu barnoota

Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti muuxannoo yeroo dheeraa qabduun hanqinaalee hubannoo fi raawwii gilgaalota dubbisa irratti jiraachuu waan hubateefidha.

## **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffame, xiinxala hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf fi 10ffaa mana barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barachaa jiran irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo tokko gaggeessuuf, qorattu hanqinaaleen gama yeroo, bajataafi humna isa mudaachuu danda'a. Sababa hanqina yeroo, baasiifi humna irraa kan ka'e manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Aanaa Maanna keessatti argaman kutaa hunda irratti gaggeessuu hin danda'amu. Qorattuun qorannoo kanaa yemmuu qorannoo kana gaggeessitu hanqinaalee ishee mudate keessaa sababa baasii barnootaa digrii lammaffaa fi kan qorannoo of-danda'uun waan gaggeessiteef hanqina baajata ishee mudateera. Gama biraattiin, hojii idileefi hojii qorannoo gaggeessitu waliin mijjeessuun adeemsisuun waan barbaachisuuf hanqini yeroo ishee mudateera. Hanqinaaleen bira hojii qorannoo kana irratti qorattuu mudate wabiileen qorannoo kana waliin deeman Afaan Oromootiin barreeffamanii waan hin argamneef Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti hiikuu barbaada.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

### **2.1. Maalummaa Dubbisuu**

Maalummaa dubbisuu ilaalcissee Kuulanii (2018, f.6) hiika hayyuu Williams (1984:24) kenne wabeefachuun yoo ibsu, ‘Dubbisuun adeemsa ta’ee adeemsa kana keessatti dubbisaan tokko yemmuu barreeffama dubbisu ergaa isaa hubachuudhaan hiika kan itti laatudha’ jedha. Akka yaada kanarrraa hubatamutti, dubbisaan dubbisa tokkoo hiikni dubbisa tokkoo kan itti kennu kan barreeffama sana qofa keessatti osoo hin ta’iin, jechoota, himootaafi qindaa’ina dhimmoota waan dubbifamu sana keessatti argaman irraa deeggaramuuni dha.

Dubbisuun dandeettii Afanii keessaa isa tokko ta’ee, waanta barreeffame tokko irraa odeeaffannoo yookiin hiika argachuu ta’uu isaa ibsa. Dubbisuun, ergaafi yaada barreeffama tokkoo muuxannoo ofiitiin hiikkachuu dha (Kuulanii, 2018). Addunyaa (2012:28) dubbisuu akkas jechuun hiika”Dubbisuun ergaa dhiyaate sana muuxannoo ofiitiin wal qabsiisuun hiikuu gaafata” jedha.

Yaada kanarrraa kan hubatamu ogummaan dubbisuu, dubbisa keessaa hiika argachuuf muuxannoo qabnu dhimma dubbifamu sana waliin wal qabsiifnee akka ta’edha. Dubbisuun ergaa hubachuu faana kan wal qabatu ta’uu isaati Dubbisuun jechoota barreeffaman sirreessanii waamuu qofa osoo hin taane hubannoон hunda caala barbaachisaa ta’uu isaa hubanna. Yaada beektota kanneenii irraa kan hubatamu, dubbisuun gocha hiika yookiin ergaa waan barreeffame yookiin waan maxxanfame irraa argachuuti.

Akka Hudson (2007) hiika dubbisuu ibsettis, hiikni dubbisuu waan sadii waliin walqabata. Dubbisuun hiika kan bu’ureffatu, dubbisa gaariin odeeaffannoowwan barbaachisu kan irraa argatuufi dubbisuun,dubbisuu barachuufi barsiisuu waliin tokko akka hintaanedha.

Barreeffama dhiyaate tokko haala barbaachisaa ta’een dubbisanii ergaa isaa hubachuu dha. Dabalatanis, dubbisuun walqunnamtii barreessaafi dubbisa gidduutti uumamu ta’ee kan hiikni sammuudhaa gara sammuutti ittiin darbu ta’uu hubanna. Dubbisuun jechoota qulqullinaan ilaaluu, sirreessanii waamuu fi jechoota adda ta’an beekuu irra hubannoон hunda caala barbaachisaa akka ta’e hubanna. .

Karaa biraa immoo, karaa itti jechi dubiffame hiikni ergaa qabu kennamufii danda'u, akkaataa galumsa itti fayyadamummaa jechaa irratti hunda'u ta'a. Akka Geetaachoon (2018, f.6) yaada Smith (1978) wabeefachuun ibsetti, dubbissuun hubannoo dubbisaan dubbisuun gonfaatu ykn qalbeeffatuun hiikkama. Kanaafuu barreessaan kun dubbisuu jecha tokkoon ibsuun waan hinsalphanneef maalummaan dubbisuuakkuma jiruutti ta'ee, dubbisuu keessatti wantoota hammataman irratti xiyyeeffannoo haa godhamuu jedha.

Akka Geetaachoon (2018, f.6) hayyuu William (1996: 2) jedhamu wabeefachuun dubbisuu yoo ibsu 'Reading as a process through which one looks at and understands a written text.' jedha. yaada kana irraa waanti hubatamu dubbisuun adeemsa barreeffama ilaalani hubachuudha.

Walumaagalatti, dubbisuun adeemsa wanta barreeffame tokko irraa ergaa fudhannu yookaan hubannudha. Kana malees dandeettiawan jiran keessaa dandeettii bu'uura jirenya guyyuu keessatti faayidaa akka qabuufi odeeffannoo argachuuf kan gargaaru ta'uu hubanna.

Hiikaa dubbisanii hubachuu (Reading comprehension) Galmeen jechoota Afaan Ingiliizii, „Oxford Dictionary of Current English“ jedhamu jecha dubbisuu jedhu akkasitti hiika. "Reading is understanding the meaning of written or printed words or symbols." jechuun Kuulaniin (2018, f.10) ibsitetti. Akka hiika kanaatti dubbisuun waanta maxxanfame ykn barreeffame tokkorraa hiika isaa argachuu jechuu dha. Dubbisuun odeeffannoo qabeeleefi jechoota barreeffama keessatti dandeettii dubbisichaan akkaataa hiika itti laatamu of keessaa qaba. Haaluma wal fakkaatuun, ogummaa dubbisuun Afaan Oromoo keessattis hubannaa qubeedhaa hanga qindaa'ina jechootaarratti qabaachuun dubbisa tokko ergaasaa haala gaarii ta'een hubchuuf gargaara. Dabalataanis, dubbisuun qabeelee gara jechootaatti, jechoonni gara himootaatti, himoota immoo gara hiika qabeessaatti qindeessuu ofkeessatti kan hammate dha (Walker 1988).

Maalummaa dubbisuu yaada hayyuu Ruddell (1999:23) wabeefachuun Kuulaniin (2018, f.10) yoo ibsitu:

Dubbisuu jechuun barreeffama tokkoof hiika kennuu jechuu dha. Dubbisaan barreeffama tokkoof hiika kennuu kan danda'u, muuxannoofi dandeettii isaa, waantota barreeffamicha keessatti ibsaman, beekumsa barreeffamicha ilaachisee qabuufi waantota jirenya hawaasummaafi waliigaltee namootaa keessatti uumamuu danda'an hunda walitti fiduudhaan ta'a.

Akkuma barreessitoota adda addaatiin ibsame, dubbisuu jechuun waantota barreffamanii yookiin maxxanffamanii jiran tokkoof hiika kennuu jechuu dha. Dubbisuun barachuuf bu'uura kan ta'eefi adeemsa jiruufi jirenya namaa keessti baay'ee barbaachisaa ta'uun isaa ni hubatama. Dubbisuun kallattiifi karaa maddi odeeffannoona adda addaa argmu ta'ee, garuu hiikni waliigalaa tokko hin jiru.

Walumaagalatti dubbisuun gosoota dandeettii Afanii keessaa tokko ta'ee, karaa namoonni wanta maxxanfame ykn barraa'e tokkorraa muuxannoo, odeeffannoofi hiika isaa argachuu danda'an jechuudha. Dbbisuun barachuuf bu'uura kan ta'eefi adeemsa jiruu fi jirenya namootaa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uun isaa ni hubatama. Dubbisuun kallattiifi karaa maddi odeeffannoona adda addaa argamu ta'ee, hanga ammaatti hiikaan (definition) waliigalaa ta'e tokko kennameefii hinjiru.

Qorattuun qorannoo kanaas yaada hayyoonni maalummaa dubbisuuf kaa'an kanarraa ka'uun dubbisuun adeemsa waan barreffame tarsiimoolee garaagaraatti fayyadamuun ergaa isaa hubachuu akka ta'e hubati. Kanaaf, qorannoo kana keessatti barattootni barreffama dubbisa hojji baruufi barsiisuu keessatti isaaniif dhiyaate dubbisanii hubachuu danda'an xiinxaluudha.

## 2.2. Faayidaa Dubbisuu

Barbaachisummaan dubbisuun dhala namaatiif qabu yaada tokkoon ka'uun waan salphaa hinta'u. Barreessitooni garaagaraa kallattii garaagaraan barbaachisummaa dubbisuu ibsuu yaalaniiru. Oddeffanno ammaayyaa dagaagfachuuf, beekumsa qabanitti beekumsa dabalachuu, akkasumas meeshaalee teeknolojii ammayyaatti faayyadamuuf dubbissuun faayidaa ol'aanaa qaba (Geetaachoo, 2018}.

Beekumsi dandeettiawan Afanii baay'ee barbaachisaa ta'uu beektonni karaa garaagaraa ibsu. Haaluma kanaan, Atchison (1999) ilmi namaa yeroo isaa baay'ee dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudhaan akka dabarsu ibsa. Akkasumas, namoonni waliin dubbatan giddugaleessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota kuma afurii hanga kuma shanii dubbii isaanii keessatti akka fayyadamuu danda'an hubachiisa. Dubbisuun keessatti immoo namni tokko giddugaleessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota kuma kudha afurii hanga kuma kudha shanii dubbisuun akka danda'u ibsa (Kuulanii, 2018, f.11). Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu ogummaan dubbisuun hagam faayidaa qabeessa ta'uu issati.

Gochaan dubbisuu dandeettii dubbisuu cimsuuf shaakaloota garaagaraa keessa kan darbu yoo ta'u, yaad-rimee dubbisuu hanga tokko hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu dandeettii dubbisuu barsiisuun sirna barnoota Afaanii keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu hubanna. Akka qaama dandeettii Afaanii tokkootti dandeettiin dubbisuu barnoota Afaanii keessatti xiyyeffannaa guddaa qaba (Burns *et al.*, 1999).

Afaan barachuu keessatti dandeettiin dubbisuu isa tokko waan ta'eef akkuma kanneen biroo dandeettiin kunis daree keessatti seeraan baratamuun barbaachisaa dha. Kuulaniin (2018, f.12) hayyuu Nuttal (1984:14) jedhamu wabeefachuun dubbisuu yoo ibsitu, 'Dubbisun karaa barattoonni muuxannoo garaa garaa adeemsa jirenya isaaniitiif ta'u ittiin argatan ta'ee, adeemsi dubbisuu sagalee osoo hin dhageessisiin barreffama tokko dubbisanii ergaaisaa hubachuu danda'uudha' jetti.

Akkasumas, waantota hedduu adeemsa jirenya isaaniitiif ta'u danda'u kan argatan karaa dubbisuutiin akka ta'e beektonni kunneen ni ibsu. Akka beektonni hedduun ibsanitti dubbisuun dandeettii baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonni daree keessatti ogummaa barumsa isaanii gabbifachuufis ta'ee cimsachuuf kan isaan gargaaru waan ta'eef ogummaa kanaan cimuun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Akkasumas wantoota hedduu adeemsa jirenya isaaniitiif ta'u kan argatan karaa dubbisuutiin akka ta'e beektonni kunneen ni ibsu. Afaan barachuu keessatti dandeettiin dubbisuu isa tokko waan ta'eef akkuma kanneen biroo dandeettiin kunis daree keessatti seeraan baratamuun barbaachisaa ta'u beektonni niibsu.

### **2.3. Dubbisa Hubachuu (Reading Comprehension)**

Dubbisa hubachuun hiikoo, karaa baay'ee qaba. Akka hayyuu Nuttal (1996) jettutti, Kaayyoon dubbisuu ergaa barrssaan dabarsuu barbaade dubbisa irraa argachuudha. Akka yaada hayyuu kanaatti, dubbisa tokko dubbisuun kaayyoon isaa inni guddaan ergaa dubbisni tokko dabarsu hubachuu danda'uudha. Dubisanii hubachuu danda'uun gaheen inni qabu dubbisa (passage) dubbisaa (the reader) fi hiikoo dubbisichaa kan walitti fidu ta'a. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu dubbisni dubbisame kan jedhamu yoo ergaan dubbisichaa hubatamedha. Qorannoo kana keessattis, barattoonni barreffama dubbisa isaaniif dhiyaatu hangam dubbisanii hubachuu akka danda'an xiinxaluudha.

## **2.4. Wantoota Dubbisani Hubachuurratti Gufuu ta'an**

Adeemsa baruufi barsiisuu Afanii keessatti barreeffama dubbisani hubachuu danda'uun murteessaa akka ta'e amma tokko hubanneera. Kunis barattooni beekumsaafi dandeettii ogummaa Afanii garagaraa akka gonfataniif gahee guddaa taphata. Barreeffama Afan Oromoo barattooni dubbisani hubachuu akka hin dandeenyeef wantoonni gufuu ta'an jiraachuu ni malu. Kanneen keessaa: barattooni rakkoo muuxannoo barreeffama dubbisani hubachuurrati qaban kaasuun ni danda'ama. Kunimmoo barattooni barreeffama dubbisani dandeettiifi ogummaawan Afanii gabbifataa akka hin deemne isaanitti gufuu ta'a. Hayyuun Yazar (2013:36) wabeefachuun Warquun (2019, f.13) waa'ee dubbisuu yoo ibsa kennu, "Reading is individual activity, it requires guidance to develops basic reading skills." jedha. Yaadni kunis barreeffama dubbisani hubachuu gochoota dhuunfaa akka ta'aniifi dubbisani hubachuu bu'uura akka ta'e nutti agarsiisa. Dubbisani hubachuurratti kan gufuu ta'an keessaa kan biraa immoo gama hanqina ogeeyyii barnootaa irraa kan madde ta'uu danda'a. "One of the obstacles that negatively affect teaching reading is the lack of expertise among educators, who can effectively teaching reading skills (Duke and Block, 2012:206) jechuudhaan ibsu. Wantoota barreeffama dubbisani hubachuurratti gufuu ta'an qabxiilee kanneen heeruun nidanda'ama.

### **2.4.1. Ilaalchafi Gocha Barsiisaarrraa Mul'atan**

Barreeffama dubbisani hubachuurratti barsiisaan, malleen boodatti hafoo ta'aniifi barsiisaa giddu-galeessa godhateen barsiisuun dubbisani hubachuu barattootaaf gufuu ta'a. Barattoonis kaka'umsa dhabuun sirnaan barreeffama qunnamtii taasisuun dhabuurraa kan ka'e: adeemsa odeeffannoo dubbisa keessaa baasuu, yaada barreeffamichaa xiinxaluufi hiika itti kennuurratti gufuu itti ta'a. Bifuma walfakkaatuun Yazar (2013:35) wabeefachuun Warquun (2019, f.14) ilaalchiifi amantaan barsiisaa yoo ibsu, "Teachers" perceptions and attitudes impact on determine strategies in teaching reading comprehension". Teachers" beliefs about teaching have a strong influence on their instructional practices in reading comprehension" jechuudhaan ibsa. Yaada hayyuu kanarraa kan hubachuu, ilaalchiifi amantaan barsiisaa barreeffama hubannoон dubbisuurratti qabu dhiibbaa guddaa qaba.

### **2.4.2. Dubbisuuf Onnachiisuu Dhabuu Barattoota**

Hayyooni barnoota Afanii keessatti barattoota onnachiistuun furtuu akka ta'e ibsu. Onnachiistuun barreeffama dubbisani hubachuurratti dhiibbaa qaqqabsiisuu danda'a.

Onnachiistuuun barreeffama dubbisanii hubachuu barattootaa yaad-qalbii isaanii jijiiruu keessatti qooda guddaa qaba. Dornyei (2001:28) yaada kana ilaachisee yoo ibsu, “Motivational strategies are techniques that promote the individual’s goal related behavior. There are two main types of motivation: Intrinsic and extrinsic motivation.”

Akkuma yaadota kanneen irraa hubannuutti, onnachiistuuun tarsiimoofi tooftaan dubbisuu wajjiin walqabatu galma gahiinsa dubbisuu tokko tokkoon barattootaa jajjabeessa. Akaakuwwan onnachiistuu kunis bakka lamatti qoodamu. Onnachiistuu keessaafi alaa jechuun goodnee ilaalla. Onnachiistuuun keessaa uumamaan keessa barattootaa jiraachuu keessaa madduudha. Onnachiistuuun alaa immoo keessa barattootaa wantoota jiran kakaasuun fedhii barreeffama hubannoos dubbisuu keessatti hora. Barsiisonnis barattoota kakaasuudhaan fedhii itti horuudhaan; barreeffama isaan hawachuun danda’u dhiyeessuun hubannoos dubbisuu akka cimsatan taasiisuudha. Kana keessatti, barsiisonni qophiifi filannoo barreeffama hubannoos dubbifamuuf deemamuurratti dursanii gaaffilee adda addaatiif deebii kennuu danda’uu qabu.

Hayyuu Grellet (2010) jedhamu wabeefachuun Warquun (2019, f.14) Onnachiistuuun yemmuu ibsu, “motivated means starting reading the text prepared to find answers to a number of questions and specific interesting information or ideas” jechuudhaan jedha. Onnachiistuuun dhibamuun barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuu barattootaatti gufuu (danqaa) ta’uu nidanda’a.

#### **2.4.3. Malleen Hubannoos Dubbisuu Ittiin Barsiisan**

Barreeffama dubbisuu barsiisuun, barattooni karaa gahumsaa, sirrummaafi hubannoos qabuun dubbisanii akka hubatan gochuun galma gahiinsa hubannooti. Barsiisaan malleen garaagaratti fayyaadamuuun barreeffama hubannoos dubbisiisuu akka qabu lafa kaa’u. Kana keessatti malleen arfan tokko heeru. Akkaataa Hulme fi Snowi tti dubbisuun dhamsaga sirnaan sagaleessanii dubbisuu danda’urraa eegala jechuun:

Four main methods that can be used to teach learners how to read: the phonics methods look and say methods, the language experience approach, and the context support methods. In the phonics methods learners are taught the names of the letters and sounds they make and then they learn how to blend letters together to make words in the Look and say methods, they learn how to read words as whole units, sometimes are

accompanied by pictures or put in a meaningful context. The language experience approach uses learners own words to make it easier for them to read. The context support methods focuses on using reading materials that is of interests learning context, ibsu (Hulme fi Snowi, 2011, f.207).

Akka yaada kanatti, barattooni barreffama hubannoona akka dubbisan gochuuf malleen adda addaatti gargaaramuuun murteessaadha. Malleen kunis dhamsaga sagaleessuufi sagaleewwan (qubeewwan) walitti fiduun jecha ijaaranii dubbisu, Itti agarsiisa jechoota waliin sagaleessuun, kanas fakkiin ykn galumsa dubbisa keessatti xiyyeffachuu barsiisuu, karaa biraa immoo muuxannoo barreffama dubbisu barattooni qaban irraa kaanee akka dubbisan gochuu dandeenya. Kana malees, barreffama meeshaaleen deeggaruun fedhii keessatti uumuun akka isaan hubannoona dubbisan gochuun nidanda'a. Malleen garaagaraa kanneen itti fayyadamuu dadhabuun immoo hubannoona dubbisu barattootatti gufuu ta'uu danda'a.

#### **2.4.4. Karoorsuu Dhabuu**

Barsiisaan daree barnootaa seenuun dura karoora safaramaafi qindaa'aa ta'e, barachuu barattootaa gargaruufi qabatamaa taasisuu dursee qopheeffachuu qaba. Ceranic (2009:336) dhimma kana yemmuu ibsitu, "Good planning and creating supportive classroom environment are crucial for progression. To develop sound practice teachers need time to plan and design their class work." jettiin. Yaanni kun kan ibsu karoori gaariifi qindaa'aa ta'e tokko daree barnootaafi barattootaa kan gargaaru ta'uu qaba. Yeroon qoqqooduun dhiyaatee gochaalee barattooni shaakalan qindeessee tartiiban kan dhiyeessu ta'uu qaba. Daree qindeessuufi tooftaalee barsiisuu illee kan filatamu ogummaa hubannoona dubbisu barattootaa kan fooyessuu ta'uu qaba. Barreffama keessatti galumsa jechootaa kallattii itti agarsiisuun, Caasaa barreffama Afaan Oromoo hubataa, barreffamicha akka dubbisaniifi haala barattooni barreffama dubbisan deebi'anii itti cuunfuu danda'an itti gargaaramuuifi karoorsuun gaariidha. Karoora safaramaafi gochaalee qindaa'aa ta'e dhabuun hubannoona dubbisu barattootaatti gufuu ta'uu danda'a.

#### **2.4.5. Adeemsa Dubbisuu Itti Fayyadamuu Dhabuu**

Barreffama tokko barattooni dubbisanii akka hubatan gochuuf gulantaafi tartiiba gochaalee dubbisu dursanii karoorsuufi xiyyeffannoo keessa galchuun murteessaadha. Gulantaalee kunis, hubannoo dubbisa duraa, hubannoo yeroo dubbisaafi hubannoo dubbisaa boodaa jedhamuun

beekamu. Adeemsa dubbisuu kunniin kaayyoowwan of danda'aan qabu. Yaada Kanas Atkins fi kanneen biroo haala kana yoo ibsan:

The aim of pre-reading phase is to introduce the topic giving a reason for reading and to provide some language preparation for the text. While reading stages is to help students understand the writer's purpose and clarify the content and structure of the text being read; The aim of the post-reading phase to reflect up on what has been read and relate it to the student's activities. Reading Comprehension in a significant way pre-reading of vocabulary definitions is the traditional pre-reading activity (Atkins fi kanneen biroo, 1996, ff.80-81).

Adeemsa dubbisuun kanneen duraa-duuba isaanii eeguudhaan dalaga barattootaa wajjiin walqabsiisuun hubannoo barattootaa cimsuudha. Odeeoffannoofi hubannoo muuxannoo duraan qaban, addaan baafachuu dhaan yeroo barreffama dubbisan keessatti, waan barreessaan barbaade addaan baafachuu, qabiyyeewan adda baafachuufi caasaa barreffama Afaanichaa hubataa dubbisaaniif gargaara. Barreffama dubbisuun booda immoo gaaffilee hubannoorratti hundaa'uun gochaalee adda addaa hojjechuun kan agarsiisaniidha. Adeemsa gulantaalee dubbisuu kanneen hojiirra oolchuu dhabuu barsiisotaa hubannoo barattootaatti gufuu ta'a.

Akkuma walii galaatti adeemsota dubbisuu haalaan hojiirra oolchuuf, dandeettiin Afaanichaa murteessaadha. Kana jechuun namni dandeettiiwwan waliigala Afaan Oromoo qabu tokko dubbisa Afaan Oromoone dhiyaateef dubbisee yaada dubbisicha hubachuu nidanda'a. Maaliif yoo jedhame? Dandeettiiwwan Afaanii hunduu wal-utubu waan ta'eef. Barataan tarsiimoolee dubbisuu sadan waliin qindeessee dubbisa keessaa waa hubachuufi waan dubbisa keessaa hubate immoo, deebisee ibsuu danda'uu qaba. Dandeettii hubannaan dubbisuufi dhaggeeffachuun ergaa ykn yaada namoota biro fudhachuuf kan itti gargaaramnu yoo ta'u; dandeettii barreessuufi dubbachuun hubannoo, beekumsaafi yaada qaban karaa ittiin namootaaf qoodaniidha. Yaada kana Vorstius et al. (2013:212) yemmuu ibsu, "Reading comprehension is a core component of being successful individual. Reading effectively is essential for both educational and professional" jechuudhaan ibsa. Kanaafuu, dandeettiiwwan Afaanii bifa qindoomina qabuun hojiirra oolchuu hubannaan sirriitti dubbisuun gama barnootaafi hojii idileetiin milkaa'ina barattootaaf kennuu danda'a.

Haalli dhiyaannaan dubbisni Afaan Oromoo hubannoo dubbisaa barattootatti gufuu ta'uu nidanda'a. Dubbisichi tarsiimoolee hubannaan dubbisuuf barattoota gargaaraniin wal-duraa duubaan kan hinqophoofne ta'uu danda'a. Gaaffileen dubbisa duraa muuxannoo duraan qaban yaadachiisuun, qalpii isaanii gara dubbisaa kan geessu ta'uu qaba. Amma danda'ametti dubbisichi fakkiin deeggaramee dhiyaachuun gaariidha. Barreeffamni hubannoo dubbisaa barattootaaf dhiyaatu, qabiyyeefi bal'inni isaa sadarkaa barattootaa ol ta'e fedhii dubbisuu keessatti dhaamsa. Baay'inni keeyyattootaafi dheerinni himootaa sadarkaa barattootaa kan madaalan ta'ee, jechoota salphaafi miira dubbistootaa hawatan ta'uu gaariidha. Dabalataanis, akkaataan itti fayyadamni Afaanii barreeffamicha keessatti dhiyaate illee adeemsa hubannoон dubbisuu barattootaa daangessuu danda'a. Barreeffamicha keessatti safuu, aadaa, amantii, duudhaan hawaasaafi koorniyaan kan hinkabajamne yoo ta'e, barattooni hubannoон dubbisuuf fedhii dhabu. Dabalataanis, barreeffamichi jechoota salphaafi jechoota namoonni Afaan dhalootaa itti dhimma bahanin kan ijaarame ta'uu qaba. Meeshaaleefi malli galumsa dubbisa keessatti hubannoон dubbisuu shaakalsiisuun barattoota keessatti fedhii itti uuma. Hayyuu Singh (2011:117) jedhamu wabefachuuun Warquun (2019, f.14) yemmuu ibsa, "The context support methods focuses on using reading materials that is interests learning context" jechuun ibsa. Yaada kana irraas wanti hubatamu haalli dhiyaanna meeshaalee hubannoон dubbisuu barnootaa murteessaa ta'uu isaa nama hubachiisa.

## 2.5. Tarsiimoolee Yeroo Dubbisuu

Tarsiimoon dubbisuu akkaataa sakatta'an dubbisuu, ariitiin dubbisuu, bal' inaan dubbisuu fi gadifageenyaan dubbisuu of keessatti yoo qabatu akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsamuuuf yaalameera.

### 2.5.1. Sakatta'aan Dubbisuu

Sakatta'aan dubbisuuun barreeffama kenname (dubbifamu) keessatti ragaa murtaa'aa argachuuf toftaa irra fiigichaan ittiin dubbifamu. Yaada hayyuu Atkins et.al (1996) jedhamu wabefachuuun Geetaachoo (2018, f.10) sakatta'aan dubbisuu yoo ibsu "Scanning can also be used when we want to find out specific information related to what we are reading. In this case we simply move our eyes very fast until we get the information we are looking for." Jedha. Kaayyoon dubbisuu kanaa dubbisaan barreeffamicha keessaa ragaa muraasa (murtaa'aa) tokko argachuuf saffisaan toftaa ittiin dubbisudha. Miller (1977: 15) yoo ibsu, "Scanning is highly directed way of

searching print for answers to specific questions the reader has formulated. But, most of these words will not be read. Only discarded the scanner reads the material that contain the answer' jedha. Akka yaada kanatti sakatta'an dubbisuun gocha hubannoo murtaa'aa yookaan irra keessa barreeffamichaa hubachuuf kan taasifamu ta'uus isaa nuhubachiisa. Hayyuu Nuttall (1989:34) wabeeachuuun Kuulaniin (2018, f.13) sakattaan dubbisuun yoo ibsitu" Sakattaan dubbisuun, mala dubbisuu keessaa isa tokko ta'ee daddaffiin ija keenya waanta barreeffamerra oofuun kan dubbifamudha" jetti. Odeeffanno nuti argachuuf dubbisnus wantoota garaa garaa ta'uus danda'u. Kanaan walqabatee, Miller (1977: 15) akka armaan gadiin barrreessee jira. "Scanning is an essential aspect of any search for specific information. Use it in sources such as telephone, books, dictionaries or general reference sources. It also an essential aspect of the self recreation study technique, which emphasis reading to seek answer to predicted questions." jedha.

Akka yaada barreessaa kanatti sakatta'an dubbisuun odeeffanno muraasa argachuuf wantoota garaagaraa dubbisuu akka dandenyu nuhubachiisa. Sakatta'an dubbisuun barreeffama hunda dubbisuuf osuu hin dhama'in bakka yaadni barbaadamuu jiru dhaqanii keeyyata yookiin hima yaadicha baatu dubbisanii yaada barbaadame qayyabachuudha

### **2.5.2. Ariitiin Dubbisuu**

Tooftaan dubbisuun kun immoo odeeffanno waliigalaa argachuuf kan dubbifamuudha. Ariitiin dubbisuun ergaa barreeffamaa isa dimshaasha ta'e argachuuf tooftaa ittiin dubbifnudha. hayyuu Biedenharn (1975: 92) jedhamu wabeeachuuun Geetaachoo (2018, f.11) artiitiin dubbisuun yoo ibsu."Skimming is moving the eyes very rapidly over a page to find some specific bit of information or to get a general impression." jedha. Yaadoleen kunis ariitiin dubbisuun, fuula barreeffamichaa irra ija oofuun (ari'uun) odeeffanno xiqqoo yookaan ergaa bal'aa kan irraa argannu ta'uus hubanna. Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti ariitiin dubbisuun odeeffano murtaa'aa kan akka maqaa, guyyaa, baraafi kkf argachuuf kan dubbisan ta'uudha. William (1996: 96-97) kaayyoo ariitiin dubbisuun yoo ibsu "The purpose of skimming is simply to see what a text is about. The reader skims in order to satisfy a very general curiosity about the text and not to find the answer to particular questions"jedha. Akkaataa yaada kanatti ariitiin dubbisuun kaayyoo, waliigalaa barreeffamichaa argachuuf qofa tooftaa ittiin dubbisnuudha. Kanaafuu dubbisuun ija keenya barreefamicharra ariitiin sochoosuun tooftaalee ittiin dubbisnu ta'uusaati.

### **2.5.3. Bal'inaan Dubbisuu**

Bal'inaan dubbisuu kana jalatti fedhii irratti hundaa'uun wanta dubbifamu tokko jalqabaa hamma dhumaatti dubbisuu kan gaafatudha. Hayyuu Nuttall (1982, f. 27) jedhamu wabeefachuun Geetaachoo (2018, f.11).bal'inaan dubbisuu yoo ibsu, "The general aim of extensive reading is to enable students to read without help unfamiliar authentic texts at appropriate speed silently and with adequate understanding"jedha. Akka yaada kanatti hubannuti bal'inaan dubbisuu kan barattoonni gargaarsa malee ofii isaaniitiin barreffama kennname tokko dubbisuu akka danda'aniif kan raawwatamudha. Bal'inaan dubbisuun irra caalaan isaa kutaa alatti kan raawwatu ta'ee, kan dubbiffamuus, hubannoo gadifageenyaaf akka ta'e nu hubachiisudha. . Grellet (1981) "extensive reading is reading longer texts usually for one's own pleasure. This fluency activity involves global understanding"Jedha. Yaadni kunis, barattoonni kaka'umsa mataa isaaniirraa ka'anii fi hubannoo waligalaaf kan dubbisanii dha.

### **2.5.4. Gadi Fageenyaan Dubbisuu**

Tooftaan dubbisuu kun odeeaffannoo gadifageenyaan argachuuf hubannoo gahaafi saffisa murtaa'aa kan gaafatu yoo ta'u gaaffilee garaagaraa hojjechuuf kan raawwatamuudha. Hayyuu Grellet (1981: 4) jedhamu wabeefachuun Geetaachoo (2018, f.11) gadifageenyaan dubbisuu yoo adeessu, "Intensive reading is reading a shorter text to extract detail information"jedha. Akka yaada kanaatti, tooftaan kun barreffama murtaa'e odeeaffannoo barbaachisaa/cimaa ta'e irraa argachuuf kan dubbifamudha. Gama biraatiin immoo, Nuttall (1982: 23) yemmuu ibsitu, "The aim of intensive reading is to arrive at a profound and detailed understanding of a text: not only what it means, but also of how the meaning is produced." jetti. Yaada kana irraa wanti hubannu kaayyoon gadifageenyaan dubbisuu ergaa barreffamicha hubachuu qofa osoo hin taane akkasumas ergaan barreffamichaas akkamitti akka qindaa'es kan nuhubachiisudha. Gadifageenyaan dubbisuun hubachuudhaaf tooftaa dubbisuu kessatti nama fayyadudha. Gadifageenyaan dubbisuun yeroo baay'ee barreffama keessaa yaada muraasa tokko gadifageenyaan qaccessinee baasuuf yommuu dubbisnu kan nufayyadudha. Wanti nuti as irraa hubannu gadifageenyaan dubbisuun yaada murtaa'aa tokko gadifageenyaan dubbisuun ergaa isaa siritti hubachuu akka ta'e namatti mul'isa.

## **2.6. Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Itti Barsiifamu**

Dandeettii dubbisuu barsiisuuuf gochaaleen irratti xiyyeffatamuu qaban jiru. Gochaaleen kunis dubisa dura, yeroo dubbisuu fi dubbisuun booda jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Duraan

dursee barsiisaan tokko barattoota dandeettii dubbisuu barsiisuuf meeshaa /dubbisa/ barattootni dubbisa filachuun haala qabiyee isaa wajjiin deemuu danda'uun madaqsuudha (Atkins, 1996).

Gochaan dubbisuu shaakala dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisuu dha. Akkasumas, gochaan kun waan barrefffame bu'uura godhachuun kan dalagamu waan ta'eef barruu sirnaan qindeeffamuu barbaada. Kunis sababni isaa barataan Afaanii gargaarsa duubaa yoo hin qabaanne dalagaa tokkotti seenuun baay'ee isa rakkisa. Barattooni osoo dubbisuu hin dhaqiin dura waa'ee barruu mataduree dubbisanii hanga tokko beekuu qabu. Kanaafuu barruun barataaf dhiyaatu muuxannoo isaaniin kan wal qabate ta'uu akka qabu yaada beektotaa irraa hubachuun nidanda'ama.

Gochaan dubbisuu dandeettii dubbisuu cimsuuf shaakaloota garaa garaa keessa kan darbu yoota'u, yaadrimee dubbisuu hanga tokko hubachuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, dandeettii dubbisuu barsiisuun sirna barnoota Afaanii keessatti barbaachisaa dha.

Itti aansuudhaanis gaaffilee gilgaala sadarkaalee dubbisuu sadeeniif ta'u qopheeffachuu dha. Barsiisaan wayitii daree keessatti barattoota dubbisuu barsiisuuf gara kutaatti seenu dubbisa qopheesse barattootaaf yeroo raabsu maal gochuu akka qaban qajeelfama ifaa kennuun jalqabsiisuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Kaayyoo dubbisuu galmaan ga'uuf barattooni ergaa barrefffama tokkoo akka hubatan taasisuuf maloota garaa garaa fayyadamuun bu'aa qabeessa ta'a. Tooftaalee (maloota) jiran hojiirraa oolchuuf immoo karaa salphaa filachuun gaariidha. Haaluma kanan barreessitoonnni saddarkaalee dubbisuu bakka garaa garaatti qoodaniiru. Hayyuu Williams (1996:38) jedhamu wabeefachuun Geetaachoo (2018, f.9) sadarkaalee dubbisuu yoo ibsu,"For effective reading in the classroom, the lesson should be divided into three consecutive phases. They are pre reading, while-reading and post-reading phases." jedha Yaadni kunis, daree keessatti barnoota dubbisu bu'a-qabeessa ta'e barsiisuuf sadarkaalee walitti aanaan sadiitti dubbisa duraa, yeroo dubbisaa fi dubbisa boodaatti qoodamu. Karaa biraatiinis hayyuu Nuttal (1989:159) wabeefachuun Kuulaniin (2018, ff.15-16) waa'ee tarsiimoo dubbisaa yoo ibsitu."tarsiimoon yeroo dubbisaa kan eegalu yaada waliigalaa dubbischaa hubachuu irraa ka'ee suuta suutaan qabiyee keeyyataa, himaafi hiika jechootaa hubachuu ta'a" jetti.

Akkaataa Worquu (2019, f.26) Atkins fi kanneen biroo (1996:80-81) wabeefachuun sadarkaalee dubbisaa ibsutti, sadarkaa dubbisuu bakka sadiitti qodee kaa'a

### **2.6.1. Dubbisa duraa (Pre-reading phase)**

Yeroo kana barsiisaan barattooni isaa dubbisuuf fedhii akka qabaataniif kaka'umsa keessa isaanitti uumee yaada isaanii gara waan dubbiffamuutti harkisudha. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo duraan qaban gara dubbisichaatti akka fidaniif kan haala mijeeessudha. Geetaachoo (2018, f.8) hayyuu Williams (1996) wabeefachuun, akka ibsetti, gulantaan dubbisuun duraa, daree keessatti dubbisuuf bu'a qabeessadha. Sababni isaas dubbisaan xiyyeffannoon akka dubbisuufi akka irratti mari'atu taasisa. Kana malees barsiisaan muuxannoo yookaan odeeffanno duraan qabutti akka fayyadamu taasisuun, yookaan barattooni ofii mari'achuun dubbisichaaf kaka'umsa kan keessatti argatani

Sadarkaa kana keessatti mataduree dubbifamu barattootaan walbarsiisuuf qabxiilee armaan gadii kanneen barattoota hubachiisuun yerootti fedhii ofii ibsataniifi kaka'umsa itti argatanidha. waan kana ta'eef, barsiisaa irraa kan eegamu, sababa dubbisaniif itti himuu (Kaayyoo), beekumsa kanaan dura waa'ee mata duree kanaa irratti qaban akka fayyadaman gochuu, waa'ee mataduree dubbisanii maal akka ta'uu danda'u tilmaamsisuu, fi jechoota haaraa kan hubanna barattootaa irratti gufuu ta'an muraasa lama yookiin sadii barsiisuu dha.

### **2.6.2 Yeroo Dubbisuu (while reading phase)**

Hojii baruufi barsiisuu dubbisa keessatti dhimmoonni yeroo dubbisaa xiyyeffannaa itti kennamu ilaachisee hayyuu William (1991:5) jedhamu wabeefachuun Geetaachoo (2018, f.9) yoo ibsu, 'Help the students understand the structure and context of the text and writer's purpose. It may involve language work and it should try to give the learners relevant reasons for reading.' kana jechuun, barattooni sadarkaa dubbisuu kana keessatti caasaa, galumsa dubbisichaafi kaayyoo barreessaa nihubatu.

Sadarkaa kanatti gaheen barsiisaa hoogganuufi haala mijeeessuu dha. Yeroon kun yeroo barattooni kallattiidhaan dubbisa dubbisuun odeeffanno dubbisaafi ergaa barreeffamaa itti qayyabatani dha. Yeroo itti hiiikni jechoota ciccimoo galumsa irraa tilmaamamu fa'i.

### **2.6.3. Dubbisa Booda (post reading)**

Sadarkaa kanatti barattootni qabiyyee wanta dubbifame sanaa irra deebiin yeroo itti ilaalanidha. Geetaachoo (2018, f.10) gulanta dubbisa boodaa keessatti dhimmoonni xiyyeffannaa itti

kennamu ilaachisee hayyuu Williams (1996: 39) jedhamu wabeefachuun yoo ibsu,”to consolidate or reflect what has been read to relate the text to the learners own knowledge, interest, experience or views.”Jedha. Dabalataanis, sadarkaa itti barattoonni waan dubbisan beekumsa isaa cimisatanii gara muuxannoo ofii isaaniitti fidanidha. Kana malees, sadarkaa itti waan dubbisan deebi'anii jechoota, caaslugafi itti fayyadama Afaanii qindaa'aa ta'e fayyadamuun deebisanii calaqisiisanidha

Tarsiimoo dubbisa boodaa ilaachisee Kuulaniin (2018, f.20) Nuttal (1986:166) wabeefachuun yoo ibsitu ‘Kaayyoon tarsiimoo dubbisa boodaa barattoonni akka hubannoo waliigalaa addunyaa horatanii dubbisicha irrattis hubannoo waliigalaa argachuun isaaniis dubbisa biroo, madda beekumsa biroofi muuxannoo namoota biroos ta'ee muuxannoo isaanii wajjin akka wal-qabsiisan isaan gargaara” jetti.

Walumaagalatti barattootni waanta dubbisan sana haala keessa jiraniin walqabsiisuun hubannoo argatu, erga dubbisuun raawwatee booda hubannoo walii gala waa'ee wanta dubbisan yerootti madaalaniifi gaaffilee tokko tokkoof yeroo deebii itti laatan ta'uun isaafi sadarkaa baay'ee barbaachisaadha.

Gulantaa kana jalatti barsiisaan kana rawwachuu qabu, hubannoo barattootaa madaaluu, dubbisicha dubbisan muuxannoo isaanii waliin akka walqabsiisan gochuu, deebii gaaffileef kennan irratti barattootni akka waliin mari'atan gochuu, barattootni deebii isaanii akka kutaaif ibsan gochuu, barsiisaan deebii qindaa'eefi ifa ta'e gabateerratti barreessuufi.gilgaala gulantaa kanaaf qophaa'e kennun dalagsiisuudha.

## **2.7. Gilgaalota Dubbisa**

Hayyooni John Atkins *et al.* (1996) jedhaman wabeefachuun Geetaachoo (2018, f.22) yoo ibsu, “gaaffileen dubbisa waliin walqabatanii dhiyaachuun dubbistoonni dubbisicha akka hubatan taasisan bakka saditti qoodamu”jedha. .

### **2.7.1. Gilgaalota Dubbisa Duraa**

Gaaffileen kunneen sadarkaa dubbisa duraa keessatti kanneen hojjetaman keessaa isa tokkodha. Kutaa kana keessatti gaaffileen gaafatamanis, waa'ee matadurichaa ilaachisee maal akka beekan kan gaafatudha. Kunis, beekumsa duraan mataduricharratti qaban gara dubbisichaatti akka fidan taasisa. Dabalataanis, dubbisichi waa'ee maalii akka ibsu yookaan haqa dubbisicharraa eegan akka tilmaaman kan gaafatudha. Gaaffileef deebiin kennan keessatti hammatamuufi dhiisuunsaa

akkasumas sirrii ta'uufi dhiisuu isaammoo dubbisicha erga dubbisanii kan mirkaneeffatan ta'a (Geetaachoo, 2018, f.22).

### **2.7.2. Gilgaalota Yeroo Dubbisuu**

Sadarkaa kana keessatti gaaffileen dhiyaatan: Gaaffii waliigalaa yookaan ijo (gist) tokko yookaan lama ta'uu danda'a. Gaaffileen kunneenis hubannaa waliigalaa barbaachisummaa dubbisichaa kan gaafatanidha. Gaaffilee kana deebisuufis dubbisicha gadi fageenyaan hubachuun barbaachisaa miti. Barattoonis, dubbisicha otoo hindubbisiin gaaffilee dhiyaatan dubbisanii hubachuun qabu. Itti fufuunis, callisaafi ariitiin dubbisuu isa jalqabaatti fayyadamuun dubbisuun gaaffilee dhiyaatan deebisu. Yemmuu dubbisanis, hiika tokko tokkoo jechoota dubbisicha keessatti argamanii hubachuun barbaachisaa miti. Barsiisaanis yeroo kenuun akka saffisa dubbisuu isaanii cimsatan gochuu nidanda'a (Geetaachoo, 2018, f.23).

Gaaffilee guutummaa yookaan keeyyata murtaa'erratti gadi fageenyaan dhiyaatu. Fakkeenyaaaf, Gaaffilee unka guutuu, suuraa kaasuufi kkf...gaafatu dhiyaachuu danda'a. Gaaffileen hiika jechoota haaraa akka galumsa dubbisichaatti barattooni akka deebisan gaafatus dhiyaachuu nidanda'a. Gara callisaan dubbisuu isa lammaffaatti otoo hindarbiinis, gaaffilee dhiyaatan dubbisuun hubachuun qabu. Itti fufuunis suutaafi callisaan dubbisuun gaaffilee hubannaa gadi fageenyaay yaada dubbisichaa gaafatu deebisu. Barsiisaanis, Afaniin gaaffii dabatataa gaafachuun hubannaa dubbisichaa akka fooyyeffatan taasisa. Kana malees, barsiisaan dubbisicha keeyyataa keeyyataan gaaffilee gadi fageenyaay dabatataa sarara tokko tokkoon yookaan lamaan, hiika kallattii yookaan hiika sararoota gidduutti, caaseffama jechootaafi jechoota haaraa gaafachuun danda'a. Akkaataa Geetaachoo (2018, f.23) hayyuu Grant (1987) jedhamu wabeefachuun fakkeenyaaaf ibsutti, hiika jechoota haaraa akka galumsa dubbisichaatti akka tilmaaman gaafachuun danda'a. Sadarkaa kana keessatti akkuma barsiisaan gaaffii baay'ee gaafatu, dandeettii baay'ee gaafata. Barattoonis, gaaffilee gaafataman deebisuu yoo dadhaban, barsiisaan fulcha kenuun akka kallattii deebichaa qabatan taasisuu nidanda'a.

### **2.7.3. Gilgaalota Dubbisa Boodaa**

Sadarkaa kana keessatti gaaffileen waliigalaa dubbisichaa kan itti gaafatamudha. Gaaffileen dubbisaa booda barattootaaf dhiyaatanis, hubannaa barattootaa dubbisaa waliigalaa mirkaneessuuf, dubbisicha akka madaalan jajjabeessuuf, dubbisicha muuxannoo isaani waliin akka walitti fidan taasisuuf, haala dubbisichaa keessatti akka of ilaalan taasisuuf gaaffilee dhiyaatanidha (Geetaachoo, 2018, f.23).

## **2.8. Yaadxina Modeela Hubannaa Dubbisaa**

Qorannoo tokko yaaxinoota irratti hundaa'ee adeemsifamuu niqabaata. Yaaxinooota mata-duree qorannoo waliin deemu danda'an wajjiin walsimsiisuun qorannoo geggeessuun saayinsii deemsaa qorannooti. First proposed by American psychologist Kenneth Goodman, this model defines reading as follows:

Reading is a selective process. It involves partial use of available minimal language cues selected from perceptual input on the basis of the reader's expectations... efficient reading does not result from precise perception and identification of all elements, but from skill in selecting the fewest, most productive cues necessary to produce guesses... the ability to anticipate that which has not been seen, of course, is vital in reading (Goodman, 1967: 127)

Akka yaada hayyuu kanatti dubbisuun adeemsa filannoodha jedha. akkaataan bu'uura dubbisaan tilmaamu danda'u jechoota furtuu ta'anii fi muraas qofa fayyadamuun dhimmoota dubbisa keessatti argaman adda baasuuf dhimma bahu. Jechoota filatamoo muraas ta'aniin dandeetti waa tilmaamu dubbisa sanaa keessatti argaman murteessaadha.

### **2.8.1. Modeela hubannaa dubbisa jalaa-olii**

Modeelli kun sadarkaa duraa ykn ijolummaa ykn dargaggummaatti barachuun bu'a-qabeessa ta'u mul'isa. Sadarkaa kanatti bu'a-qabeessa, sababa asitti xiyyeffannaan, jechootaa irratti, boca isaanii hubachuu, fi jechoota qeenxee dubbisu irratti waan ta'eefidha.

According to Browne (1998), this model describes reading as a process that starts with the learner's knowledge of letters, sounds and words and how these words are formed to make sentences.

Yaada kanneen, adeemsa dubbisu beekumsa qubeewwan, sagaleewwan fi jechoota barataatiin itti jalqabamuu fi hima umuuf akkaataa jechoonni kun ittiin uumamu ibsa.

Goodman's definition of reading was a reaction against the idea that reading is "a sequential process involving precise identification of letters, words, spelling patterns, and large language units" (id.). The recognition of individual letters underlies a phonics approach to reading. A phonics approach consists of teaching sound-letter correspondences to children so that they can accurately perceive and decode words. The

phonics approach assumes a bottom-up model of comprehension, that is, one where comprehension issues from decoding letters, words, and so on.

Yaada hayuu kana irras hubachuun kan danda'amu, adeemsa dubbisu ittiin jechoota, qubeewwan, qubeessuu fi kutaa afaanii guddaa adda baasuuf tartiiba eegatanii dubbisu isa jedhuuf hiika faalleessu kenneera. Jechoota qeenxee hubachuuf yeroo dubbisu akkaataa ittiin sagaleefamu irratti hunda'a. Sagalee jechootaa barsiisuu keessatti akkaataa ittiin sagaleefamu waan qabatuuf ijoolleen salphaatti hubachuu fi samuu keessatti hiika itti kennan taasisa. Adeemsi sagaleessuu modeela hubannaadubbisa jalaa-oli (bottom-up model of comprehension) qubeewwan, jechootaa fi kkf hubannaan adda baafachuu fi hiika itti kennuu irratti xiyyeffata.

### **2.8.2. Modeela hubannaadubbisu irraa-gadii**

Akkaataa yaada modeela kanatti hiika dubbisa sanaaf kennuudhaaf muuxannoo dubbisicha irratti qabaniun hiika dubbisa tilmaamudha.

Browne (1998) clarified that, ‘this model suggests that readers begin to read by drawing on what they know about the structure and the meaningfulness of language, the structure of stories and other genres and their knowledge of the world to predict the general meaning and specific words in context.’

Akkaataa Browne (1998) modeela kana ibsutti dubbistoonni dubbisu kan jalqaban waa'ee caasaa fi hiika afaanii waan beekan, ijaarsa seenawwanifi gooroowwan biroo fi beekumsa isaanii Addunyaa hiikoo waligalaa fi murta'aa jechoota galumsa isaa irraa tilmaamuudhaan ta'a.

Goodman’s model is a top-down model of comprehension (Grabe, 2009). What this means is that it presumes that the reading process is guided not by decoding of letters and parsing of syntax and semantics, but by a reader’s background knowledge and expectations. That is, a reader constructs meaning from what s/he already knows and expects from the text. The model also ascribes great power to the ability to guess and anticipate. The model opposes the idea that reading involves precise and sequential parsing of letters and words. Rather, for Goodman, reading entails identifying and parsing only a minimal number of letters and words, just enough to produce accurate guesses at text meaning. According to the model, good readers would skip over several portions of the text. Thus, in this model a good reader relies on context cues, and poor readers rely on close letter and word identification.

Akkaataa yaada hayyuu kanatti, adeemsi dubbisu modeela hubannaa dubbisu irraa-gadii (top-down model of comprehension) kan hoogganamu hiika jechoota kennuu fi ijaarsa caasaa irratti osoo hin taane tilmaama fi beekumsa dubbisaa irratti dha. Dubbisan waanta kanaan dura beekuufi waa'ee dubbisa tilmaamu irratti hiika isaa ijaaruudha. Modeelichi human guddaa dandeetti tilmaamu kaa'uu qaba. Modeelichi yaada dubbisa tartibaan dubbisuu qubeewwan fi jechootaa ni faalleessa. Dubbisa keessatti qubeewwan fi jechoota muraasa hiika dubbisichaa kennuu yookaan tilmaamu dandeessisan adda baasuu qofa irratti xiyyeefata. Akkaataa modeela kanatti dubbisan gaariin jechoota baay'ee irra darbu. Dubbisaan gaariin kan xiyyeefatu hiika furtuu galumsa irraa yoo ta'u dubbisaan badaan immoo qubeewwan fi jechoota adda baasuu irratti xiyyeefata.

### **2.8.3. Modeela hubannaa dubbisa waliin dubbi**

Yaadni modeelli kun irratti hunda'uu waa'ee dubbisa tokkoo hubannaa argachuufi hiika itti kennuuf beekumsa duran waa'ee dubbisichaa irratti xiyyeefata.

The interactive-compensatory model of comprehension (Stanovich, 2000 [1980], 2000 [1984]) does explain the role of top-down and bottom-up processing. The model posits that comprehension includes processes operating at many levels, e.g. letter recognition, word recognition, phrase recognition, and so on. Then, the model makes two assumptions. First, there is the assumption that “recognition [of meaning] takes place via the simultaneous amalgamation of information from many different knowledge sources” (2000 [1980], p. 49). Some of these sources can be higher-level ones, like topic knowledge, while others can be lower-level ones, like syntactic or orthographic knowledge. Maddaaleen kun gariin sadarkaa ol'aanaa beekumsa mataduree yoo ta'u kanneen biroo immoo sadarkaa gad-aanaatti kanneen beekumsa caaseeffama afaan barreessuufi dubbachuu Second, there is the assumption that “deficiencies at any level in the processing hierarchy can be compensated for by greater use of information from other levels irrespective of the level of the deficient process” (id.). That is, failure to understand an idea using previous knowledge, for example, can trigger the application of careful syntactic and semantic analysis of the corresponding text segment to repair such failure. The model predicts that both good and poor readers may use both bottom-up and top-

down processes at different times during reading based on moment-to-moment needs and difficulties.

Akkaataa yaada hayyuu kanatti Modeela hubannaas dubbisa waliin dubbii adeemsaa gahee irraagadii fi jalaa-ol ibsa. Modeela kun hubannaas adeemsalee sadarkaalee hedduutti hojjetan kan hammatudha, fakkeenyaaaf, qubeewwan hubachuu, jecha hubachuu, galee hubachuu fi kkf dha. kanaaf, modeelli kun tilmaama lama irratti hunda'a. tilmaamni inni jalqabaa hubannaas yookaan hiika kan argatu karaa walfakkaatuu fi wlitti hidhatuun odeeaffannoo beekumsa madda adda addaa baay'ee irratti dha. lammaffaa, tilmaama hanqinaaleen sadarkaa kamitti jiru adeemsaa guulantaa keessatti kan bakka bu'u odeeaffannoo sadarkaa biraa irraa osoo sadarkaalee adeemsaa hanqinaalee hin eegatiin ittifayyadamuunidha. Yaada dubbisa beekumsa duraanii irraa hubachuu dhabuu fakkeenyaaaf hiika dubbisa tilmaamuuf, hiika himaafi caasaa himaa xiinxaluu dhimma itti bahuun ta'a. Modeelli kun kan tilmaamu, dubbisa gaariifi badaa adeemsaa irra-gadii fi jalaa-olii yeroo adda addaa yeroo dubbisu haalawwan fedhaafi danqaa irratti hunda'a.

Hubannaan dubbisuuf barattooni tarsiimoo itti dubbisan, beekumsa afaanichaafi ogummaa dubbisu; hiriyoota, barsiisaa ykn maatii daawwachuun barachuu danda'u. Kun immoo hawaasummaa ofkeessaa qabaachuu mul"isa. Barattooni adeemsaa hubannaan dubbisu modeelaatiin ogummaa hubannaan dubbisu kan fooyessuudha. Kana keessatti baroeffamoota hedduu jiran keessaa; kaayyoo, fedhiif barattootaa, tarsiimoo, dhimmoota dubbisaniif addaan baasuun hubannoos dubbisuuf dhiyaata. Kanaafuu, qorannoos kun yaaxina moodeela dubbisu irratti kan hundaa'eedha. Yaaxinooni kunniinis hubannaan dubbisu barattootaa haala barattooni ogummaa dubbisaa cimsataniifi tooftaa ittiin dubbisanis ifatti karaa kan itti agarsiisuudha

## **2.9. Sakatta'insa qorannoo walfakkaatan**

Qorannoos kun kan gaggeeffamu hubannoofi raawwii gilgaalota dubbisa booda barattoota Afaan Oromoo manneen barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa barachaa jiran xiinxalu irratti xiyyeefatedha. Qorannoos kun kan gaggeeffamu, xiinxala hubannoofi raawwii gilgaalota dubbisaan booda mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo barachaa jiran irratti kan xiyyeefatedha. Ta'us qorannoos kanaan dura mataduree kana waliin walitti dhufeeyna qabanii hojjetaman haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

Qorattuun qorannoo kanaa sakatta'a qorannoo biroo kan qorannoo kana walin walitti dhiyaatu irratti taasisteen, Natsaannat (2019) mata duree 'Tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiifaman: bulchiinsa magaalaa finfinneetti mana barumsaa burqaa wayyoo sadarkaa tokkoffaa kutaa sadaffaa' jedhurratti barattooni dubbisa daree keessatti yeroo shaakalsiifaman tooftaalee ogummaa dubbisuutti dhimma bahuun akka dubbisaniif deggarsaafi hordoffii barsiisotaan taasifamu irratti xiyyeffate kan gaggeeffamedha. Qorannoon amma gaggeeffamaa jiru kana waliin tokkummaan isaa dubbisa waliin walqabachuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaa ammo mana barumsa sadarkaa irratti gaggeeffameefi hubannoo fi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota xiinxaluu irratti xiyyeffanna kennuu dhabuu isaatiin dha.

Qorannoon kan waliin walfakkeenyaa qabu ilaachisee, Warquu (2019). 'Xiinxala Hubannaan Dubbisuu Barattoota Kutaa 7ffaa Fi 8ffaa: Haala Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad.1ffaa' jedhurratti qorannoo isaa hubannoo dandeetti dubbisuu barattootaa xiinxaluuf gaaffilee dubbisa irratti hunda'uun bahan irratti xiyyeffachuu gaggeesseera. Qorannoon kana waliin hubannoo dubbisa barattoota madaaluu irratti kan xiyyeffatu ta'u isaa yoo ta'u kan adda isa taasisuu ammo raawwii gilgaalota dubbisa irrattis kan xiyyeffate ta'u isati.

Haaluma walfakkaatuun, Geetaachoo (2018). Mata duree 'Qaaccessa Ogummaa dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Kutaa 12ffaa' jedhurratti yemmuu ta'u xiyyeffannoon qorannichaas barattooni ogummaawan Afaanii arfan jiran keessa dandeetti ogummaa dubbisuun hubachuu isaanii xiinxaluu irratti xiyyeffata. Qorannoon kana waliin waanti walfakkeessu hubannoo dubbisa barattoota irratti kan xiyyeffatu ta'u isaa yoo ta'u kan adda isa taasisuu ammo raawwii gilgaalota dubbisa irrattis kan xiyyeffate ta'u isati.

Bifuma walfakkaatuun, Kuulanii (2010) 'Xiinxala Garaagarummaa Dandeettii Dubbisani Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Lammaffaatti Barataniifi akka Afaan Jalqabaatti Baratan' jedhurratti dandeetti hubannoo dubbisuu barattoota irratti xiyyeffate gaggeeffeme. Qoranno kan waliin walfakkeenyi isaa hubannoo dandeetti dubbisuu barattootaa xiinxaluuf gaggeeffamuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaa xiinxala dandeetti hubbanna dubbisuu barattoota Afaan Oromoo akka Afaan dhalootaafi Afaan 2ffaatti fayyadaman irratti xiyyeffachuu isati.

Qorannoон бироо Saamu'eel (2011) матадуреэн qorannoo isaa "Factors that affect students Comprehension In two Government high Schools Grade 9 students in focus" jedhuun MA ittiin guuttachuuf kan gaggeeffame yemmuu ta'u, kaayyoон qorannoo kanaa waantota dandeettii hubannoo barattoota kutaa 9ffaa miidhan adda baasuu irratt kan xiyyeeffate dha. Qorannoон kun waliin hubannoo dubbisaa barattootaa irratti manneen barnootaa lama irratti kutaa 9 irratti xiyyeeffachuuun isaa kan walfakkeessu yoo ta'es Afaan Ingileeffaa irratti ta'uu isaatiin adda isa taasisa.

## **BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAAN**

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffame, xiinxala hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti bara 2021/2022 barataa turan irratti kan xiyyeefatedha. Qoranno tokko yeroo gaggeeffamu tartiiba ittiin ragaa sassaabamu, xiinxalamu, hiikamufi dhiyaatu saxaxa qoranno ni qabaata. Saxaxni qoranno ilaachisee akka Addunyaa (2011, f.63) ibsutti, “waliigala qorannicha kan to’atu ta’ee, qorannichi maal akka fakkaatuu fi maal irratti akka bu’uureeffate agarsiisa” jedha. Akka Cohen, Manion fi Morrison (2005, f.73) ibsanitti, “Research design is governed by the notion of fitness for purpose”. The purpose of the research determine the methodology and design of the research” jedhu. Yaada kanarraa wanti hubatamu qorannoon tokko haala xiyyeeffannoo isaa bu’uura godhachuun saxaxni isaa filatamuu isaati. Haaluma kanaan, qorannoon kun qoranno ibsaa (descriptive research design) yommuu ta’u, malli qaaccessa ragaa isaa immoo mala akkamtaafi ammamtatti fayyadamuun ta’u.

Akka Jonasson (1996) ibsuutti, gasti qorannoon ibsaa mala qoranno akkamtaafi ammamtaa of keessatti qabaachuu danda’u. Malli ammamtaa ragaa lakkofsaan safaramu funaannuuf kan gargaaru yammuu ta’u; malli akkamtaa ammoo ragaalee lakkofsaan hin ibsamne jechaan sassaabuuf kan ooluudha. Malleen qoranno akkamtaafi ammamtaa walitti makuudhaan adeemsi qoranno gaggeeffamu ammoo mala makaa jedhame (Addunyaa, 2011). Kanaafuu, qoranno kun kan gaggeeffame mala akkamtaafi ammamtaatti ykn mala makaatti qorattuun dhimma baateetti. Sababooni akkamtaafi ammamtaatti fayyadamuun, qoranno kana gaggeessuun barbaachise ammo qorannicha caalaatti qabatamaa taasisuuf jechaafi lakkofsaan odeeffannoo waan funaannameefidha.

### **3.2. Irraawwatama Qorannichaa**

Irraawwatamni qoranno qaama qorannoon irratti gaggeeffame kan ilaallatuudha. Yaada kana ilaachisee Addunyan (2011:64) irratti “Qoranno tokko irraawwatama qaba. Kunis, namootaafi wantoota qorannoon sun irratti gaggeeffamudha” jedha. Akka yaada kanaatti qorannoon tokko qaama irratti raawwatamu qaba jechuudha. Qorannoon kunis, godina Jimmaa Aanaa Maannaatti manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barattoota Afaan

Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barataa jiran irratti kan gaggeeffame waan ta'eef irraawwatama qorannoo kanaati.

### **3.3 Madda Ragaalee**

Qorannoo tokko gaggeesuuf, madda ragaalee oddeeffannoон irraa fudhatamu murteessaadha. Haaluma kanaan, manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo xiinxaluuf kan gaggeeffamedha. Kanaafuu, qorattuun qorannoo kana gaggeessuuf, barattoota barnoota Afaan Oromoo fi barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisan akka madda ragaati dhimma itti baateetti. Akkasumas, raawwii gilgaalota dubbisa barattotaa xiinxaluuf, gilgaalota dubbisa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005/2012 Ministeera barnootaatiin qopha'ee keessatti argamanifi kan barattooni dabtara isaanii irratti xiyyeffannaа itti kennuudhaan hojjetan adda baasuuf sakatta'a dookimeentii akka madda ragaati fudhatameera (Warquu, 2019, f.29).

Akkasumas, Barsiisonniifi meeshaaleen barnootaas olitti ibsaman, ka'umsa rakkoo kanaa ta'uu waan danda'aniif haalli mijataan uumamuu dhabuu barreeffama Afaan Oromoo ga'umsaan dubbisani hubachuufi dandeettii dubbisuу xiyyeffachuu isaanii odeeffannoо irraa argachuuf kana keessatti hammatamanii jiru.

### **3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Godina Jimmaa, Aanaa Maannaa keessatti manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-12) shanii fi manneen barnoota sadarkaa 2ffaa (9-10) lama, waliigala torba ta'anitti Aanichatti argamu. Qorattuun qorannoo kanaa, manneen barnoota sadarkaa 2ffaa hunda fi barattoota kutaa hunda irratti qorannoo ishee gaggeessuuf yeroо, mallaqaafi humna guddaa waan gaafatuuf, iddatoo qorannoo kun irratti gaggeeffamu filatee jirti. Haaluma kanaan, Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa torba ta'an Aanaa Maannaa keessatti argaman keessaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo hojii qorannoo kanaaf mij'a'naafi dhiheenyä isaaniitiin filatamaniiru. Akkasumas, qorattuun kutaalee jiran keessaa hanqinaalee hubannoo fi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota irratti mul'atan muuxannoo yeroо dheeraa barnoota Afaan Oromoo barsiisuun qabduun bu'uureeffatee kutaa 9ffaafi 10ffaa filateetti.

Waliigala mana barumsaa laman kana keessatti barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa barachaa jiran gara 820 akka ta'an ragaan manneen barnoota kanarraa argame ni agarsiisa. Haata'u malee hanqina yeroo, humnaafi baasii irraa kan ka'e qorannoo kana barattoota kana hundaafi daree barnootaa hunda irratti gaggeessuun hin danda'amu.. Waan kana ta'eef, mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaafi daree 2 barattoota 150 ta'an, kutaa 10ffaa daree 2 barattoota 110 ta'an, akkasumas, mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaafi daree 4 barattoota 320 ta'an, kutaa 10ffaa daree 3 keessatti barattoota 240 waliigala barattoota 820 ta'an keessaa samuuda dhibbeentaa %33 ta'u barattoota 269 ta'an irratti qorannoo kana gaggeessuuf filatamaniiru. Qorattuun, qorannoo kana gaggeessuuf, iddatto barattoota manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuuifi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2021/2022 barachaa jiran 150, 110, 320, 240, walitti 820 ta'an keessaa barattoota %33 mala iddatteessuu carraa tasaa (simple random sampling) fayyadamuun barattoota 49 (%18.3) 36 (%13.4), 105 (%39) fi 79 (%29.3) walitti 269 ta'an walduraa duuban qorannoo kanaaf filatamaniiru. Haaluma kanaan, qorattuun barattoota manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuuifi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara barnoota 2021/2022 ti barachaa jiran keessaa barattoota 820 irratti xiyyeffachuun mala iddatteessuu carraa tasaa (simple random sampling) fayyadamuun walumaagalaatti barattoota 269 (%33) ta'an iddattoon qorannoo kanaaf filatamaniiru. Dabalatanis, barsiisonni mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu barsiisota 3 (dhiira 1 fi dubartii 2) fi Haroo barsiisota 2 (dhiira 1 fi dubartii 1) barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barsisan baayinni isaanii barsiisota 5 (dhiira 2 fi dubartii 3) qorattuu alaakkuma jiranitti mala iddatto miti-carraa keessaa hunda ammataa (comprehensive sampling) qorannoo kanaaf fudhatamaniiru

### **3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname**

Akkaataa Addunyaa (2011, f.63) tti, meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo keessaa, sakatta'a dookimeentii, bargaaffii, afgaaffii, daawwanna daree, qormaata fi kkf akka ta'an addeessa. Malleen kana keessatti meeshaaleen odeeffannoonttiin funaanamu af-gaaffii, qormaata, , sakatta'a dookimeentii (dabtara barataa), daawwanna daree fi sakatta'a kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffati. Sababiin meeshaaleen odeeffannoonttiin funaanamu heddummaateefis meeshaa tokkoon ragaan argamuu hindanda'amne meeshaa biroon ammoo bira gahamuu waan danda'amuufidha. Yaada kana Moserfi Kalton (1972, f.126) yeroo cimsan, "Meeshaaleen odeeffannoonttiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun tarsiimoo qorannoonttiin gaggeeffamuuf humna guddaa ta'a," jedhu. Yaada kanarraa wanti hubatamu gaaffileen

daangeeffaman malleen ammamtaa hojiirra oolchuuf yeroo gargaaran, gaaffileen banaafi daawwannaan ammoo akkamtaa hojiirra oolchuuf adeemsiifama.

### **3.5.1. Qormaata**

Qormaanni meeshalee funaansa ragaaleetiif itti gargaaramnu keessaa isa tokkodha. Kana keessatti dubbisa sadarkaafi fedhii barattoota giddu-galeessa godhatee filachuun gaaffilee hubannoo dubbisicha keessa baasuun dandeettii hubannoон dubbisuu barattoota qorachuuf gargaara. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qormaanni karaa nut ittiin dandeettii, beekumsa ykn gahumsa qabaachuufi dhiisuu barattootaa ittiin safarru keessaa isa beekamaadha.

Kanaaf, qormaanni meeshaa safartuu dandeettii, beekumsa, ogummaafi amala nama dhuunfaa ykn barataan tokko qabu ittiin safaranidha. Akkasumas, qormaanni raawwii ykn hojii hojetamaa jiru tokko maal akka fakkaatuufi sadarkaa maalirra akka jiru kan agarsiisuu dha. Dandeettii dubbisuu madaaluun baay'ee barbaachisaa dha Sababni isaas, barnoota kamiyyuu bira gahuuf, akkasumas, beekumsa kamiyyuu goonfachuuf dubbisuu danda'uun barbaachisaa ta'uu beektoonni ni ibsu.

Karaa biraatiin, qormaanni kan dandeettii barattoonni har'a qaban irraa ka'uudhaan gara fuulduraatti eessa akka isaan ga'uu danda'an erga hubatanii booda isaanii (sadarkaa Hubannoo) isaanii iddo hubachuun haala jiru mijeessuuf kan gargaaruu ta'uusaa ibsa. (Dastaa 2013, f.123).

Dubbisa irratti hundaa'uun gaaffilee akaakuu afur qaban baheera. Gaaffileen waliigalaa digdama (20) ta'an dubbisa keessaa barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo ta'aniif qophaa'eera. Akaakuun gaaffilee kallattiin dubbisarraatti hundaa'an dhugaafi soba shan (5), hiika galumsa jechoota dubbisaa bahan walitti firoomsuu shan (5), jechoota kennaman filachuun hima iddo duwwaa guutuu shan (5), akkasumas, gaaffilee filannoo shan (5), qopheessun ga'umsi hubannoон dubbisuu isaanii ittiin madaalameera. Gaaffileen qormaataa kun dandeettii dubbisaa barattootaa kutaa 9ffaafi 10ffaa madaaluu danda'u barsiisonni mana barumsaa lammaan keessatti hojii qorannoo kana irratti hirmaatan waliin ta'uun qophaa'eera. Gaaffileen qormaata kutaa 9ffaa dubbisaa kitaaba barataa kutaa 9ffaa bara 2005 Ministeera Barnootaatiin maxxanfame irra fudhatame bu'uureeffatee kan qophaa'eedha. Gaaffileen qormaata kutaa 10ffaa immoo dubbisaa qormaata xumura biyyooleessa kutaa 10ffaa bara 2006 bahe bu'uureeffatee kan qophaa'eedha. Qormaatni kun haaluma

qophaa'een barsiisoota kana waliin ta'uun barattoota qoruun fi bu'aa isaa madaaluun gaggeeffameera. Qorattuun qorannoo kanaa bu'aa qormaata barattoota kana irraa argame bu'uureeffachuun hubannaa isaan dubbisa Afaan Oromoo irratti qaban xiinxaluun dhihheessiteetti.

### **2.5.2. Af-gaaffii**

Hubannaafi raawwii gilgaalota Dubbisa Barattoota barnoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa xiinxaluun addaan baasuuf qorattuun qorannoo ishee gaggeessiteetti. Af-gaaffiin akaakuu odeeffannoон ittiin funaanamu keessa isaa tokko ta'ee kan qorattuuniifi odeef-kennitooni fuula fuullatti wal-arguun odeeffannoو qorannoo isheetiif barbaachisan Afaaniin gaafachuun funaanatudha. Malli ittiin odeeffannoون funaanamu kun ragaa barbaadamu bal'inaan argachuuf faayidaa hedduu qaba. Dastaan (2013:11) yaaduma kana cimsuun yoo ibsu, "Odeeffannoо afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu, qorattuun gaaffii ishee sirriitti ifa gotee akka ibsituuf odeeffannoо kennan gaafachuu isaatiin" jedha. Yaadni kun kan nu hubachiisu qorattuufi odeeffannoо kennitooni, yaada ifaadhaan akka walii galuu danda'aniif walquunnamtii sirrii ta'e akka gidduu isaaniitti uumamu ragaan qabatamaan odeeffannoо kennitooni akka kennan taasisuun, qorattuun ragaa qabatamaa ta'e gonfachiisa. Dabalataanis, irra deddeebinee gaafachuun ibsa dabalataa barbaannu odeeffannoо sirriitti argachuuf ni danda'ama.

Akka Fileen (2019, f.72) ibsutti, kaayyoон afgaaffii odeeffannoowwan bargaaffiifi daawwannaadhaan walitti qabaman mirkanoeffachuuf, akkasumas, deebiwwan daawwannoo keessatti hin deebine deebisuuf ykn qaawwa jiru duuchachuudhaaf faayidaa guddaa qaba. Dabalataanis, kanumarraa ka'uun, af-gaaffiin kan qorattooniifi odeefkennaan kallattiidhan wal arguun odeeffannoо waliif kennan waan ta'eef gosa qorannoo kanaaf ni ta'a jedhamee filatame. Qorattuun meeshaa funaansa ragaa kanaatti dhimma bahuun odeeffannoо barsiisota mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuu fi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa Afaan Oromoo barsiisan barsiisota dhiira 2, dubartii 2 waliigala 4 ta'an af-gaaffii banaa fi af-gaaffii cufaa odeeffannoо walitti qabtetti. Akka walgalatti, hanqinaalee hojii baruufi barsiisuu hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattootaa waliin walqabatee jiran odeeffannoо argachuuf af-gaaffii cuufaa 6 fi banaa 7 ta'an barsiisootaaf dhiheessuun ragaaleen walitti qabameera.

### **3.5.3. Daawwannaan Daree**

Daawwannaan daree mala odeeffannoон itti funaanamu keessaa tokko dha. Kunis raawwii daree keessatti raawwatu qaamaan argamanii waan qabatamaatti ta'aa jiru ilaaluudhaaf kan ooludha. Haaluma kanaan, yeroo baruufi barsiisuu Afaan Oromoo dandeettiin dubbisuу adeemsifamutti qorattuun kutaa keessatti argamtee, odeefannoо kaayyoo qorannoo kanaaf oolu kan ittiin funaannatedha. Daawwannaan qorattuunn odeeffannoо funaanuuf, daree barnoonni keessatti kennamaa jiru keessatti argamuundhaan ijaan waan argiteefi gurraan dhageesse mala odeeffannoон ittiin funaannatuudha (Filee, 2019). Kunis, qorannoo kana keessatti hubannoo dubbisa barattootaa cimsuuf deggarsa barattootaaf barsiisonni taasisaa jiraniifi akkaataa barattoonni hojirra oolchaa jiran qaaman ilaaluun kan af-gaaffiitiin odeeffannoо kennan waliin walsimaachuu isaa mirkanoeffachuu fidha. Kaayyoон daawwannaan daree gaggeessuuf barbaachisees, hanqinaalee hojii barruufi barsiisuu hubanna fi raawwii gilgaalota dubbisa barattootaa waliin walqabatee mul'atu qabatamaan daree barnootaa keessatti argamuun adda baasuufidha.

Haaluma kanaan, daawwannaan daree adeemsa baruufi barsiisuu dubbisa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti, kan qorattuun, maaltu akka dareetti hojjetamu, akkamittii akka hojjetamu qabatamaan daree keessatti argamuun kan ittiin adda baafatedha. Daawwannaan daree kunis kan gaggeeffame, qorattun sagantaa barsiisaa Afaan Oromoo dubbisa barsiisuuf qopheeffate irratti bu'uureeffachuun dareetti argamtee ragaalee oddeeffannoо meeshaalee barbaachiisaa ta'aniin walitti qabatetti. Barsiisota shan (5) ta'an qorattuu dabalatee Afaan Oromoo Manneen Barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti bara 2021/2022 barsiisaa turan. Kanaafuu, qorattuun daawwannaan daree gaggeessuuf kutaalee barsiisonni sadii (3) keessatti barsiisan mala kaayyeeffataa ta'een daree sadii qorannoo kanaaf filaachuun marsaa 9 daawwatte. Daawwannaan daree kunis kan gaggeeffame mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaa fi 10ffaa daree barsiisonni 2 barsiisan irratti yoo ta'u, dareen biraa immoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa Harootti kutaa 10ffaa daree barsiisaan 1 barsiisuу irratti dha. Cheekilistii qophaa'e irratti hunda'uun, daawwannaan daree barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo keessatti barsiisota sadii ta'an irratti tokkoo tokkoo isaanii irratti, wayitii sadii sadiif waliigala wayitii sagaliif daawwannaan daree gaggeeffameera.

### **3.5.4. Sakattaa'a Dookimeentii**

Qorannoo kana keessatti, sakattaa'insa dookimeentii akka meeshaa funaansa ragaaleetti fayyadamuu kan barbaachiseef, raawwii gilgalota dubbisa barattootaa xiinxaluufidha. Sakattaa'insa dookimeentii kunis kan gaggeeffame, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa bara 2005/2012 Rippaablika Dimookiraatawaa Federaalwaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin maxxanfameefi dabtara barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffa fi 10ffaa akka madda ragaati fayyadamuunidha. Qorattuun gosa meeshaalee funaansa ragaa kana kan filateef, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dubbisa irratti bu'uureeffatanii gilgalonni kitaaba barnootaa keessatti sakattaa'uun argaman hangam hubannoон raawwatamaa jiraachuu isaanii dabtara barattoota xiinxalameera. Kitaaba barataa kana sakattaa'uun akka madda ragaa qorannootti fayyadamuuf, cheekilistiin dhimmoota irratti xiyyeeffatan ilaachisee dhuma waraqaa kana waliin walqabatee dhiyaateera. Dhimmoota ijo ta'an kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti xiyyeeffatanii cheekilistiin kun ittiin sakattaa'uuf qophaa'ees: baayina boqonnaa dubbisa kitaabicha keessa jiru, baayina gilgalota dubbisa keessaa bahan, baayina gosa gilgalota dubbisa keessa jiru, gilgalota dubbisa balinaan maal irratti akka xiyyeeffatan, baayina gilgalota dubbisa muuxannoofi hubanno barattootaa waliin walitti dhufeenyaa qaban, gilgalota dubbisa barattootaaf kennname hojjetameefi sororfame adda baasuu, kkf sakattaa'uun adda bahaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, gilgalota dubbisa kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti argaman keessaa raawwii gilgalota dubbisa barattoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barachaa jiran xiinxaluuf akka madda ragaa sakattaa'a dookimeentii qorannoo kanatti dhimma itti baateetti. Qorattuun raawwii gilgalota dubbisa barattootaa madaaluuf, boqonnaa dubbisaa kitaabicha keessatti argaman jalqabaa hanga dhumatti jiran adda baafachuun qorannoo kanaaf dhimma itti baateetti. Sakattainsi dookimeentii (dabtara) barattootaa kan gaggeeffame Manneen Barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuu fi Haroo keessatti barattoota kutaa 9ffaa keessaa daree 2 fi kutaa 10ffaa keessaa daree barnoota 2 kutaa barsiisonni adda addaa barsiisaa jiran irratti hunda'uun mala kaayyeeffatan filatamaniiru. Qorattuun hanqina humna, baasii fi yeroo irraa kan ka'e, mala kaayyeeffata irratti hunda'uun kutaa barnoota lamman fi daree afran keessatti barattoota ragaa qabxii barnoota Afaan Oromoo simisteera 1ffaa irratti hunda'uun kan gad-aanaa, gidduugaleessaa fi ol'aanaa galmeessan daree 1 keessa shan shan ta'an walitti 15, waliigala kutaa 9ffaa daree 2 keessaa barattoota 30 ta'an kutaa 10ffaa daree

2 keessaa barattoota 30 ta'an waliigala barattoota 60 ta'an filachuun dabtara isaanii 60 ta'u sakatta'af filatameera.

### **3.6. Mala xiinxala Ragaalee**

Ragaaleen maddoota adda addaarraa walitti qabamuun mala akkamtaa fi ammamtaa mala walmakaatti fayyadamuun kan xiinxalamedha. Haala kana, Adunyaan (2011:60) dhimma kana yeroo ibsu, "mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti walfaana dhimma itti ba'uun mala tokko qofti dhimma bu'uura hubannoo cimaa barbaada. Kanaaf, ragaaleen meeshaalee funaansa ragaaleen guuraman qorannoo kana keessatti mala makoon kan xiinxalamedha. Sababni malleen kun filaatamanisifis, malli akkamtaa ragaalee qorannichaa gadfageenyaan ibsa itti kenuuf filatamaa waan ta'eefidha. Malli ammamtaan immoo ragaalee qorannichaa lakkoofsaafi dhibbeentaan xiinxaluuf filatamaa waan ta'eefidha. Walumagalatti ragaaleen sakatta'a dookimeentiifi qormataa barattoota mana barumsichaa irraa funaanaman mala ammamtaatiin kan xiinxalame yoo ta'u; ragaaleen af-gaaffii barsiisotaa fi daaawwannaar daree irraa argaman immoo mala akkamtaatiin jechaan ibsameera. Qorattuun mala kana lamaan kan filatteef, qorannicha caalmaatti ifaafi qabatamaa akka ta'uuf jetteeti.

## **BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE**

Hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa manneen barnoota Yabbuufi Haroo xiinxaluuf qorannoq gaggeeffameera. Maddi ragaalee qorannoo kanaaf bu'aan qorannoo kana irraa argame xiinxalamee armaan gadiitti dhiyaateera.

### **4.1. Odeeffannoo kennitootaa**

Maddi ragaalee qorannoo kanaa barattoota barnoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti bara 2021/2022 kutaa 9ffaa fi 10ffaa barataa turaniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaa turanidha.

#### **4.1.1. Barsiisotaa**

Ragaaleen barsiisoota madda odeeffannoo qorannoo kanaa ta'an saalaan, sadarkaa barnoota fi waggoota barsiisummaan tajaajilaniin adda bahee gabaatee 1 armaan gadii irratti dhiyaateera.

#### **Gabaatee 1. Odeeffannoo barsiisota deebii Kennan**

Baayina Barsiisota			Sadarkaa Barnootaa			Tajaajila					
Dhiira	Dubartii	Ida'ama	BA	MA	1-5	6-10	11-15	16-20	21-25	26-30	
2	2	4	4				1		1	2	

Barsiisonni qorannoo kana irratti hirmaatan 4 yoo ta'an kunis saalan yoo adda bahan 2 dhiira yoo ta'an kanneen hafan 2 immoo dubartootadha. gama sadarkaa barnoota isaanii yoo xiinxalamu immoo hundi isaanii digrii tokkoffaa (BA) Afaan Oromootiin kan eebbfaman ta'uu isaanii hubana. Barsiisummaatiin barri tajaajila isaanii yoo xiinxalamu immoo barsiisaan tokko waggaa 12 yoo tajaajilu, barsiisaan kan biraa tokko immoo waggaa 21 tajaajileera. Kanneen hafan barsiisonni 2 immoo waggoota 28 fi 29 kan tajaajilan ta'uu hubachuun danda'ameera.

#### **4.1.2. Barattootaa**

Ragaaleen baayina barattootaa manneen barnoota kana lamaan keessatti argamanfi iddattoo qorannoo kanaaf fudhataman saalaan adda bahanii Gabaatee 2 irratti dhiyataniiru.

## Gabaatee 2. Ragaalee barattootaa qorannoo kana irratti hirmaatan

---

Mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa	Kutaa	Baayina barattootaa			Iddatoo Barattootaa fudhatame			% 39 29.3 68.3 18.3 13.4 31.7 57.3 42.7 100
		dh	dub	Ida	Dh	dub	Ida	
<b>Yabuu</b>	9	159	161	320	52(%19.4)	53(%19.6)	105	39
	10	132	108	240	43(%16.1)	36(%13.2)	79	29.3
<b>Haroo</b>	9	74	76	150	24(%9)	25(%9.3)	49	18.3
	10	60	50	110	20(%7.3)	16(%6.1)	36	13.4
<b>Waliigala</b>	9	233	237	470	76(%28.4)	78(28.9)	154	57.3
	10	192	158	350	63(%23.4)	52(19.3)	115	42.7
				820			269	

Haaluma kanaan, baayina barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaa dhiira 159, shamarraan 161, ida'ama 320 ta'an keessaa dhiira 52(%19.4) shamarraan 53(%19.6) ida'ama 105(%39) ta'an qorannoo kanaaf filatamaniiru. Bifuma walfakkaatuun, mana barumsaa kanatti baayina barattoota kutaa 10ffaa dhiira 132, shamarraan 108, ida'ama 240 ta'an keessaa dhiira 43(%16.1), shamarraan 36(%13.2) ida'ama 79(%29.3) ta'an qorannoo kanaaf iddatoo ta'anii filatamaniiru. Gama biraatiin immoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaa keessatti barattoota dhiira 74, shamarraan 76 ida'ama 150 ta'an keessaa dhiira 24(%9), shamarraan 25(%9.3) ida'ama 49 (%18.3) akkasumas, kutaa 10ffaa baayina barattoota dhiira 60, shamarraan 50, walitti 110 ta'an keessaa dhiira 20(%7.3) shamarraan 16(%6.1) ida'ama 36 (%13.4) ta'an qorannoo kanaaf samuudaan filatamaniiru. akka waliigalatti, manneen barnoota lamaan kana keessatti barattoota kutaa 9ffaa dhiira 233, shamarraan 237 ida'ama 470, kutaa 10ffaa dhiira 192, shamarraan 158, ida'ama 350 ta'an keessaa kutaa 9ffaa dhiira 76(%28.4), shamarraan 78(%28.9) ida'ama 154(%57.3) kutaa 10ffaa dhiira 63(%23.4) shamarraan 52(%19.3) ida'ama 115(%42.7), waliigala barattoota 820 ta'an keessaa barattooni 269 (%33) ta'an qorannoo kanaaf iddatoo ta'anii fudhatamaniiru.

### 4.2. Xiinxala ragaalee qormaata barattootaa

Adeemsa hojii baruufi barsiisuu keessatti qormaata qopheessuun barattootaaf kennuun karaa ittiin dandeettii, beekumsaa fi gahumsa isaanii ittiin madaalamu keessaa isa tokkodha. Haaluma kanaan, bu'aan xiinxala qorannoo hubanna dubbisaa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa

9ffaa fi 10ffaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo irratti xiyyeefatee gaggeeffame **Gabaatee 3** kanaa gaditti irratti dhiyaateera.

### Gabaatee 3. Xiinxala bu'aa qormaata hubannoo dubbisa barattoota Barnoota Afaan Oromoo

Mana Barumsaa	Kut a	Baayina fi % barattootaa bu'aa galma'een												G/g	
		90 ol		80-89		60-79		50-59		50 gadi		ida'ama			
		Bayina	%	bayina	%	Bayin a	%	bayina	%	bayina	%	%	%		
<b>Yabuu</b>	9	105	20	26	25	25	24	47	45	5	5	2	2	100	3.65
	10	79	20	22	28	29	37	21	27	5	6	2	3	100	3.81
<b>Haroo</b>	9	49	20	7	14	21	43	18	37	2	4	1	2	100	3.63
	10	36	20	18	50	10	28	8	22	0	0	0	0	100	4.28
	9	154	20	33	21	46	30	65	42	7	5	3	2	100	3.64
<b>Waliigala</b>	10	115	20	40	35	39	34	29	25	5	4	2	2	100	3.96
		<b>269</b>	<b>20</b>	<b>73</b>	<b>27</b>	<b>85</b>	<b>32</b>	<b>94</b>	<b>35</b>	<b>12</b>	<b>4</b>	<b>5</b>	<b>2</b>	<b>100</b>	<b>3.78</b>

**Hub:** bu'aa qabxii giddu-galeessaa shallaguuf, gatii intervaaliitiif kennname baay'isu, baay'ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, intervaalii hundaa walitti ida'uun baay'ina barattoota qormaata fudhatan hundaaf quoduu

**Ibsa:** Qooldii qabxii fi ulfaatinsi kennnameefi firin barattootaa itti xiinxalame kun akkaataa Ministeera Barnootaafi Biiroon Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf hordofuun yoo ta'u kunis:

- Qooldii qabxii 90 oli yoo ta'ee sadarkaa baay' ee baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinsi kennnameefis 5 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 80-89 gidduu yoo ta'ee sadarkaa baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 4 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 60-79 gidduu jiru yoo ta'ee sadarkaa gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 3 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 50-59 gidduu jiruuf yoo ta'ee sadarkaa gahaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 2 ta'uu isaa
- Qooldii qabxii 50 gadi yoo ta'ee immoo sadarkaa gadi aanaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 1 ta'uu isaati.

Hubannoo dubbisa barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa mana barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo madaaluuf, gaaffiileen qormaataa gosa afur qabu; dhugaafi soba shan, hiika jechoota galumsa isaa irraa shan, filannoo shan, bakka duwwaa guutii shan waliigala 20 ta'an qophaa'eera. Qormaanni dandeettii hubannoo dubbisa barattoota madaaluu kan qophaa'ee barsiisota muummee Afaan Oromoo manneen barnootichaatiin wajjin ta'uuni dha. Gaaffiilee qormaata 20 ta'an barattootaaf dhiyaatee irraa bu'aa barataan tokko tokko isaa argate shaniin baayisuun, %100 keessaa fudhatameera. Bu'aan qormaata kana irraa argames adeemsa qaacceessa firii barattootaa manneen barnootaaf qooddii inteervaalii Ministeera Barnootaafi Biiroon Barnoota Oromiyaan kenne hordofee kan xiinxalamedha.

Bu'uuruma kanaan, bu'aan xiinxala qormaata kana irraa argamu kan madaalamu, barattooni qabxii 90 ol galmeessan sadarkaa 'baay'ee baay'ee gaarii' ta'een, kanneen 80-89 gidduu fidan immoo 'baay'ee gaarii' ta'een kan madaalaman ta'u. Haaluma walfakkaatuun, barattooni qabxii 60-79 gidduu fidan sadarkaa 'gaarii' ta'een, kanneen qabxii 50-59 gidduu argatan immoo qabxii 'gahaa' ta'een kan madaalaman ta'u. Haa ta'uu malee, barattooni 50 gadi fidan garuu, sadarkaa 'gadi-aanaa' ta'een kan madaalaman ta'u.

Qooddii inteervaalii kana keessatti baayina barattootaa lakkofsaafi dhibbeentaan erga ibsamee booda, adeemsa seera "Linkert scale" gatii itti kennuun qabxiin guddu-galeessaa (mean) isaanii xiinxalameera. Haaluma kanaan, baayina barattoota qabxii 90 ol galmeessan (\*5), kanneen qabxii 80-89 gidduu fidan (\*4), warreen qabxii 60-79 gidduu fidan (\*3), barattoota qabxii 50-59 fidan (\*2) fi kanneen 50 gadi fidan immoo (\*1)n baay'isuun firii argame walitti ida'uun, barattoota hundaaf hiiruun qabxiin giddu galeessaa isaanii xiinxalameera. Qooddiin qabxiifi ulfaatinni kennameef akkaataa firiin barattootaa itti xiinxalame kun haala Biiroon Barnoota Oromiyaan qaaccessa qabxii barattootaa manneen barnootaaf dhiyeessaniifi gatiin ulfaatinaa inteervaalii iskeeliif kenname agarsiisa.

#### **4.2.1. Xiinxala Qormaata barattoota mana barumsa Yabuu sadarkaa 2ffaa**

Hubanno dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa mana barumsa Yabuu sadarkaa 2ffaa madaaluuf, xiinxalli bu'aa qormaataa gaggeeffame Gabatee 4 kanaa gadiitti argamu irratti dhiyaateera.

#### **Gabaatee 4. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana barumsaa Yabuu sadarkaa 2ffaa**

Mana Barumsaa	Kuta	Baayina fi % barattootaa bu'aa galma'een												G/g	
		Baayina barattootaa	Baayina gaaffii	90 ol		80-89		60-79		50-59		50 gadi		ida'ama	
		Bayina	%	bayina	%	Bayina	%	bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	%	
<b>Yabuu</b>	9	105	20	26	25	25	24	47	45	5	5	2	2	100	3.65
	10	79	20	22	28	29	37	21	27	5	6	2	3	100	3.81
<b>Waliigala</b>	<b>184</b>		<b>48</b>	<b>26.1</b>	<b>54</b>	<b>29.3</b>	<b>68</b>	<b>37.0</b>	<b>10</b>	<b>5.4</b>	<b>4</b>		<b>2.2</b>		

**Hub:** bu'aa qabxii giddu-galeessaa shallaguuf, gatii intervaaliitiif kennname baay'isu, baay'ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, intervaalii hundaa walitti ida'uun baay'ina barattoota qormaata fudhatan hundaaf qooduu

**Ibsa:** Qooldii qabxii fi ulfaatinsi kennnameefi firiin barattootaa itti xiinxalame kun akkaataa Ministeera Barnootaafi Biroon Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf hordofuun yoo ta'u kunis:

- Qooldii qabxii 90 oli yoo ta'ee sadarkaa baay' ee baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinsi kennnameefis 5 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 80-89 gidduu yoo ta'ee sadarkaa baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 4 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 60-79 gidduu jiru yoo ta'ee sadarkaa gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 3 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 50-59 gidduu jiruuf yoo ta'ee sadarkaa gahaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 2 ta'uu isaa
- Qooldii qabxii 50 gadi yoo ta'ee immoo sadarkaa gadi aanaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 1 ta'uu isaati.

#### **4.2.1.1. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa Yabuu sadarkaa 2ffaa kutaa 9**

Bu'aan qormaata barattoota barnoota Afaan Oromoo qorannoo kana keessatti hammataman **Gabatee 4** kanaa olirratti xiinxalamee dhiyaateera. Haaluma kanaan, bu'aan ragaalee qormaata hubannaad dubbisa barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa mana barnoota Yabuu akka agarsiisutti, barattoota 105 ta'aniif gaaffiilee 20 ta'an isaaniif dhiyaate keessaa barattoonni 26 (%25) ta'an qabxii 90 ol ta'u galmeessaniiru. Barattoonni baayina isaanii 25 (%24) ta'an immoo bu'aan qormaata isaanii qabxii 80-89 gidduu argataniiru. Barattoota qomaata kana fudhatan keessaa irra caalaan isaanii ykn barattoonni 47 (%45) ta'an qabxii 60-79 gidduu galmeessaniiru. Barattoonni lakkosi isaanii 5 (%5) ta'an qabxii 50-59 gidduu qabxii gahaa ta'e yoo galmeessan, kanneen hafan barattoonni 2 (%2) ta'an immoo qabxii 50 gadi ta'e, qabxii gadi aanaa ta'e galmeessaniiru.

Bu'aa xiinxala ragaalee qormaata kana irraa hubachuun kan danda'amu, barattoonni irra guddaan yookaan barattoonni 47 (%45), 26 (%25), 25 (%24) ta'an hubannaad dubbisa isaaniitiin sadarkaa gaarii, baay'ee baay'ee gaarii fi baay'ee gaarii ta'e irratti argamuu isaanii walduraa dubban agarsiisa. Kana irra hubachuun kan danda'amu, barattoonni Afaan Oromoo baay'een isaanii barreeffama Afaan Oromoo dubbisaanii hubachuu danda'uu isaanii agarsiisa. Akka waliigalatti, bu'aan xiinxala ragaa hubannaad dubbisa barattoota Afaan Oromoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaa gidduu-galeessaan (3.65) yoo madaalamu sadarkaa hubannaad gaarii qabachuu isaanii mul'isa.



**Suuraa 1. Yeroo barattoonni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 9ffaa qormata fudhatan.**

#### **4.2.1.2. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10**

Gabaatee 4 irratti xiinxala hubannaas dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa 79 ta'aniif gaaffilee 20 ta'u isaaniif dhiyaate keessaa baayinaan barattooni 22 (%28) ta'an qabxii 90 ol galmeessaniiru. Bu'aan qormaata kanaa akka agarsiisutti, barattooni lakkoofsan 29 (%37) ta'an immoo qabxii 80-89 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Akkasumas, barattooni 21 (%27) ta'an qabxii 60-79 gidduu yoo argatan, kanneen baayini isaanii 5 (%6) ta'an immoo qabxii 50-59 gidduu galmeessaniiru. Haata'u malee kanneen hafan barattooni 2 (%3) ta'an immoo qabxii 50 gadi ta'e fi qabxii gadi-aanaa ta'e argataniiru.

Bu'aa qorannoo kana irraa hubachuun kan danda'amu, barattooni irra guddaan ykn baayinaan 22 (%28), 29 (%37), 21 (%27) ta'an dandeettii hubannaas dubbisa Afaan Oromootiin yeroo madaalaman sadarkaa baay'ee baay'ee gaarii, baay'ee gaarii, gaarii irra jiraachuu isaanii walduraa dubbaan agarsiisa. Haata'u malee, akkaataa bu'aan ragaalee qorannoo kanatti hubannaas dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa giddugaleessaan (3.81) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu mul'isa. Bu'aa qorannoo kana irraa hubachuun kan danda'amu, barattooni barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa walakaa ol ta'an dubbisa isaaniif dhiyaate dubbisaniii hubachuu irratti fooyyee qabachuu isaanii agarsiisa.



**Suuraa 2. Yeroo barattooni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Yabuu kutaa 10ffaa qormata fudhatan.**

#### 4.2.2. Xiinxala Qormaata barattoota mana barumsa Haroo sadarkaa 2ffaa

Haaluma walfakkaatuun, hubannaas dubbisaa barattoota Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana barumsaa Haroo sadarkaa 2ffaa madaaluuf, xiinxalli bu'aa qormaata isaanii irratti gaggeeffame kanaa gaditti **Gabaatee 5** irratti dhiyaateera.

#### Gabaatee 5. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana barumsaa Haroo sadarkaa 2ffaa

Mana Barumsaa	Kuta	Baayina fi % barattootaa bu'aa galma'een												G/g	
		Baayina barattootaa	Baayina gaaffii	90 ol		80-89		60-79		50-59		50 gadi		ida'ama	
		Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	bayina	%	bayina	%	%	
Haroo	9	49	20	7	14	21	43	18	37	2	4	1	2	100	3.63
	10	36	20	18	50	10	28	8	22	0	0	0	0	100	4.28
Waliigala		85		25	29.4	31	36.5	26	30.6	2	2.4	1	1.2		

**Hub:** bu'aa qabxii giddu-galeessaa shallaguuf, gatii intervaaliitiif kennname baay'isu, baay'ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, intervaalii hundaa walitti ida'uun baay'ina barattoota qormaata fudhatan hundaaf quoduu

**Ibsa:** Qooldii qabxii fi ulfaatinsi kennnameefi firiin barattootaa itti xiinxalame kun akkaataa Ministeera Barnootaafi Biroon Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf hordofuun yoo ta'u kunis:

- Qooldii qabxii 90 oli yoo ta'ee sadarkaa baay' ee baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinsi kennnameefis 5 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 80-89 gidduu yoo ta'ee sadarkaa baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 4 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 60-79 gidduu jiru yoo ta'ee sadarkaa gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 3 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 50-59 gidduu jiruuf yoo ta'ee sadarkaa gahaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 2 ta'uu isaa
- Qooldii qabxii 50 gadi yoo ta'ee immoo sadarkaa gadi aanaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 1 ta'uu isaati

#### **4.2.2.1. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9**

Xiinxala ragaa qormaata hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaa akka addeessuutti, **Gabaatee 5** irratti, barattoota 49 taniif gaaffiilee qormaataa 20 ta'u isaaniif kennname keessaa barattooni 7 (%14) qabxii 90 ol argataniiru. Barattooni 21 (%43) ta'an bu'aa qormaataa qabxii 80-89 gidduu yoo galmeessaan, barattooni 18 (%37) ta'an immoo qabxii 60-79 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Haata'u malee barattooni 2 (%4) ta'an qabxii 50-59 gidduu yoo argatan barataan 1 (%2) immoo qabxii 50 gadi ta'e qabxii gadi-aanaa galmeesseera. Bu'aan qorannoo kun akka mul'isutti, barattooni hubannaas dubbisa isaanitiin yeroo madaalamen barattooni baay'een, 21 (%43) fi 18 (%37) ta'an sadarkaa baay'ee gaarii, fi gaarii ta'e irratti argamu isaanii walduraa dubbaan agarsiisa.

Akka waliigalatti, bu'aan qorannoo kana irra hubachuun kan danda'amu, dandeettiin hubannaas dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Haroo Sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa gidduu-galeessaan (3.63) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irra jiaachuu isaanii agarsiisa.



**Suuraa 3. Yeroo barattooni Mana Barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaa qormata fudhatan.**

#### **4.2.2.2. Xiinxala qormaata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 10**

Haaluma walfakkaatuun, xiinxalli bu'aa qormaata barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 10ffaa akka mul'isutti, **Gabaatee 5** irratti, barattoonni 36 ta'aniif gaaffiileen qormaataa 20 ta'u isaaniif dhiyaatan keessaa barattoonni 18 (%50) ta'an qabxii 90 ol fiduun, barattoonni 10 (%28) ta'an qabxii 80-89 gidduu yoo galmeessan, kanneen hafan barattoonni 8 (%22) ta'an immoo qabxii 60-79 gidduu galmeessaniiru. Bu'aan qormaata kanaa akka agarsiisutti, barattoonni dhiibeentaa walkaa %50 ta'an yookaan baayinaan barattoonni 18 ta'an qabxii 90 ol galmeessaniiru. Haaluma walfakkaatuun, bu'aa qabxii galma'e kana irraa hubachuun kan danda'amu, barattoota Afaan Oromoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa hubannaa dubbisa isaaniin yoo madaalamen barattoonni 18 ta'an sadarkaa baay'ee baay'ee gaarii, barattoonni 10 ta'an baay'ee gaarii, fi barattoonni 8 ta'an immoo sadarkaa gaarii ta'e irratti argamu. Bu'aa qorannoo kana irraa hubachuun kan danda'amu, gahumsa hubannaa dubbisa isaaniin barattoonni sadarkaa gahaafi gadi-aanaa irratti argaman kan hin jirre ta'u agarsiisa.

Akka waliigalatti, bu'aan qorannoo kana irra hubachuun kan danda'amu dandeettiin hubannaa dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Haroo Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa gidduugaleessaan (4.28) yoo madaalamu sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uua isaanii agarsiisa. Bu'aan qormaata barattoota irraa argame akka mul'isutti, hubannaa dubbisa isaaniin barattoonni hundi sadarkaa gaarii ol ta'e irratti kan argaman ta'uua agarsiisa. Haata'u malee, bu'aan qorannoo af-gaaffii barsisotaa fi daawwanna daree barnoota irraa argame akka mul'isutti, barattoonni irra caalaan isaanii hanqina hubannaa dubbisa barnoota Afaan Oromoo irratti qabachuu isaanii agarsiisa.

#### **4.2.3. Xiinxala Qormaata barattoota manneen barnoota lammaan keessatti**

Gama biraatiin immoo, hubannoona dubbisa barattoota Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota Yabbuufi Haroo sadarkaa 2ffaa madaaluuf xiinxalli bu'aa qormaata isaanii irratti gaggeeffame Gabatee 6 irratti dhiyaateera.

#### **Gabaatee 6. Bu'aa Qormata barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barnoota lammaan keessatti**

Mana Barumsaa	Kuta	Baayina fi % barattootaa bu'aa galma'een												G/g	
		Baayina barattootaa	Baayina gaaffii	90 ol		80-89		60-79		50-59		50 gadi		ida'ama	
		Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	Bayina	%	%	G/g
<b>Yabbuufi</b>	9	154	20	33	21	46	30	65	42	7	5	3	2	100	3.64
<b>Haroo</b>	10	115	20	40	35	39	34	29	25	5	4	2	2	100	3.96
<b>Waliigala</b>		<b>269</b>	<b>20</b>	<b>73</b>	<b>27</b>	<b>85</b>	<b>32</b>	<b>94</b>	<b>35</b>	<b>12</b>	<b>4</b>	<b>5</b>	<b>2</b>	<b>100</b>	<b>3.78</b>

**Hub:** bu'aa qabxii giddu-galeessaa shallaguuf, gatii intervaaliitiif kennname baay'isu, baay'ina barattoota intervaalii sana keessatti argaman, intervaalii hundaa walitti ida'uun baay'ina barattoota qormaata fudhatan hundaaf qooduu

**Ibsa:** Qooldii qabxii fi ulfaatinsi kennnameefi firii barattootaa itti xiinxalame kun akkaataa Ministeera Barnootaafi Biiroon Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaaf hordofuun yoo ta'u kunis:

- Qooldii qabxii 90 oli yoo ta'ee sadarkaa baay' ee baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinsi kennnameefis 5 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 80-89 gidduu yoo ta'ee sadarkaa baay'ee gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 4 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 60-79 gidduu jiru yoo ta'ee sadarkaa gaarii ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 3 ta'uu isaa,
- Qooldii qabxii 50-59 gidduu jiruuf yoo ta'ee sadarkaa gahaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 2 ta'uu isaa
- Qooldii qabxii 50 gadi yoo ta'ee immoo sadarkaa gadi aanaa ta'eetti kan madaalamuufi ulfaatinisi kennnameefis 1 ta'uu isaati.

#### **4.2.3.1. Xiinxala qormaata barattoota kutaa 9 manneen barnoota lammaan keessatti**

Qorannoon kun kan gaggeeffame dandeettii hubannoo dubbisa barattoota Afaan Oromoo manneen barnoota lamaafi kutaa lama keessa jiru xiinxalamee **Gabaatee 6** irratti dhiyaateera. Haaluma kanaan, bu'aan qormaata manneen barnootaa lammaan keessa kutaa walfakkaatu irraa argaman walitti dabaluun xiinxalameera. Haaluma kanaan, barattoota barnoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo kutaa 9ffaa 154 ta'aniif gaaffiilee qormaataa 20 ta'u akka deebisan kennameef keessaa barattooni 33 (%21) ta'an qabxii 90 ol ta'e galmeessuun deebii kennaniiru. Barattooni baayinaan 46 (%30) ta'an qabxii 80-89 gidduu yoo fidan, barattooni 65 (%42) ta'an immoo qabxii 60-79 gidduu galmeessuu danda'aniiru. Kanneen hafan barattooni 7 (%5) ta'an qabxii 50-59 gidduu kan fidan yoo ta'u barattooni 3 (%2) ta'an immoo qabxii 50 gadi ta'e galmeessaniiru. Bu'aa argame kana irra hubachuun kan danda'amu, dandeettii hubannaadabbisa isaanii barattooni baayinaan 33 ta'an sadarkaa baay'ee baay'ee gaarii, barattooni 46 ta'an sadarkaa baay'ee gaarii, fi barattooni 65 ta'an sadarkaa gaarii ta'e keessatti kan argaman ta'uu agarsiisa. Dabalatanis, lakkofsi barattoota dandeettii hubannaadabbisa barnoota Afaan Oromootiin sadarkaa gahaafi gadi-aanaa ta'e irratti argaman xiqqa ta'uu agarsiisa.

Akka waliigalatti, bu'aan qoranno kana irra hubachuun kan danda'amu, dandeettiin hubannaadabbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo kutaa 9ffaa gidduu-galeessaan (3.64) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu isaanii agarsiisa. Haata'u malee, bu'aa qoranno af-gaaffii barsiisotaa waliin taasifameefi daawwannaa daree barnootaa keessatti taasifamee irraa hubachuun kan danda'amu barattooni barnoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo kutaa 9ffaa dabbisa barnoota Afaan Oromoo hubachuu irratti hanqina qabachuu isaanii agarsiisa.

#### **4.2.3.2. Xiinxala qormaata barattoota kutaa 10 manneen barnoota lammaan keessatti**

Haaluma walfakkaatuun, **Gabaatee 6** irratti bu'aan qormaata barattoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabuu fi Haroo kutaa 10ffaa waliin yoo xiinxalamu, barattoota 115 ta'aniif gaaffiilee qormaata 20 ta'uuf deebii sirrii kennan keessaa barattooni 40 (%35) ta'an qabxii 90 ol ta'e yoo galmeessan, barattooni 39 (%34) ta'an immoo qabxii 80-89 gidduu argataniiru. Dabalatanis, gaaffiilee qormaata 20 ta'u isaanii dhiyaate keessaa barattooni 29 (%25) ta'an qabxii 60-79 gidduu galmeessaniiru. Haata'u malee, kanneen hafan barattooni 5

(%4) ta'an qabxii 50-59 gidduu yoo galmeessan, barattooni 2 (%2) ta'an immoo qabxii 50 gadi ta'e galmeessaniiru.

Bu'aa qormaata kana irra hubachuu kan danda'amu, dandeettii hubanna dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa manneen banoota Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti argaman keessaa, barattooni 40 ta'an sadarkaa baay'ee baay'ee gaarii ta'e, barattooni 39 ta'an sadarkaa baay'ee gaarii, fi barattooni 29 ta'an sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu agarsiisa. Bu'aan qorannoo kana irra hubachuun kan danda'amu, dandeettiin hubanna dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 10ffaa gidduu-galeessaan (3.96) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irratti argamu.

Akka waliigalatti, manneen barnoota fi kutaan barnoota lammaan keessatti, bu'aan xiinxala qormaata kanaa akka mul'isutti, barattoota 269 ta'an keessaa, hubanna dubbisa isaaniin barattooni 73 (%27) ta'an qabxii 90 ol yoo galmeessan, barattooni 85 (%32) ta'an immoo qabxii 80-89 gidduu galmeessaniiru. Gama biraatiin immoo, barattooni 94 (%35) ta'an qabxii 60-79 gidduu yoo galmeessan, kanneen hafan barattooni 12 (%6) ta'an qabxii 50-59 gidduu fi barattooni 5 (%2) ta'an immoo qabxii 50 gadi ta'e galmeessaniiru. Bu'aan xiinxala ragaalee qormaata kana irra hubachuun kan danda'amu, hubanna dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaa fi 10ffaa gidduu-galeessaan (3.78) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu agarsiisa.

Bu'aan qorannoo kan irraa argame akka mirkaneessutti, barattooni barnoota Afaan Oromoo Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaa fi 10ffaa hubannaan dubbisu irratti gahumsa qabachuu isaanii haa mul'isu malee, bu'aan qorannoo af-gaaffii barsiisotaafi daawwannaan daree barnootaa irra argame barattooni hanqina hubanna dubbisa irratti qabachuu agarsiisa. Haata'u malee, bu'aan qormaata barattoota barnoota Afaan Oromoo qabxii sadarkaa gaarii ta'e galmeessuu danda'u isaanii sababa yeroo qormaanni kun barattootaaf kenname qormaata xumuura siimsteera lammaaffaa fudhachuuf qophii gahaa taasisaa waan turaniifidha.

#### **4.3. Xiinxala Af-Gaaffii Barsiisota**

Adeemsa hojji baruufi barsiisuu keessatti hubanna dubbisa barattootaa fooyyeessuuf, deggarsaafi hordoffii barsiisan barattootaa isaaf taasisu murteessaadha. Barattoonis, deggarsa barsiisan isaaf

taasisu hojirra oolchuu irratti dabalee hubannaas dubbisu isaanii fooyyefachuuf xiyyeffannaas guddaa itti kennuu qabu. Hojii barruufi barsiisuu keessatti hubannaas dubbisa barattootaa fooyyeessuu irratti hordoffiifi deggarsa barsiisan barattoota isaaf taasisu hubachuuf af-gaaffiin banaafi cuufaa qopheessuun ragaaleen walitti qabamaniiru. Bu'uruma kanaan, barsiisota qoratuu kanaa ala mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa barsiisan 4 (dhiira 3 fi dubartii 1) ta'aniif af-gaaffiin cuufaa 6 fi banaa 7 waliigala 13 ta'u isaaniif dhiyaate irratti deebii kennaniiru.

#### **4.3.1. Xiinxala Af-Gaaffii Cufaa**

Hojii baruufi barsiisuu keessatti hubanna dubbisa barataa fooyyeessuuf, deggarsaafi hordoffii barsiisan barataa isaaf taasisu sakatta'uuf af-gaaffiin cuufaa barsiisootaaf dhiheessuun deebii isaan kennan Gabaatee 7 irratti xiinxalamanii dhiyaateera.

## Gabaatee 7. Xiinxala Af-gaaffii Barsiisota

Lak	Gaaffiwwan dhiyaatan	Yaada barsiisaa/ota	Deebiistoota
1	Barattooni gaaffiillee dubbisa booda dhiyaatan irratti hubannoo dubbisa irraa argatanifi muuxannoo isaanii walitti fiduun gareen mari'atani ykn dhunfaadhaan dareef akka dhiheessan hangam taasistuu?	Yeroo hunda akka dhiheessan Yeroo baay'ee akka dhiheessan Darbee darbee akka dhiheessan Gonkuma Ida'ama	- 4 - 4
2	Barattooni dubbisa isaaniif dhiyaate hubannaan akka dubbisan hangam deeggartu?	Yeroo hunda deggersa taasisuu Yeroo baay'ee deggersa taasisuu Darbee darbee deggersa taasisuu Gonkuma Ida'ama	1 3 - 4
3	Haala barattooni barreeffama dubbisa tokko dubbisanii hubachuu danda'aniifi gilgaalota dubbisicha bu'uureeffate hojjechuu danda'an irratti xiyyeffannaan kenuun hangam barsiistuu?	Yeroo hunda xiyyeffannaan akka barsiisan Yeroo baay'ee xiyyeffannaan 2 akka barsiisan Darbee darbee xiyyeffannaan 2 akka barsiisan Gonkuma Ida'ama	2 2 - 4

<b>Lak</b>	<b>Gaaffiiwan dhiyaatan</b>	<b>Yaada barsiisaa/ota</b>	<b>Deebiistoota</b>
<b>4</b>	Barattooni gaaffillee dubbisa irratti hunda'anii dhiyaatan sirnaan raawwachuu isaanii hordoftanii sirreessuun duub-deebii hangam kennitu?	Yeroo hunda duub-deebii kennuu Yeroo baay'ee duub-deebii kennuu Darbee darbee duub-deebii kennuu 4 Gonkuma Ida'ama	
<b>5</b>	Adeemsa dubbisa hubannaan dubbisuu barsiisuu keessatti barattooni daree keessatti gulantaalee dubbisuu hordoofanii akka dubbisanii hubatan hangam taasistuu?	Yeroo hunda gulantaalee dubbisuu hordoofanii gochuu Yeroo baay'ee gulantaalee 2 dubbisuu hordoofanii gochuu Darbee darbee gulantaalee 2 dubbisuu hordoofanii gochuu Gonkuma Ida'ama	4
<b>6</b>	Barreffama dubbisa hubannoon dubbisuufi gilgaalota dubbisa irratti hunda'anii bahan hojjachuu irratti barattooni kaka'umsa akka horatan hangam jajjabeessitu?	Yeroo hunda jajjabeessuu Yeroo baay'ee jajjabeessuu Darbee darbee jajjabeessuu Gonkuma Ida'ama	1 3 4

Bu'uuruma kanaan, barsiisota 4 ta'aniif, gaaffiin barattoonni hubannaa dubbisa irraa argatan muuxannoo isaanii waliin walitti fiduun gareen mari'atanii yookaan dhunfaadhaan dareef akka dhiheessan hangam taasistu jechuun isaaniif dhiyaateef, barsiisonni hundi isaanii sababa hanqina yeroo irraa kan ka'e darbanii darbanii barattoonni gareedhaan yookaan dhunfaadhaan dareef akka dhiheessan akka taasisan deebii isaanii kennaniiru (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 4ffaa). Haaluma walfakkaatuun, barattoonni dubbisa isaaniif dhiyaate hubannaan akka dubbisan hangam deeggartu jechuun gaaffii isaaniif dhiyaateef, barsiisonni 3 (barsiisaa 2ffaa, barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 4ffaa) ta'an darbanii darbanii kan deggaran ta'u yoo ibsan, barsiisan 1 (Barsiisa 1ffaa) immoo yeroo baay'ee akka deggarsa isaaniif taasisu deebii kenneera. Gama biraatiin immoo, haala barattoonni barreeffama dubbisa tokko dubbisanii hubachuu danda'aniifi gilgaalota dubbisicha bu'uureeffate hojjechuu danda'an irratti xiyyeeffanna kenuun hangam akka barsiisaa jiran gaaffii gaafatamaniif barsiisonni 2 (barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 2ffaa) ta'an yeroo baay'ee xiyyeeffannaan akka barsiisan yoo deebii isaanii kennan, barsiisonni 2 (Barsiisa 1ffaafi barsiisaa 4ffaa) ta'an immoo darbanii darbanii xiyyeeffanna kenuun akka barsiisan deebii kennaniiru. Ittiaannsuudhaan, barattoonni gaaffiilee dubbisa irratti hunda'anii dhiyaatan sirnaan raawwachuu isaanii hordoftanii sirreessuun duub-deebii hangam kennitu jechuun gaaffii barsiisotaf dhiyaateef yeroo deebiisan barsiisonni hundi isaanii (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 4ffaa) darbanii darbanii akka duub-deebii kennan ibsaniru. Deebii barsiisota kana irra hubachuun kan danda'amu, sababa wayitiin barnootaa Afaan Oromoof torbaan tokkotti kenname xiqqaa ta'u yookaan lama qofa ta'uufi qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo immoo bal'aa waan ta'eef yeroo kenname keessatti xumuramu waan qabuuf, akkasumas, barattoonni daree tokko keessatti argaman baay'ee waan ta'aniif gilgaalota dubbisa bu'uureeffatanii barattootaaf dhiyaatan hunda isaanii yeroo hundaafi yeroo baay'ee sororsun duub-deebii kenuun ulfataa ta'u isaa agarsiisa.

Gaaffii 5ffaa ilaachisee, adeemsa dubbisa hubannaan dubbisuu barsiisuu keessatti barattoonni daree keessatti tarsiimoolee dubbisuu hordofanii akka dubbisanii hubatan hangam taasistu jechuun gaaffii isaaniif dhiyaateef barsiisonni 2 (barsiisaa 2ffaafi barsiisaa 3ffaa) ta'an yeroo baay'ee jechuun yoo deebiisan, barsiisonni 2 (Barsiisa 1ffaafi barsiisaa 4ffaa) ta'an immoo darbee darbee jechuun deebii kennaniiru. Gaaffii 6ffaa ilaalchisse, barreeffama dubbisa hubannoон dubbisuufi gilgaalota dubbisa irratti hunda'anii bahan hojjachuu irratti barattoonni kaka'umsa akka horatan hangam jajjabeessitu jechuun gaaffii gaafatamaniif barsiisonni 3

(Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 4ffaa) yeroo baay'ee akka jajjabeessan yoo deebii kennan, kan hafe barsiisan 1 (barsiisaa 2ffaa,) immoo yeroo hunda akka barattoota jajjabeessuu deebii isaa kenneera.

#### **4.3.2. Xiinxala af-gaaffii banaa**

Hojii baruufi barsiisuu keessatti hubannaad dubbisa barattootaa gabbisuuf shoora barsiisan qabu sakatta'uuf gaaffiilee banaa (**Dabalee C kutaa III**) barsiisotaaf dhiyaatan irratti yaada deebii isaan tarreessan kanaa gadiitti xiinxalamaniidhiyaataniiru.

Gaaffii 7 Barattoonni dubbisa Afaan Oromoo hubannoonaan akka dubbisan tooftaa maaliin akka jajjabeessan gaaffii isaaniif dhiyaateef barsiisonni deebii isaanii akkaataa kanaa gaditti kennaniiru (Dabalee C kutaa III). Barattoonni dubbisa Afaan Oromoo hubannoonaan akka dubbisan tooftaalee barsiisonni barattoota isaanii ittiin jajjabeessa turan keessaa: gilgaalota dubbisa keessaa bahan akka hojjetan barattootaaf kennuudhaan, hojii daree keessatti kennuudhaan hordofanii sirreessuun (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisaa 3ffaafi barsiisaa 4ffaa); sababa hanqini kitaaba barataa jiruuf, barattoonni fedhii dubbisuu qaban daree keessatti fuulduratti bahanii akka sagalee isaanii ol kaasuun barattoota biraaf akka dubbisan gochuun (Barsiisa 1ffaafi barsiisaa 4ffaa); gaaffilee dubbisa keessaa bahanii kitaaba barataa keessatti argamanii ala qopheessuun akka barattoonni gareen hojjetu gochuun, dubbisa dhiyaate keeyyataan addaan qoqqooduun barattoonni daree keessatti garee gareedhaan akka dubbisanii hubatan taasisuun, (barsiisaa 2ffaa fi barsiisaa 3ffaa); barreffama dubbisa hawwataa ta'e fakkeenyaaaf walaloo daree keessatti dhiheessuun akka dhunfadhan yookaan gareedhan akka dubbisanii ergaa isaa dhiheessan gochuun, barattoota gareen quoduun akka dubbisanii gaaffii hojjetanii daree keessatti ibsan taasisun, barattoonni fedhii dubbisuu hin qabne onnachisuun fedhii dubbisuu akka horatan gochuun, barattoonni dubbisa isaaniif dhiyaate xiyyeffannaa itti kennuudhaan akka dubbisan jajjabeessuun, (barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaa); dubbisa dhiyaateef keessatti jechoota haaraa ta'an hiika isaan dubbisa keessatti qabaniifi dubbisa ala qaban adda baasuun hiika isaa barattootaaf kennuudhan akka jajjabeessan barsiisonni kun yaada isaanii kennaniiru (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa).

Gaaffii 8ffaa. Hubannaan dubbisuu barattoota waliin walqabatan hanqinaaleen mul'atan akka tarreessan gaaffii isaaniif dhiyaateef barsiisonni deebii kana gadii kennaniiru. Kunis: fedhii

dubbisu dhabuu barattoota hedduu biratti kan mul'atu ta'uu isaa, dandeettiifi muuxannoon dubbisuu sadarkaa barumsa gadii keessatti horachuu dhabuu barattootaa baay'ee biratti mul'atu, kaka'umsa dubbisuu dhabuu barattoota baay'ee biratti mul'atu, hubannaan dubbisuu shaakaluu dhabuu barattoota baay'ee biratti mul'atu, hanqinaalee kitaaba barataa hubannaan dubbisuu barataa irratti qabu, (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaa); faayidaan dubbisuu barattoota hedduu biratti beekamuu dhabuu isaa, hojji manaa dubbisa bu'uureeffatee barattootaaf kennamu hubannaan dubbisanii hojjachuu irra walrraa galgalchanii mana barumsaa dhufuu isaanii, (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa); barattooni lakkofsi isaanii salphaa hin taane kitaaba mana barumsaa fiduu dhabuu isaanii (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 4ffaa); barattooni hubannaan dubbisuuf xiyyeffanna kenuu dhabuu isaanii, wayitiin barnoota Afaan Oromoof torbanitti kennname xiqqachuufi qabiyyeen barnoota immoo bal'aa ta'uu isaa rakkolee yookaan hanqinaalee hubannaa dubbisa barattootaa irratti mul'atan akka ta'an tarreessaniiru (barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaafi barsiisoota 4ffaa).

Gaaffii 9. Barsiisonni Afaan Oromoo Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa barsiisan dubbisa kitaaba bartaa keessatti dhiyaate hunda barattooni akka daree keessatti dubbisan gochuu dhabuu isaaniif sababni maal akka ta'e ibsaniiru. Kunis hanqina yeroo barnoota Afaan Oromoodhaaf kennname; wayitiin barnoota Afaan Oromoodhaaf torban tokkotti kennname wayitii lama qofa yoo ta'u, qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa keessatti dhiyaate bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e fi yeroo kennname keessattis xumuramuu waan qabuuf dubbisa kitaaba keessatti argamu hunda barattooni akka dubbisan gochuun ulfaataadha (barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaafi barsiisoota 4ffaa) jechuun deebii isaanii tarreessaniiru.

Gaaffii 10. Barsiisonni Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti barattoota Afaan Oromoo yeroo dubbisa baratan haala kamiin akka barsiisan gaaffii isaaniif dhiyaateef deebii isaanii kennaniiru. Dhimma barsiisonni deebii isaanii keessatti kaasan keessaa: barattooni barnoota dubbisa dursanii mana isaaniitti dubbisanii akka hubatan gochuun, (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaa); barattooni daree keessatti gareedhaan dubbisanii gaaffiilee akka hojjetan gochuun, gaaffiilee dubbisa keessa bahan dursanii barattootaaf kennun (Barsiisa 1ffaa); dubbisa keeyyata keeyyataan qoqqooduun barattooni gareedhaan akka dubbisanii irratti mar'atanii hubatan gochuun (Barsiisa 4ffaa) jechuun yaada kennaniiru.

Gaaffii 11. Dubbisa barreffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barattoota tooftaa maaliin akka adda baafatan barsiisonni manneen barnoota lamman barsiisan gaafatamanii deebii isaanii akkaataa kanaa gaditti kennaniiru. Kunis: hojii manaa kennuudhaan raawwii isaanii sirreessuun duub-deebii kennuudhaan, (Barsiisa 4ffaa); barreffama dubbisa daree keessatti akka dubbisan gochuun raawwii isaaniin madaaluun adda baasu (Barsiisa 1ffaa); barreffama dubbisa barattootaaf dhiheessuun gaaffiilee dandeettii hubanna dubbisa isaanii madaaluu danda'u, qormaata kennuun akka adda baafatan addeessaniiru (Barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaa).

Gaaffii 12. Barsiisonni manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaa fi 10ffaa barattoonni dandeettii hubanna dubbisa isaanii akka fooyyafatan dubbisa kitaaba barataa ala dhiheessaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii gaafatamanii barsiisonni lama dubbisa kitaaba barataa ala jiru daree barnoota keessatti dhiheessuun ittiin barsiisaa jiraachuu isaanii yoo deebii kennani (barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaa) isaan hafan barsiisonni lama (barsiisaa 1ffaa, barsiisa 4ffaa) immoo dhiheessuun ittiin barsiisaa akka hin jirre addeessaniiru.

Gaaffii 13. Barsiisonni hojii baruufi barsiisuu dubbisa wajjin walqabatee akka mana barumsa keessa rakkolee jiran gaafatamanii deebii isaanii kennaniiru. Rakkoleen kunis: sadarkaan dubbisa barattootaa laafaa ta'uu isaa, manni dubbisaa jiraachuu dhabuu, wayitiin barnootaa Afaan Oromoodhaaf torbanitti kenname balina qabiyyee barnootaa waliin yoo madaalamu xiqqachu, barsiisonni Manneen barnoota xiyyeffannaa barnoota dubbisaaf kennuu dhabuu, kitaaba barataa gahaa jiraachuu dhabuu, fi fedhiin barattoonni dubbisa irratti qaban gad-aanaa ta'uu akka ta'an barsiisonni hundi deebii isaanii kennaniiru (barsiisa 1ffaa, barsiisaa 2ffaa, barsiisa 3ffaifi barsiisoota 4ffaa).

Xiinxala af-gaaffiirraa waanti hubatame, barsiisonni guulantaalee hubannoон dubbisuu barsiisurratti: adeemsa dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa eeganii hojiirra oolchuu dhiisuufi yeroos quachuu jecha haalaan barattoota akka hin gargaarre adda bahee jira.

#### **4.4. Xiinxala Daawwannaan Daree**

Qorattuun daawwannaan daree barnootaa akka meeshaa funaansa ragaalee qorannoo kanatti fayyadamuun dhimma itti baateetti. Daawwannaan daree akka meeshaa funaansa ragaalee deggarsa qorannoo kanaa ta'ee kan filatame, gama tokkoon dhugummaa ragaalee af-gaaffii

barsiisota irraa fudhatamaniifi bu'aa qormaata dubbisa barattootaa waliin madaaluufidha. Cheekilistii qophaa'e irratti hunda'uun (**Dabalee D**), daawwannaan daree barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuu fi Haroo keessatti daree barnootaa barsiisonni 3 ta'an barsiisan irratti argamuun tokkoo tokkoo isaanii irratti, wayitii sadii sadiif waliigala wayitii sagaliif daawwannaan daree gaggeeffameera. Daawwannaan daree kunis kan gaggeeffame daree barsiisota 2 mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuu kutaa 9ffaa fi 10ffaa barsiisan irratti yoo ta'u, inni biraa immoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa Harootti kutaa 10ffaa daree barsiisaan 1 barsiisu irratti dha.

Qorattuun daawwannaan daree gaggeessuuf, kitaaba barataa irratti hunda'uun karoora waggaan barsiisaan dubbisa barsiisuuf qopheeffate fi iddo dubbisa barsiisuun irra gahe sakatta'uun dareetti argamuun kan raawwattedha. Daawwannaan marsaa sagaliif daree barnootaa keessatti argamuun qorattuun gaggeesiteen, barsiisonni boqonnaa dubbisa barattooni isaanii yeroo barsiisan daawwataman kan kutaa 9ffaa (boqonnaa 16: yeroo yeroon qabi, boqonnaa 17: garaa walitti nahe, boqonnaa 18: xalayaa barreessuu) kutaa 10ffaa (boqonnaa 11: kunuunsa qabeenya uumamaa, boqonnaa 14: afoola Oromoo, boqonnaa 15: durba morma lamaa) kan jedhaman irrattidha. Qorattuun dareetti argamuun guyyoonni daawwannaan daree gaggeessite, marsaa 1ffaa: Ebla 14/8/2014, 18/8/2014 fi 18/8/2014; marsaa 2ffaa: Ebla 21/8/2014, 25/8/2014 fi 25/8/2014; marsaa 3ffaa: Ebla 28/8/2014, Caamsaa 2/9/2014 fi 2/9/2014 ti dha. Hojii baruufi barsiisuu hubannaa fi raawwii dubbisa wajjin walqabatee kan barsiisaafi barataan raawwataman daawwannaan daree kanaan argannoon argaman kanaa gaditti dhiyaataniiru.



**Suuraa 4. Daawwannaan Daree barnoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuu kutaa 10ffaa.**

Haauma kanaan, barsiisonni yeroo dubbisa barsiisan taarsiimoolee dubbisuu (ariitiin dubbisuu, sakatta'an dubbisuu, baliinaan dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuu) hordofanii akka baratan barsiisa tokko irraa kan hafe barsiisonni 2 deggerraan akka hin jirre daawwannaan daree kanaan mirkana'eera. Daawwannaan daree kanaan barsiisonni lamaan yeroo dubbisa barsiisan barataa fedhii qabu daree keessatti ol ka'ee sagalee isaa olkaasuun akka dubbisan taasisuun isaanii mirkana'eera. Barattoonni carraa dubbisuu argatan kunis kanneen silumayyuu dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu danda'anidha. Kunis kan mirkanaa'e wayita daawwiin daree taasifametti kanneen harka kaasaniif carraa dubbisuu laachuu qofa malee kanneen harka hinkaafneef laatamuun dhabuun isaa waan mul'ateefi.

Daawwannaan daree keessatti taasifameen barsiisaa tokko (barsiisaa 1ffaa) irraa kan hafe barsiisonni lama (barsiisaa 2ffaa, barsiisaa 3ffaa) yeroo dubbisa barsiisan xiyyeffannaa itti kenuun akka barsiisan mirkana'eera. Barattoonni manatti galanii akka dubbisanii gilgaalota hojjetan qajeelchuun barsiisota kana biratti daawwannaan daree kanaan mul'ateera (barsiisaa 3ffaa). Barattoonni akka dubbisa isaaniif dhiyaate dubbisanii hubatan haala ta'umsa teessoo isaaniin geengoo uumanii akka dubbisan gochuun mul'ateera (barsiisaa 1ffaa). Barattoonni haala naannoo isaanitti mul'atutti hawwatamuun hojii bira irratti xiyyffachuun akka mul'atu daawwannaan kanaan mirkana'eera (barsiisaa 1ffaa). Yeroo barsiisaan barsiisu daree dhiisanii kan bahanis barattoonni murasnii mul'ataniiru. Haali hooggansa daree waan baay'ee laafaa ta'eef barattoonni namusa hin qabnee daawwannaan daree kanaan daree barnootaa muraasa keessatti mul'ateera.

Barsiisaan daree keessatti yeroo dubbisa barsiisuu barattoota dubbisu irratti akka hirmaatan yoo ka'kase illee barattoonni muraasni qofti akka hirmaatan daawwannaan kanaan mirkana'a'eera (barsiisoota hunda). Barttonni hedduu ta'an dubbisa irratti hirmaachuuuf fedhii dhabuun isaanii sababa muuxannoo dubbisa sadarkaa kutaa barnoota gaditti muuxannoo dubbisu horachuun dhabuu irra madda.

Barsiisonni hundi yeroo hubannaan dubbisa daree keessatti barsiisuu hiika jechoota haala galumsarrraa barattoonni akka hubatan akka taasisu dawwannaan daree kana irraa hubachuun danda'ameera. Barattoonis jechoota haala galumsa isaaniin hiika isaa akka hubataniif barsiisaan gabatee gurracha /black board/ irratti barreessuun akka barreeffatan taasisun hiika itti kenna.

Barsiisonni tokko (Barsiisaa 3ffaa) darbee darbee gaaffilee dubbisa bu'uureeffatanii dhiyaatan barattoonni akka hojjetan taasisuun duub-deebii akka kenu fi kanneen hafan barsiisonni lama (Barsiisaa 1ffaa, Barsiisaa 2ffaa) immoo duub-deebii akka hin kennine daawwannaan daree kanaan mirkana'a'eera. Barattoonni hundis gilgaalota kennname xiyyeffannaan hojjetanii akka hin dhufne fi barattoota bira irraa galgalchuun akka jiru daawwannaan kanaan bira gahameera.

Barattoonni dubbisa isaanii dhiyaate irra hubannoo argatanifi muuxannoo qaban waliin akka walqabsiisanii dhunfaanis ta'e gareedhaan mari'atani akka dareef dhiheessan darbee darbee akka taasisan daawwannaan daree kanaan mirkana'eera (Barsiisaa 1ffaa, Barsiisaa 2ffaa)

#### **4.5. Sakatta'a Dookimeentii**

Adeemsa baruufi barsiisuu dubbisa Afaan Oromoo keessatti, gilgaalota dubbisa keessaa bahan keessaa baayinaafi gosa isaaniin adda baasuu, baayinafi gosa gilgaalota dubbisa barattooni dabtara isaanii irratti hojjetan, baayinafi gosa gilgaalota dubbisaa hin hojjetamin hafan, baayinafi gosa gilgaalota dubbisaa barsiisonni sororfaman, sakatta'insa dookimeentii (dabtara) barattootaa irratti gaggeeffameera. Xiinxala dookimeentii (dabtara) barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa gilgaalota dubbisa keessa bahan hojjechuu fi dhiisuu isaanii irratti gaggeeffameera. Baayinni gilgaalota boqonnaa dubbisaa kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman adda bahaniiru. Baayina gilgaalota dubbisa adda bahan keessa kan barattooni dabtara isaanii irratti hojjetanis gosaan adda bahaniiru. Gosoota gilgaalotaa dubbisa barattootaaf barsiisan kennaman keessaa baay'een isaanii maal irratti akka xiyyeeffatan adda bahaniiru. Qorannoo kana keessatti, gilgaalota dabtara barattoota irraa sakatta'aman keessa kan barsiisan sororaman baayinni isaanii gosa gilgaalotan adda bahaniiru. Hojii baruufi barsiisuu keessatti sakatta'insa dabtara barattootaa taasiisuun xiyyeeffannaas barsiisaa fi barataan dubbisa barnoota Afaan Oromoof kennan, xiinxalamee kanaa gaditti dhiyaateera.

#### 4.5.1. Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa kutaa 9ffaa

Gabaatee 8. Xiinxala sakatta'a Dookimeentii (kitaaba fi dabtara) barattootaa kutaa 9

kuttaa	Boqonnaa dubbisa	<u>Baayina barattoota</u>									
		baayina			gilgaalota barsiisan kenne hunda kan hoijetan			gilgaalota barsiisan kenne walkaa ol kan hoijetan			gilgaalota barsiisan kenne walkaa gadi kan hoijetan
			Lakk	%		Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%
9 18	gaaffii dhiyaateef deebii kennuu	30	0	0	18	60	6	20	6	20	1
	dhugaa fi sobaa	8	6	20	10	33.33	9	30	5	16.67	1
	hiika jechoota haala galumsa isaanii irraa kennuu	5	14	46.67	8	26.67	4	13.33	4	13.33	2
	hiika jechoota faallaa	2	23	76.67	3	10.00			4	13.33	0
	hiika kallattii kennuu	2	20	66.67	4	13.33			6	20.00	0
	Fiiroomsii	4	18	60.00	6	20.00	4	13.33	2	6.67	0
	iddoo duwwaa	5	15	50.00	8	26.67	2	6.67	5	16.67	0
	filannoo	1	25	83.33					5	16.67	0
	hubannoo dubbisa irraa argatanifi muuxannoo qaban waliin walitti fiduun deebii kennu	19	5	16.67	15	50.00	6	20.00	4	13.33	2
	<b>ida'ama</b>	<b>76</b>									

**Gabatee 8** akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 9ffaa Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barataan gilgaalota dubbisa bu'uureeffatanii kitaaba barataa irratti dhiyaate sakatta'uun raawwatameera. Bu'uruma kanaan, kitaaba barataa kutaa 9ffaa irratti sakatta'a gaggeeffameen boqonnaalee dubbisa baayinaan 18 ta'anii fi gilgaalonni dubbisa keessaa bahan baayinaan 76 ta'an adda baasuun danda'ameera. Haaluma kanaan, gilgaalonni dubbisa irratti hunda'anii kitaaba barataa kutaa 9ffaa keessatti argaman gosa gosaan adda bahanii qorannoo kana keessatti dhiyaataniiru. Gilgaalonni dubbisa irratti hunda'uun barattoonni daree keessatti fi hojii manaa godhatan akka hojjetaniif dhiyaatan gosa sagal ta'uu isaanii sakatta'a kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa irratti taasifameen adda baheera. Gosoonni gilgaalota dubbisa bu'uureeffatanii kitaaba barataa keessaa adda bahanis, gaaffii dhiyaateef deebii yookaan ibsa kennuu (30), hiika jechootaa haala galumsa isaaniirraa hiika kennuu (5), gaaffii dhugaa fi sobaa (8), hiika jechootaaf faallaa barbaaduu (2), firroomsii (4), iddo duwwaa guutuu (5), filannoo (1), akkasumas, hubannaas dubbisa irraa argateefi muuxannoo kee walitti fiduun dhunfaadhaan yookaan gareedhaan deebii yookaan ibsa kennuu (19) kan jedhu akka ta'e sakatta'a godhameen mirkana'eera.

Gilgaalonni dubbisaa kitaaba barataa keessaa sakatta'uun adda bahanis baliinaan kan irratti xiyyeeffatan gaaffii dubbisa keessa bahaniif deebii yookaan ibsa kennuu (30), gaaffii dhugaafi sobaa (8), gaaffii hubannoo dubbisa irraa argameefi muuxannoo isaanii waliin walitti fiduun gareedhaan yookaan dhunfaadhaan ibsa kennuu (19) ta'uu hubachuun danda'ameera. Sakatta'a kitaaba barataa kana irratti taasifame irraa hubachuun kan danda'amu, gilgaalonni dubbisa irratti hunda'anii barattootaaf kitaaba isaanii irratti dhiyaatan balinaan kan irratti xiyyeeffatan kan barattoonni dubbisa isaaniif dhiyaate dubbisuun fi muuxannoo mataduree sana irratti qaban waliin walitti fiduun hojjetan waan ta'eef hubannaas barattoonni dubbisa irratti qaban akka dabalu taasisa.

Gama biraatiin, barattoota 30 ta'an kutaa 9ffaa Afaan Oromoo baratan turan qorannoo kanaaf filataman irraa dabtara isaanii fudhachuun gilgaalota dubbisa boqonnaa jalqabaa hanga 18 jiran keessaa gilgaalota barattoota hojjetamaniifi osoo hin hojjetamiin hafan sakatta'uun adda baasuun danda'ameera. Bu'uruma kanaan, dabtara barattoota 30 ta'an gilgalota dubbisa hojjachuu isaanii mirkaneeffachuuf sakatta'a gaggeeffameen, gaaffii dubbisa keessaa bahanii deebii yookaan ibsa barbaadan 30 ta'an barattootaaf dhiyaatee hunda isaa barattoonni hojjetan kan hin jirre ta'u hubachuun danda'ameera. Haaluma walfakkaatu, dubbisa irratti huda'anii gaaffilee 30

ta'an ibsa yookaan deebii kennan isaaniif dhiyaatee keessaa barattooni 18 (%60) ta'an walkaa ol kan hojjetan yoo ta'an, barattooni 6 (%30) ta'an immoo walkaa gad raawwachuu isaanii sakatta'a dabtara barataa irratti gaggeeffameen mirkaneeffachuu danda'ameera. Haata'u malee, barattooni lakkofsan 6 (%20) ta'an gilgaalota kana utuu hin hojjetiin hafaniiru.

Gama biraatiin immoo gilgaalota dugaafi sobaa hojjechuu barattootaa mirkaneeffachuuuf sakatta'a dabtara barattoota 30 ta'an irratti taasifameen, barattooni 6 (%20) gilgaalota hunda kan hojjetan, barattooni 10 (%33.33) ta'an walkaa ol kan hojjetan, barattooni 9 (%30) ta'an walkaa gad kan raawwatan yoo ta'u, kanneen hafan barattooni 5 (%16.67) ta'an immoo utuu hin raawwatiin hafaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, gilgaalota hiika jechoota galumsa isaanii irraa deebii kennuu ilaachisee, barattooni 14 (%46.67) ta'an gilgaalota isaaniif kenname hunda kan hojjetan, barattooni 8 (%26.67) ta'an walkaa ol kan hojjetan, barattooni 4 (%13.33) ta'an walkaa gad kan raawwatan ta'uu sakatta'a dabtara barattootaa irratti taasifameen mirkana'eera. Haata'u malee, barattooni 4 (%13.33) ta'an immoo gilgaalota barsiisaa isaaniin isaaniif kenname utuu hin hojjetiin hafaniiru.

Bifuma walfakkaatuun, barattoota gilgaalota hiika faallaa dubbisa bu'uureeffatee isaanii dhiyaate raawwachuu isaanii mirkaneeffachuuuf sakatta'a dabtara isaanii irratti gaggeeffameen, barattooni baayinaan 23 (%76.67) ta'an gilgaalota barsiisan isaaniif kenname hunda kan hojjetan, barattooni 3 (%10) ta'an walkaa ol kan hojjetan, fi kanneen hafan barattooni 4 (%13.33) ta'an immoo utuu hin raawwatiin hafaniiru.

Karaa biraatiin immoo, gilgaalota hiika kallattii kennuu ilaachisee sakatta'a dabtara barattootaa irratti taasifameen, gilgaalota barsiisaan akka hojjetan isaaniif kenne keessaa barattooni 20 (%66.67) ta'an hunda isaa kan hojjetan ta'uu, barattooni 4(%13.33) ta'an gilgaalota walkaa ol kan hojjetan yoo ta'u barattooni 6 (%20) ta'an immoo gilgaalota isaaniif kenname utuu hin raawwatiin hafaniiru.

Gilgaalota firroomsii ilaachisee barattooni gilgaalota isaaniif kenname hojjachuu fi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuuuf, sakatta'aa dabtara barattootaa 30 ta'u irratti gaggeeffameen barattooni 18 (%60) ta'an gilgaalota hunda isaa raawwachuu isaanii, barattooni 6 (%20) ta'an immoo gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa ol raawwachuu isaanii, barattooni 4

(%13.33) ta'an walkaa gad raawwachuu isaanii fi barattooni 2 (%6.67) ta'an immoo utuu hin hojjetiin hafuu isaanii mirkaneeffachuu danda'ameera..

Gilgaalota iddo duwwaa ilaachisee sakatta'a dabtara barattoota irratti taasifameen, barattooni 15(%50) ta'an gilgaalota isaaniif kenname hunda yoo hojjetan, barattooni 8 (%26.67) ta'an immoo walkaa ol yoo raawwatan, barattooni 2 (%6.67) ta'an immoo walkaa gad kan raawwatan yoo ta'u kanneen hafan barattooni 5 (%16.67) ta'an utuu hin raawwatiin hafuuun isaanii mirkana'eera.

Gilgaaloota filannoo ilaachisee, barattooni 25 (%83.33) ta'an gilgaalota barsiisaa isaaniin isaaniif kenname hunda yoo hojjetan, kanneen hafan barattooni 5(%16.67) ta'an immoo gilgaalota barsiisan isaaniif kenname utuu hin raawwatiin hafuuun isaanii sakatta'a dabtara barattootatiin mirkana'eera.

Gilgaalota hubannoo dubbisa irra argataniifi muuxannoo isaanii waliin walitti fiduun deebii kenuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuuf sakatta'a dabtara barattoota irratti taasisameen, barattooni 5 (%16.67) ta'an hunda yoo raawwatan, barattooni 15 (%50) ta'an gilgaalota walkaa ol kan hojjetan, barattooni 6 (%20) ta'an walkaa gad yoo raawwatan kanneen hafan barattooni 4 (%13.33) ta'an immoo utuu hin raawwatiin hafaniiru.

Waliigala gilgaalota barattooni raawwatan sororuu ilaachisee, sakatta'a kitaaba barataa kutaa 9 irratti gaggeeffameen gilgaaloota 90 (xiinxala kana keessatti hin mul'isne) ta'an dubbisa keessaa bahan adda bahan keessaa gilgaalota 60 ta'an dabtara barattootaa hunda biratti hojjetaman keessaa, barsiisonni kan sororsan gilgaalota 6 qofa ta'uu mirkaneeffachuu danda'ameera. Kan irraa hubachuun kan danda'amu, barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa yabbuu fi Haroo keessa barsiisaa jiran dabtara barattoota sororuuf xiyyeffannaak akka hin kennine agarsiisa. Kun immoo tattaaffi barattooni hubannaadubbisa isaanii fooyyeeffachuuf taasisan irratti dhiibbaafida.

#### 4.5.2. Sakatta'a Dookimeentii Barattootaa kutaa 10ffa

##### Gabaatee 9. Xiinxala sakatta'a Dookimeentii barattootaa kutaa 10

Kutaa	Boqonnaa dubbisa	gosa gilgalaa	Baayina	Baayina barattoota							
				gilgaalota barsiisan kenne hunda kan hoijetan				gilgaalota barsiisan kenne walkaa ol kan hoijetan			
				Lak k	%	lakk	%	Lakk	%	lakk	%
10	18	gaaffii dhiyaateef deebii kennuu	28	0	0	16	53.33	9	30	5	16.67
		dhugaa fi sobaa	10	8	26.67	10	33.33	10	33.33	2	6.67
		hiika jechoota haala galumsa isaanii irraa kennuu	9	9	30.00	10	33.33	9	30.00	2	6.67
		hiika jechoota faallaa	3	6	20.00	14	46.67	8	26.67	2	6.67
		hiika kallattii kennuu	2	5	16.67	22	73.33			3	10.00
		Fiiroomsii	1	24	80					6	20
		Iddoo duwwaa	3	17	56.67	6	20	4	13.33	3	10.00
		filannoo	2	20	66.67	8	26.67			2	6.67
		hubannoo dubbisa irraa argateefi muuxannoo kee waliin walitti fiduun deebii kenni	25	5	16.67	15	50	6	20	4	13.33

Sakatta'a kitaaba barataa kutaa 10ffaa irratti gaggeeffameen, **Gabatee 9** iratti ibsametti, gilgaaloonni dubbisa irratti xiyyeefffatanii barattootaaf dhiyaatan baay'inaan 83, goсаan sagal (9) ta'an adda bahaniiru. Gosoota gilgaaloota sakattaa kitaaba barataan Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti adda bahaan keessaa bal'inaan kan isaan irratti xiyyeeffatan gaaffii dubbisa irratti bu'uurreeffatanii ibsa barbaadan (28), gaaffii hubannoo dubbisa irraa argamefi muuxannoo isaanii waliin walitti fiduun ibsa kennuu (25), gaaffii dhugaa fi sobaa (10), gaaffii (hiika jechoota haala galumsa isaaniiirraa kennuu (9) irratti ta'uu hubachuun danda'ameera. Bu'aa sakattaa kana irraa hubachuun kan danda'amu gilgaaloonni dubbisa irratti xiyyeeffatanii deebii fi ibsa barbaadan bal'inaan dhiyaachuun isaanii hubanna dubbisa barattootaa fooyyeessuu keessatti shoora qabaachuu isaanii agarsiisa.

Gaaffii dubbisa irratti hunda'ee barattootaaf kennamee hunda keessaa barattooni 16 (%33.33) ta'an gilgaaloota keennamee keessaa walkaa ol kan raawwatan yoo ta'uu, barattooni 9 (%30) ta'an gilgaaloota walkaa gad ta'u raawwachuu isaanii sakatta'aa dabtara isaanii irraa mirkanoeffachuu dandeenyeerra. Haata'uu malee, kanneen hafan barattooni 5 (%16.67) ta'an immoo gilgaalota barsiisa isaaniin isaaniif kennamee utuu hin raawwatiin hafuu isaanii agarsiisa. Gilgaaloota dhugaa fi sobaa sakatta'a barruu barattoota irra adda bahaan 10 keessaa barattooni gilgaaloota barsiisaan kennaman hunda kan hojjatan barattoota 8 (%26.67) yoo ta'an, barattooni 10 (%33.33) ta'an kan barsiisan gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa ol kan raawwatan yoo ta'u, barattooni 10 (%33.33) ta'an immoo gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa gad raawwatan yoo ta'an, kanneen hafan 2 (%6.67) utuu hin hojjetiin haafaniiru.

Sakatta'a dabtara barattoota irraa argachuun kan danda'ame, gaaffilee hiika jechoota haala galumsaa isaanii irraa kennuu ilaachisee, gilgaalota barsiisaan isaaniif kenname keessaa barattooni 9 (%30) ta'an hunda isaa raawwachuu isaanii barattooni 10(%33.33) ta'an gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa ol hojjechuu isaanii, barattooni 9 (%30) ta'an immoo gilgaalota barsiisaan isaaniif kenneef keessaa walkaa gad raawwachuu isaanii mirkana'eera. Kanneen haafan barattooni 2 (%6.67) ta'an gilgaalota isaaniif kenname hin raawwatiin haafaniiru.

Hiika jechoota faallaa 3 ta'u boqonnaa dubbisa 1 hanga 18 ta'an keessa adda bahaan keessaa barattooni 6 (%20) ta'an gilgaalota isaaniif kenname raawwachu isaanii barattooni 14 (%48.67) ta'an gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa ol raawwachuu isaanii, barattooni 8

(%26.67) ta'an immoo walkaa gad raawwachuu isaanii barattooni (%6.67) ta'an immoo osoo hin raawwatiin haafaniiru.

Hiika kallattii kennuu ilaachisee sakatta'a dabtara barataa irratti taasifameen, barattoota 30 ta'an keessaa gilgaalota isaaniif kenname hunda kan hojjeetan barattoota 5(%16.67) yoo ta'an barattooni 22(%73.33) ta'an immoo gilgaalota isaaniif kenname keessaa walkaa ol kan ta'u hojjechuu isaanii mirkanoeffaneera. Gama biraatiin immoo barattooni baayi'naan 3 (%10) ta'an gilgaalota barsiisaan isaaniif kennamee utuu hin hojjetin hafaniiru

Gilgaala firoomsii ilaachisee sakatta'a dabtara barata 30 ta'an irratti taasifameen, barattooni 24 (%80) ta'aniin yoo hojjetame, barattooni 6 (%20) ta'an immoo utuu hin hojjetin hafaniiru. Gilgaalota iddo duwwaa 3 ta'an keessaa barattooni 17(%56.67) ta'an hunda isaa yoo hojjetan, barattooni 6(%20) ta'an immoo walkaa ol yoo hojjetan, barattooni 4 (%13.33) walkaa gad kan hojjetan, kaneen hafan barattooni 3 (%10) ta'an utuu hin hojjetiin hafuu isaanii sakatta'a dabtara isaanii irratti taasifameen mirkanaa'eera.

Gilgaalota filannoo ilaachisee, barattooni 20 (%66.67) ta'an hunda isaa kan hojjetan, barattooni 8 (%26.67) walkaa ol yoo hojjetan, barattooni 2 (%6.67) immoo hin hojjetiin hafuu bira gahameera. Gilgaalota hubannoo dubbisa irraa argateefi muuxannoo kee waliin walitti fiduun deebii kenni kan jedhu ilaachisee, barattooni 5 (%16.67) ta'an hunda isaa hojjechuu, barattooni 15 (%50) ta'an walkaa ol hojjechuu, barattooni 6 (%20) ta'an walkaa gad yoo hojjetan, kanneen hafan barattooni 4 (%13.33) utuu hin hojjetiin hafaniiru.

Waliigala sakatta'a kitaaba barataa kutaa 10 gilgaalota boqonnaa dubbisa bu'uureeffatanii barattootaaf dhiyaatan 95 (xiinxala kana keessatti hin dhiyaane) ta'an adda bahan keessaa kan dabtara barattoota irratti hojjetaman 57 yoo ta'u, kana keessaa immoo kan barsiisan sororse gilgaalota 5 qofa ta'uu beekuun danda'ameera. Kana irraa hubachuun kan danda'amu, barsiisan gilgaalota barattooni dabtara isaanii irratti hojjetan xiyyeffanna itti kennun sororsaa akka hin jirre mul'isa. Kunis kan ta'u danda'e, akkuma af-gaaffii isaaniif godhame irratti barsiisonni deebii kennan wayitiin torbanitti barnoota Afaan Oromoof kenname 2 qofa waan ta'eef qabiyyeen barnoota bal'aa ta'uu fi hanqina yeroo irraa kan ka'e xiyyeffanna kennuu dhiisuun ni mul'ata.

## **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAABOO**

### **5.1. Cuunfaa**

Qorannoonaan kun kan gaggeeffame, xiinxala hubannaas fi raawwii gilgaalota dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti barataa turan irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoonaan qorannichaa manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti barattoota barnoota Afaan Oromoo barataa turan hubannaafi raawwii gilgaalota dubbisa irratti qaban xiinxaluufidha.

Bu'aan qormaata hubannaas dubbisa barattoota barnoota Afaan Oromoo mana barumsa sadarkaa 2ffaa Yabbuu kutaa 9ffaa akka agarsiisutti, barattooni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa baay'een isaanii barreeffama Afaan Oromoo dubbisaanii hubachuu kan danda'an ta'uu isaanii agarsiisa. Xiinxala hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Yabbuu kutaa 10ffaa gahumsa hubannaas dubbisa Afaan Oromootiin yeroo madaalamen sadarkaa gaarii irra jiraachuu isaanii agarsiisa.

Xiinxala ragaa qormaata hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaa akka agarsiisutti, sadarkaa gaarii ta'e irra jiaachuu isaanii mul'isa. Haaluma walfakkaatuun, bu'aan qorannoonaan kana irra hubachuu kan danda'amu hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Haroo Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa giddugaleessaan (4.28) yoo madaalamu sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu isaanii agarsiisa.

Akka waliigalatti, bu'aan qorannoonaan kana irra hubachuu kan danda'amu dandeettiin hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 9ffaa giddugaleessaan (3.64) yoo madaalamu sadarkaa gaarii ta'e irratti kan argaman ta'uu isaanii agarsiisa. Bu'aan qorannoonaan kana irra hubachuu kan danda'amu dandeettiin hubannaas dubbisa barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo kutaa 10ffaa giddugaleessaan (3.96) yoo madaalamu sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti argamu.

Akka waliigalatti, manneen barnoota lamaaniifi kutaan barnoota lamaaniitti bu'aan qormaata qorannoonaan kanaa akka mul'isutti barattoota 269 ta'an keessaa barattooni 252 (%94) hubannaas dubbisa isaaniin sadarkaa gaarii fi isaa ol ta'e irratti kan argaman yoo ta'u barattooni 17(%6) ta'an immoo hubannaas dubbisa isaaniin sadarkaa gahaa fi gad-aanaa irratti argamu.

Xiinxala af-gaaffiirraa fi daawwannaa daree irraa waanti hubatame hubannaas dubbisa barattootaa cimsuuf, barsiisonni tarsiimoolee hubannoos dubbisuu barsiisurratti: adeemsa dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa eeganii hojiirra oolchaa akka hin jirre mirkanaa'eera. Kunis, sababa wayitiin yeroo barnoota Afaan Oromoof torbanitti kennname lama qofaa ta'uu isaafi qabiyyeen barnootaa bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e ta'uu adda bahee jira.

Hojii baruufi barsiisuu keessatti sakatta'insa dabtara barattootaa taasiisuun xiyyeffannaa barsiisaa fi barataan dubbisa barnoota Afaan Oromoof kennan, xiinxalameera. Waliigala gilgaalota barattooni raawwatan sororuu ilaachisee, sakatta'a kitaaba barataa kutaa 9 irratti gaggeeffameen gilgaalota 90 (xiinxala kana keessatti hin mul'isne) ta'an dubbisa keessaa bahan adda bahan keessaa gilgaalota 60 ta'an dabtara barattootaa hunda biratti hojjetaman keessaa, barsiisonni kan sororsan gilgaalota 6 qofa ta'uu mirkanoeffachuu danda'ameera. Kan irraa hubachuun kan danda'amu, barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa yabbuu fi Haroo keessa barsiisaa jiran dabtara barattoota sororuuf xiyyeffannaa akka hin kennine agarsiisa. Kun immoo tattaaffi barattooni hubannaas dubbisa isaanii fooyyeeffachuuuf taasisan irratti dhiibbaa fidu danda'a.

Xumura irratti, sakatta'a kitaaba barataa kutaa 10 gilgaalota boqonnaas dubbisa bu'uureeffatanii barattootaaf dhiyaatan 95 (xiinxala kana keessatti hin dhiyaane) ta'an adda bahan keessaa kan dabtara barattoota irratti hojjetaman 57 yoo ta'u, kana keessaa immoo kan barsiisan sororse gilgaalota 5 qofa ta'uu beekuun danda'ameera. Kana irraa hubachuun kan danda'amu, barsiisan gilgaalota barattooni dabtara isaanii irratti hojjetan xiyyeffannaa itti kennuun sororsaa akka hin jirre mul'isa. Kunis kan ta'u danda'e, akkuma af-gaaffii isaaniif godhame irratti barsiisonni deebii kennan wayitiin torbanitti barnoota Afaan Oromoof kennname 2 qofa waan ta'eef qabiyyeen barnoota bal'aa ta'uu fi hanqina yeroo irraa kan ka'e xiyyeffannaa kennuun dhiisuun ni mul'ata.

## 5.2. Argannoo

Bu'aan xiinxala qormaata akka mul'isutti, mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuu kutaa 9ffaafi kutaa 10ffaa barattooni barnoota Afaan Oromoo hubannaas dubbisa isaaniin sadarkaa gaarii fi sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti walduraa duban akka argaman mirkanaa'eera. Haaluma walfakkaatuun, bu'aan qormaata mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Haroo kutaa 9ffaafi kutaa 10ffaa

barattoonni barnoota Afaan Oromoo hubannaa dubbisa isaaniin sadarkaa baay'ee gaarii ta'e irratti akka argaman agarsiisa.

Xiinxala af-gaaffiirraa fi daawwanna daree irraa waanti hubatame hubannaa dubbisa barattootaa cimsuuf, barsiisonni tarsiimolee hubannaan dubbisu barsiisurratti: adeemsa dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa eeganii hojiirra oolchaa akka hin jirre agarsiisa. Kunis, sababa wayiitiin yeroo barnoota Afaan Oromoof torbanitti kennname lama qofaa ta'uu isaafi qabiyyeen barnootaa bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e ta'uu adda bahee jira.

Barsiisaan daree keessatti yeroo dubbisa barsiisuu barattoota dubbisu irratti akka hirmaatan yoo ka'kase illee barattoonni muraasni qofti akka hirmaatan daawwanna kanaan mirkanaa'eera. Barttonni hedduu ta'an dubbisa irratti hirmaachuuf fedhii dhabuun isaanii sababa muuxannoo dubbisa sadarkaa kutaa barnoota gaditti muuxannoo dubbisu horachuu dhabuu irra madda.

Bu'aan qormaata barattootaa irraa argame akka ml'isutti, hubannoo dubbisa isaaniin hanqina akka hinqabne agarsiisa. Haata'u malee, bu'aan qorannoo af-gaaffii barsiisota fi daawwanna daree barnootaa irra argame immoo barattoonni irra caalaan isaanii hubannoo dubbisa isaaniin hanqina qabachuu mul'isu.

Sakatta'a dookimeentii barattoota manneen barnoota lamaaniifi kutaa lamaan irratti gaggeeffame akka agarsiisutti, gilgaalota dubbisa barattootan hojjetaman argaman keessaa barsiisonni kan sororsan gilgaalota muraasa qofa ta'uu mirkana'eera

### **5.3. Yaboo**

Dhimma qorannoo kana keessatti gara fulduraa fumata argachuu qaban akkaataa arman gaditti dhiyaateera.

- Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo keessatti wayitiin torbanitti barnoota Afaan Oromoof kennname lama qofa waan ta'eef, barnoota Afaan Oromoo qabiyee isaa bal'aa ta'u isaa irraa kan ka'e, barsiisonni dubbisa sirnaan barsiisuu hanqina yeroo waan qabaniif Biroon Barnoota Oromiyaa wayitiin torbanitti kennamu akkaataa ittiin fooyya'uu irratti hojjachuu qaba.
- Dubbisa kitaaba barataa irratti dhiyaatu irratti dabalee barsiisaan Afaan Oromoo barsiisuu barreeffama Afaan Oromoo kan fedhiifi kaka'umsa dubbisu barattoota keessatti uumuu

danda'aniifi gilgaalota hubannoo dubbisa barattootaa cimsan shaakalsiisuuf mijatu osoo filatame ittiin barsiifame gaarii ta'a.

- Gahumsa hubannoo dubbisa barattootaa fooyyeessuuf, taarsiimoolee adeemsa dubbisa barsiisuu fi gilgaalota dubbisa raawwachuu irratti xiyyeffannaan kennamuu akka qabu akeeka.
- Bu'aan qorannoo kanaa barsiisota manneen barnoota sadarkaa 2ffaa barattoota Afaan Oromoo barsiisaa jiraniif madda odeeffannoo ta'ee tajaajilu danda'a
- Qorannoon hubanna fi raawwii gilgaalota dubbisa barattootaa irratti hanqinaaleen jiran furuu danda'u gaggeeffamuu qaba.

## **WABIILEE**

- Abdulsamad Muhammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finifinne: Mana Maxxansaa Boolee.
- Adaanee Dinqisiisaa. (2013). “Walsimannaa Itti Fayyadamina sagantaa Barnootaa Afaan Oromoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa Xiyyeffannoo Manneen Barnoota walmaraafi Bulchiinsa Magaalaa Hoolota:” Yuuniversiitii Addis Ababaa: Finfinnee, (kan hin maxxanafamne).
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency P.P. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo* Finfinnee: Mega printing press
- Addunyaa Barkeessaa. (2014). Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo: Finfinnee: Far Eest Trading PLC.
- Ahmadi, M. R. and Ismail, H. N. (2012). *Reciprocal teaching strategy as an important factor of improving reading comprehension*. Journal of Studies in Education. v. 2 (4), pp. 153-173
- Akyol, H., Cakiroglu, A. and Kuruyer, H. G. (2014). *A study on the development of reading skills of students having difficulty in reading: enrichment reading program*. International Electronic Journal of Elementary Education. v. 6 (2), pp. 199-212.
- Allen J.P.B., 1984. *General-Purpose Language Teaching*: a Variable Focus Approach in Brumfit, C.J. General English Syllabus Design (ELT Documents 118), Perga-mon/The British Council, London 1984 (Ed.), pp. 3–24.
- Allen, Uf, (1984). *Teachniques In Teaching Vocabulary*: Hong Kong: Oxford University.
- Allwright, R.L. (1990). *What Do We Want Teaching Materials For Currents In Language Teaching?* Oxford: Oxford University Press.
- Atkins, J. Hailom Banteyerga and Nuru Mohammed (1996). Skills Development Methodology. Part II. Addis Ababa: Addis Ababa University Printing Press.Baily, D.K. (1994). Methods of Social Research. (3rd ed.). New York: The free press
- Bareen M. (1987) *learner contribution to task*.In Candlin and Murphy
- Baye Yemam. (1981). “Oromo Substantive. Some Aspects of their Morphology and Syntax.” (Unpublished MA-Thesis). Schoolof Graduate Studies: Addis Ababa University.
- Baye Yemam. (1986). “The phrase Structure of Ethiopian Oromo.” (Unpublished Doctoral Thesis). Addis Ababa University.
- Birhaanuu Kumsaa (2019). Xiinxala Walsimannaa Gilgaalota Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Dhimmoota Naannootiin Walqabatan AAU: Unpublished MA.Thesis.
- Breen, M. (1987). *Learner Contributions to tasks desing Inc.* Candlin and D. Murphy (Ed.) Language Learning Tasks. Engelwood Cliffs NJ: Prentice Hall
- Brown Douglas.(2000). *Teaching By Principles. An Interactive Approach To Language Pedagogy Second Edition*:Longman.

- Brown, D.H. (1994). Principles of Language learning and Teaching. London: Prentic Hall reagents.
- Browne, Ann (1998) *A Practical Guide to Teaching Reading in the Early Years*. London: Paul Chapman Publishing Ltd. p. 9
- Cathy. Mc. (1990). Vocabulary. Oxford: Oxford University Press.
- Ceranic, H. (2009). The *English Teacher's handbook*. Great Britain: MPG Book Ltd, Bodmin, Cornwall.
- Cohen, L. Manion, L. and Marrisson, K.(2005). *Research Methods in Education*. (5thed.). London and New York: Routledge.
- Cook, V. (2001). *Second Language Learnig And Language Teaching*. (3rd Ed.). New York:Oxford University Press.
- Cunningsworth, A. (1984). Evaluating and Selecting ETL Teaching Materials. UK: Athenaeum Press Ltd.
- Dörnyei, Z. (2001). *Motivational Strategies in the Language Classroom*. United Kingdom: Cambridge University Press
- Dublin, Fraud & Olshtain, Elite, (1986). *Course Design: Developing Programs And Materials For Language Learning*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Duke, N. K. and Block, M.K. (2012). *Improving reading in the primary grades*. The Future of Children. v. 22 (2), pp. 55-72.
- Ellis, R. (1998). *The Empiricla Evaluation of Language Teaching material*. ELT Journal vol. 1 (1) PP.36-42
- Finnegan, R. (1970). *Oral Potery*: Its nature and significance and context: Cambridge: Cambridge University press.
- Fullan, M.(1993).*Change Forces: Probing the depths of educational reforms*. London Falmer press.
- Gaaddisaa Abdii. (2016). *Xiinxala Walsimannaa Qabiyee Silabasii, Kitaaba Baratafi Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oraomoo: Kutaa 10ffaarratti xiyyeefate*."AAU: Unpublished MA.Thesis.
- Gairns R. and Redman S. (1986). *Working with words*: A gudie to Taching and Learning Vocabulary.Cambridge Unversity Press.
- Garee Qormaata Afaan Oromoo. (2005).*Wiirtuu Jildii-10, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*, Biiroo Aadaafi Turuzimii Oromiyaa, Finfinnee
- Gay, L.R. (1981). Educational Research: Comptencies for Analysis and Application. Columbus: Bella and Howell Campany.

- Gayo, E., Deano, M., Conde, A., Ribeiro, I., Cadime, I. and Alfonso, S. (2014). *Effect of an intervention program on the reading comprehension processes and strategies in the and grade students.* Psicothema. v. 26 (4), pp. 464-470
- Geetaachoo Asaffaa. (2018). Qaaccessa Ogummaa dubbisuu Barattoota Afaan Oromoo: Haala Mana Barumsaa Qophaa'ina Komboshaa Kutaa 12ffaa. Qorannoo (MA). Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamne.
- Getacchoo Rabbirraa. (2008). *Furtuu.* Finfinnee: kuraz International Pulibshing Interprise.
- Gettinger, M (1989).*Effects of Maximizing Time Spent And Minimizing Time Needed for Learning On pupil Achievement,*American Educational Research Journal,vol.26:1,pp.73-91
- Goodman, K. S. (1967). Reading: A psycholinguistic guessing game. *Journal of the Reading Specialist*, 6, 126-135.
- Grabe, W. (2009).*Reading in a second language: Moving from theory to practice.* Cambridge: Cambridge University Press.
- Grellet, F. (2010). *Developing Reading Skills: A Practical Guide to Reading Comprehension Exercises.* United Kingdom: Cambridge University Press.
- Hamid Muude. (1995). *Hamid Mudes Oromo Dictionary volume Atlanta:* sagalee Oromo Publishing Inc.
- Harmer, J. (2002). *The Practice of English Language Teaching.* (3rd Ed). England: Longman.
- Hulme, C. and Snowling, M. J. (2011). *Children's reading comprehension difficulties nature, causes, and treatments.* Current Directions in Psychological Science. v. 20 (3), pp.139-142.
- Heinich,R. (1993).*Instructional Design Models.* New York: Macmillan Publishing Company.
- Huang, J. and Newbern, C. (2012). *The effect of metacognitive reading strategy instruction on reading performance of adult ESL learners with limited English and literacy skills.* Journal of Research and Practice for Adult Literacy, Secondary, and Basic Education. v.1 (2), pp. 66-77.
- Hudson, T. (2007).Teaching Second Language Reading. New York: Oxford: OUP 54 Printing Press
- Jain, M. and Peter. (2008). English Language teaching. Sunrise Publishing.
- Jonasson, H. (1996). *Hand Books of Research for Educational Communication and Technology.* (4th ed.). New York: Macmillan.
- Karasa kaloglu, N. (2012). *The relationship between reading comprehension and learning and study strategies of prospective elementary school teachers.* Educational Sciences: Theory and practice. v. 12 (3), pp. 1939-1950.
- Kembo S. (2000). *African Voices: an introduction to the languages and linguistics of Africa* Oxford University press.

Kuulanii Fayyeeraa (2010) Xiinxala Garaagarummaa Dandeettii Dubbisani Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Lammaatti Barataniifi akka Afaan Jalqabaatti Baratan Yuunivarsitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo digirii 2ffaa (kan hinmaxxanfamne).

Mc carthy M. (1990). vocabulary oxford university Press.

Miller, L. (1977). *Encreasing Reading Efficiency*. 4th Edition. Newyork: Educational Solution.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa kutaa 9ffaa*. Federaala Riipaabiliika Dimokiraata waa Itoophaatti. MK Publishers Ltd. Kampala.

Misgaanuu Gulummaa,. (2011). *Kattaa: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee, Efficient printing press.

MOE (2006). *Implementation guide for adapting the national mother tongue syllabus*. Addis Ababa: Draft

Nabiyyuu Dhubbisaa. (2017). "xiinxala Ga"umsa qabiyyee Gilgaalota kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa" Qorannoo (MA). Yuunivarsiitii Finfinnee kan hin maxxanfamne.

Najeeb, S. S. (2013). *The business of teaching English as a second language*: A Libyan case study. Procedia-Social and Behavioral Sciences. v. 70, pp. 1243-1253.

Natsaannat Mariid. 2019. Tooftaalee Ogummaa Dubbisuu Afaan Oromoo Kutaa Keessatti Shaakalsiifaman: Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa Sadaffaa. Qorannoo (MA). Yuunivarsiitii Finfinnee kan hin maxxanfamne.

Nattan I.S P. (2001). *Learning Vocabulary in other language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Norma W. Biedenharn (1975). *Basic Language and Meanings*. Washington, DC: Georgetown University press.

Nunan, D. (1989). Designing task for the Communicative Classroom. Cambridge: Cambridge University Press.

Nunan.D. (1988). *Syllabus Design*. Oxford: Oxford University Press.

Nuttal, C. (1996). *Teaching reading skills in foreighhn language GB*: Britain press

Nuttall, C. (1982). Teaching Reading Skills in Foreign Language. London: Oxford University Press.

Patesan, M., Balagiu, A., Zechia, D. and Alibec, C. (2014). *Critical reading*. Revista Academiei Fortelor Terestre. v. 1 (37), pp. 62-67.

Qajeelaa Alamii. (2015). *Qaaccessa rakkoo barattooni dubbisa Afaan Oromoo dubbisani hubachuu dadhabuu*. yuunivarsitii Addis Abbabaa: Waraqaa Qorannoo digirii 2ffaa (kan hinmaxxanfamne).

- Richards & Rogers. (2001). *Approachs & Methods In Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Richards.J.C. (2001). *Curriculum development in language Teaching* Cambridge: Cambridge University press.
- Ruddel, M.(2001).*Teaching content Reading &Writing* (3rd ed) USA:John Wiley & Sons inc.
- Saamu'eel Moges. (2011). Factors that affect students Comprehension In two Government high Schools Grade 9 students in focus, Yuunivarsitii Addis Abbabaa: Waraqaa Qorannoo digirii 2ffaa (kan hinmaxxanfamne).
- Singh, R. J. (2011). *Teaching reading to English first additional language (EFAL) foundation phase learners*. Mousaion. v. 28 (2), pp. 117-130.
- Smith, F. (1978). Reading. Cambridge: Cambridge University Press.
- Sarantakos, S. (2005). Social Research. (3rded.). New York: Palgrave Macmillan.
- Singh, R. J. (2011). *Teaching reading to English first additional language (EFAL) foundation phase learners*. Mousaion. v. 28 (2), pp. 117-130.
- Stanovich, K. (1980). Toward an interactive-compensatory model of individual differences in the development of reading fluency. *Reading research quarterly*, 21, 360-407.
- Stern, H.H. (1984). *Fundamental Concept Of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press.
- Tashoomaa Balay. (1998).*Fundamental concept of Language Teaching*.Oxford:Oxford Yuniversity Press.
- Tolemariam Fufa Teso. (2017). *Caacculee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo*. Addis Ababa, Ethiopia: Social Advertising and Printing.
- Vallance.E. (1974).*Five conceptions of curriculum .Their roots and implications of curriculum Planning*.Berkley, PA: Mccutchan publishing.
- Vorstius, C., Radach, R., Mayer, M. B. and Lonigan, C. J. (2013). *Monitoring local comprehension monitoring in sentence reading* . School Psychology Review. v. 42 (2), pp. 191-206.
- Warquu Mokonnon. (2019). Xiinxala Hubannaan Dubbisuu Barattoota Kutaa 7ffaa Fi 8ffaa: Haala Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad.1ffaa . Qorannoo (MA).Yuunivarsiitii Finfinnee. Kan hinmaxxanfamne.
- Wasane Basha. (2003). Qorsa: Qar-lugaafi Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Meeggaa.
- Wasanee Bashaa.(2000).*Qorri Hambaa*. Finfinnee Oromiyaa.
- Widdowson, H.G. (1988). *Aspects of language teaching*: Oxford: Oxford University Press.

Williams, E.(1984).*Reading in the language claas room* London &basing stoke :McMillan publishers.

Williams,E. (1996).*Reading in the Language Classroom*.London:Macmillan Publisher Ltd.

Yalden. (1987).*Principles of Course Design for Language Teaching*.U.S.A: Cambridge University Press.

Yazar, U. (2013). Teaching *reading to EFL students to make them better readers*. Journal of Studies in Education. v. 3 (3), pp. 35-48.

## DABALEE

### Dabalee A. Qormaata dubbisa barattoota kutaa 9ffaaf qophaa'ee

Maqaa \_\_\_\_\_ Kutaa \_\_\_\_\_ Daree \_\_\_\_\_ Lakk \_\_\_\_\_

***Qajeelfama:*** Dubbiisa Afan Oromoo armaan gadiitti dhihaate ergaa dubbiisiichaa, hiika galumsa jechoota haarawaa tilmaamun xiyyeffanno itti keennun hubannoон dubbiisiti gosoota qormaata siif dhihaatani haala gaafatamteen deebii isaani barreessi.

#### **Looga Afan Oromoo**

Maalummaan loogaa hayyoota garaagaraa biratti haala walfakkeenyaa qabuun hin muldhatu. Kunis, garaagarummaa ilaalcha namoonni looga irratti qaban irraa madda. Kanaaf, loogni addaadummaa sagalee, dhaamsaga akkasumas jecha hasaa irratti dubbatoota Afan tokko giddutti muldhata. Garuu waliigalu irratti rakkoo uumuu hin dandeenye. Kun Afan kam keessattu waan muldhatusha.

Dubbatoonni Afan tokko, teessuma lafaatinis ta'e caasaa hawaasaatiin walirraa fagaachu danda'u. Kanneen teessuma lafaatiin fageenya qaban giddu akkaataa fayyadama Afan irratti (kan dhaamsaga, birsagaa fi jechaa) garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kun ammo, hawaasa Afan tokko dubbatu giddutti haallan garagaraa jiraachuu agarsiisa. Garaagarummaan loogawan Afan tokko keessatti muldhatan kan teessuma lafaa qofa bu'uureefate osoo hin taanee, caasaalee ni ilaatala. Caasaaleen hawaasaa kunis umri, korniyaa, qabeenya, taayitaaa, sadarkaa barnootaa fi kan kana fakkaatu bu'uureeffata. Caasaan Afan hawaasa tokko caasaalee hawaasa kunneen bu'uureeffachuu garaagarummaa agarsiisu danda'a. Garaagarummaan fayyadama Afani haala kaanaan argamu ammoo looga hawaasaa jedhama.

Fakkeenyaaaf Looga naannoo yoo fudhanne, Oromiyaa Bahaatti nagaa gaafachuuf, ‘akkam’ yoo jedhamu Oromiyaa Lixaatti immo ‘atam’ jedhu. Akkasumas, Bahaa Oromiyaatti ‘dalagaa’ jichi jedhamu Lixa Oromiyaatti immo ‘hojii’ jedhama. Gama looga hawaasaa yoo dhufne garuu, hawaasa tokko keessa namoonni sadarkaa fi hojii adda addaa qabu. Fakkeenyaaaf, hojjataan buufata fayyaa keessa hojjatu fi waajjira qonnaa keessa hojjatu, jechoota ogummaatti yoo fayyadamani dubbatan inni tokko kan isa tokko wallaluu danda'a. Haata'u malee, Afaniin walii ibsuu danda'u waan ta'eef waligaltee isaanirratti dhibbaa hin fidu.

Afan tokko loogota adda addaa qabaachuuun isaa miidhaa hin qabu. Inuumaa bal'iina Afaniichaa agarsiisa. Gabaabumatti, haala qabatamaa keessatti yoo ilaallu Afaniifii loogni adda addaa. Afan loogaan yoo walbira qabamu, namoota hedduun kan dubbatamu, walta'iinsa loogawanii kan ta'e, caasaa fi qabiyyee isaanitiinis sooreessa kan ta'ee fi of danda'ee uummanni abbaan Afanichaa ittiin waamamu Afani. Kanaafuu, loogni Afan Oromoo dagaagina Afan Oromoof abdii guddaa dha.

**Madda: Kitaaba barataa kutaa 9ffaaf bara 2005 maxxanfamerraaf fooyeffamee fudhatame**

**I, Gaaffiiwan armaan gadii dubbisa olirratti hunda'uun ‘Dhugaa’ ykn ‘Soba’ jechuun deebisi**

- \_\_\_\_\_ 1, Loogni guddiina Afaan tokkootiif gahee olaanaa qaba.
- \_\_\_\_\_ 2, Akka yaada dubbiisichaatti loogni gufuu guddiina Afaan tokkoti.
- \_\_\_\_\_ 3, Ummanni Oromoo inni baha, lixa, kaabaaf kibba jiru salphaatti waliigala.
- \_\_\_\_\_ 4, Eessumayyu haa dhufanu , namoota Afaan Oromoo dubbatan jiddu garaagarummaan tokkollee hin jiru.
- \_\_\_\_\_ 5, Sadarkaan barnootaa fakeenya looga naannooti.

**II, Jechoota garee ‘A’ jala jiran hiika isaani garee ‘B’ jalatti walitti firoomsi.**

‘A’	‘B’
_____ 1, ilaalcha	a, baay’ee
_____ 2, hayyoota	b, waliigalte
_____ 3, walta’iinsa	c, burqaa
_____ 4, hedduu	d, beektoota
_____ 5, madda	e, yaada

**III, Qabee deebii sirri ta’ee filadhu.**

- \_\_\_\_\_ 1, Akka dubbiisichaatti hiikaan jechaa korniyaa jedhu maal ta’a?
  - a, sanyii b, saala c, hojii d, seera
- \_\_\_\_\_ 2, Akka dubbiisa kanaatti dalagaan maal bakka bu’a?
  - a, nama b, horii c, sanyii d, hojii
- \_\_\_\_\_ 3, Akka yaada barrefffamiichaatti jechi “garaagarummaa” jedhu maalin walitti dhufaa
  - a, addaaddummaa b, tokkummaa c, lammummaa d, hunda
- \_\_\_\_\_ 4, Garaagarummaan fayyadama Afaani ----- jedhama.
  - a, addaaddummaa b, garaagarummaa c, looga hawaasaa d, uummata
- \_\_\_\_\_ 5, Akka dubbiisa armaan olitti jechi hayyoota jedhu ----- ta’a.
  - a, abshaala b, qaruute c, beektoota d, hunda

**IV, Bakka duwwaa armaan gadii irratti jechoota kanaa gadiitti keennaman fayyadamuun guuti.**

**loogota hawaasaatiin ogummaatti Maalummaan dagaagiina**

- 1, Loogni Afaan Oromoo ----- Afaan Oromoof abdii guddaa dha.
- 2, Afaan tokko ----- adda addaa qabaachuun miidhaa hin qabu.
- 3, Dubbattooni Afaan tokkoo teessuma lafaatiinis ta'ee caasaa ----- ---wali irraa fagaachuu danda'u.
- 4, Hojjattooni waajjiraalee garaagaraa keessa hojjatan jechoota ----- yoo fayyadamani dubbatan inni tokko kan isa tokko walaalu danda'a.
- 5, ----- looga haayyoota garaagaraa biratti haala wal fakeenya qabuun hin muldhatu.

## Dabalee B. Qormaata dubbisa barattoota kutaa 10ffaaf qophaa'ee

Maqaa\_\_\_\_\_ Kutaa\_\_\_\_\_ Daree\_\_\_\_\_ Lakk\_\_\_\_\_

***Qajeelfama:* Dubbiisa Afaan Oromoo armaan gadiitti dhihaate ergaa dubbiisiichaa, hiika galumsa jechoota haarawaa tilmaamun xiyyeffanno itti keennun hubannoон dubbiisiti gosoota qormaata siif dhihaatan haala gaafatamteen deebii isaani barreessi.**

### Kallachaa fi Caaccuu

Kallachaa fi Caaccuun meeshaa hoodaa jilaaf qabatani dha. Goosa Oromoo tokkorraa kan bira keessatti ulfinni kallachaa fi caaccuu kan wal caalu yoo ta'eelle iddo hundatti beekamaa dha. Kallachi meeshaa hoodaa dhirri qabatu yookiin addatti kaayyatu yoo ta'u, Oromoota Maccaa fi Tuulamaa biratti meeshaa isaaf qophaa'e keessa kaa'u malee ifatti hin muldhisan. Yaa ta'uu malee, Oromoota Gujii Arsii fi Booranaa biratti yeroo jilaa fi gadamoojiji ifatti addatti keeyyatani deemu. Kallachii aadaa ummata Kuushiin kan wal qabate yammu ta'u, mallatoo dhaloota fi itti fufinsa sanyii ilma namaa kan agarsiisu dha. Kanaafuu, iddo jilaa, gaa'iila, araaraa, irreessaa fi k.k.f keessatti ulfiinaaf dhihaata.

Caaccuun meeshaa hoodaa dubartiin ifatti qooma ishiitti qabattu dha. Akkuma Kallachii ulfiina qabuutti Caaccuunis ulfiina wal qixxee qabdi. Kanaafuu, iddo seera tumaa kamirrattuu jaartiin Cifree ( haadhaa Caaccuu) kan abbaa warraa ishee wajjiin buttaa qalte ykn gadaa hulluuqxe dha. Kallachii ulfiina dhiirri qabu kan bakka bu'uu yoo ta'u Caaccuun ammo kan dubarti ibsa. Kallachaa fi Caaccuun fuulduratti wanti hamaan hin raawwatamu; hin dubbatamu. Meeshaan hoodaa kun lamaanu jidhaa fi hoormaata kan ibsan ta'uu maanguddoonni ni dubbatu.

Waa'ee Bokkuu fi Siinkee akkasumas Kallachaa fi caaccuu kaasuun wanti barbaachiiseef adeemsa sirna Gadaa keessatti saala lamaaniifu mallatto kabajaa akka mooggaasaa fi kabaja wal qixaa kennaa deemu ibsuufi. Kun immoo, sochii jiru ilma namaa fi hawaasummaa keessatti saalli lamaanu kan addaan hin baanee fi waliin sochoo'an ta'uu waan hubatame fakkaata. Bokkuu fi Siinqueen ulee kabajaa jilaa fi araaraa dhiiraa fi dubartiin qabatamu dha. Kallachaa fi Caaccuun meeshaa hoodaa dhiirri fi dubartiin qabataniifi hoormaata dhala namaa kan ibsu dha.

Madda: Qormaata xumura biyyolessaa kutaa 10ffaaf bara 2006 qophaa'ee irraa fooyeffamee fudhatame

### I, Gaaffiwwan armaan gadii 'Dhugaa' ykn 'Soba' jechuun deebisi

\_\_\_\_\_1, Bokkuu fi Siinqueen meeshaa dubartootaati.

\_\_\_\_\_2, Jaartiin Cifree kan abbaan manaa ishee wajjiin gadaa hulluqxee dha.

\_\_\_\_\_3, Bokkuu fi Siinqueen ulee kabajaa jilaa fi araaraa dhiirrif dubartiin qabatani dha.

\_\_\_\_\_4, Caaccuun meeshaa hoodaa dubartiin ifatti qomashiitti qabattu dha.

\_\_\_\_\_ 5, Kallachii fi Caaccuun meeshaa hoodaa jilaaf qabatani dha.

**II, Jechoota garee ‘A’ jala jiran hiika isaani garee ‘B’ jalatti walitti firoomsi.**

A	B
_____ 6, Jaarti Cifiree	a, ulee kabajaa fi araaraa dhiiraa
_____ 7, Kallacha	b, ulee kabajaa fi araaraa dubarti
_____ 8, Caaccuu	c, meeshaa hoodaa dhiirri addatti kavyatu
_____ 9, Bokkuu	d, meeshaa hoodaa dubartiin qomatti kavyattu
_____ 10, Siinqee	e, hadha manaa abbaa warraashee wajjiin Buuta qalattedha

**III, Qabee deebii sirri ta’ee filadhu**

\_\_\_\_\_ 1, Hima meeshaa hoodaa jilaaf qabatani dha, jedhu keessatti, hoodaa jechuun \_\_\_\_\_

- a, salphina    b. sodaa    c, safuuu    d, dubartii

\_\_\_\_\_ 2, \_\_\_\_\_ meeshaa hooda jilaaf qabatani dha.

- a, Kallachaa fi Eeboon b, Kallachaa fi Caaccuun c, Eeboo fi Caaccuun d, Caaccuu fi uleen

\_\_\_\_\_ 3, Kallachi iddo kam faatti dhiyaata?

- a, iddo ga’eela    b, iddo jilaa    c, iddo araaraa fi irreessa    d, hunduu deebi dha

\_\_\_\_\_ 4, Ulee kabajaa fi araaraaf dubartiin qabattu maal jedhama?

- a, Ulee    b,Caaccuu    c, Siinqee    d, Bokkuu

\_\_\_\_\_ 5, \_\_\_\_\_ kan abbaa manaashee wajjiin Gadaa hulluqxee dha.

- a, Hadha kallachaa    b, Jaarti Cifiree    c, Hadha dubbii    d, Haadha Bokkuu fi Caaccuu

**IV Bakka duwwaa jechoota/ gaaleewwan dubbiisiicha keessaa bahaniiin guutuu taasiisi barreessi.**

*Bokkuu fi Siinqueen*                  *hoodaa*                  *Siinqueen*                  *Kallachi*

1 \_\_\_\_\_ ulee kabajaa fi araaraa dhiiraa fi dubartiin qabatani dha.

2, \_\_\_\_\_ iddo araaraa, irreechaa fi cidhatti dhihaata.

3, \_\_\_\_\_ meeshaa hoodaa dhiirri qabatu dha.

4. \_\_\_\_\_ ulee kabajaa fi araaraa dubartiin qabattu dha.

5, Meeshaan \_\_\_\_\_ kun lamaanu jidhaa fi hormaata kan ibsan ta'uu maanguddoonni ni dubbatan.

## **Dabalee C. Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate**

**Yuunivarstii Jimmaa**

**Kolleejji Saayinsii Hawaasaa fi Huumaanitiitti Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Kabajamaa barsiisaa/siistuu!** Kaayyoon guddaan af-gaaffii kanaa waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guutachuuf, mataduree, “**xiinxala hubannaan dubbisuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Haroo**” jedhaman irratti qorannoo gaggeessuufidha. Kunis, barattootni Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa manneen barumsaa sadarkaa 2ffaa Yabbuufi Harootti barachaa jiran barreffama dubbisa isaaniif dhiyaate hubannaan dubbisanii hubachuu danda’uu isaanii xiinxaluun sadarkaa irratti argamu adda baasuun furmaata kennuufidha. Kanaafuu, hirmaannan keessan milkaa’ina qorannichaatiif murteessaa waan ta’eef, ragaa dhugaafi qabatamaa ta’e akka gumaachitan kabajaan isin gaafadha. Deebiin isin kennitan qorannoo kanaaf bu’aa guddaa qaba. Debiin keessan iccittiin isaa nieeggama. Gargaarsa naa gootaniif hedduu galatoomaa!

### **I. Odeeffannoo dhunfaa**

1. Mana barumsaa: \_\_\_\_\_
2. Saala: Dh: \_\_\_\_\_ Dub: \_\_\_\_\_
3. Umurii: \_\_\_\_\_
4. Sadarkaa barumsaa: \_\_\_\_\_
5. Barnoota itti eebbiiffame: kan ijoo (major) \_\_\_\_\_ kan aantee (minor) \_\_\_\_\_  
Kan biroo: \_\_\_\_\_
6. Bara tajaajilaa: \_\_\_\_\_
7. Baay’ina wayitii Afaan Oromoo torbanitti barsiisu/stu\_\_\_\_\_

### **Kutaa II. Af-gaaffii cufaa barsiisotaaf dhiyaate**

**Qajeelfama:** Barsiisaa/Barsiistuu!

Gaaffilee hubannoон barsiisuu barattootaa siif dhiyaatan kana haala hojii baruufi barsiisuu keessatti raawwatamaa ture yeroo deebii kee kennitu: 4=yeroo hunda, 3=yeroo baay’ee, 2=darbe darbee, ykn 1= gonkumaa jechuun iddo qophaa’ee irratti kenni.

Lak	Dhimma xiyyeffannaa	4	3	2	1
1	Barattooni gaaffiillee dubbisa booda dhiyaatan irratti hubannoo dubbisa irraa argatanifi muuxannoo isaanii walitti fiduun gareen mari'atani ykn dhunfaadhaan dareef akka dhiheessan hangam taasistuu?				
2	Barattooni dubbisa isaaniif dhiyaate hubannaan akka dubbisan hangam deeggartu?				
3	Haala barattooni barreeffama dubbisa tokko dubbisanii hubachuu danda'aniifi gilgaalota dubbisicha bu'uureeffate hojjechuu danda'an irratti xiyyeffannaa kenuun hangam barsiistu?				
4	Barattooni gaaffiillee dubbisa irratti hunda'anii dhiyaatan sirnaan raawwachuu isaanii hordoftanii sirreessuun duub-deebii hangam kennitu?				
5	Adeemsa dubbisa hubannaan dubbisuu barsiisuu keessatti barattooni daree keessatti tarsiimoolee dubbisuu hordoofanii akka dubbisanii hubatan hangam taasistuu?				
6	Barreeffama dubbisa hubannoон dubbisuufi gilgaalota dubbisa irratti hunda'anii bahan hojjachuu irratti barattooni kaka'umsa akka horatan hangam jajjabeessitu?				

### Kutaa III. Af-gaaffii banaa barsiisotaaf dhiyaate

7. Barattooni dubbisa Afaan Oromoo hubannoон akka dubbisan tooftaa maaliin jajjabeessita?

---



---



---



---

8. Hubannaan dubbisuu barattootaa waliin walqabatan hanqinaaleen mul'atam maal fa'i jettee yaada? Tarreessi

---



---



---



---

9. Dubbisa kitaaba bartaa keessatti dhiyaate hunda barattooni akka daree keessatti dubbisan nitaasistaa? yoo deebiin kee lakki ta'e, sababa isaa tarreessi.

---

---

---

---

---

10. Daree keessatti barattoota Afaan Oromoo yeroo dubbisa baratan haala kamiin barsiista?

---

---

---

11. Dubbisa barreffama Afaan Oromoo hubannaan dubbisuu barattootaa tooftaa maaliin adda baasta?

---

---

---

12. Manneen barumsaa kana keessatti barattootni dandeettii hubanna dubbisuu isaanii akka fooyyeffatan dubbisa kitaaba barataa ala jiru barattootaaf ni dhiheessitaa? deebiin kee yoo lakki ta'ee sababni kee maali?

---

---

---

---

13. Hojii baruufi barsiisuu dubbisa wajjin walqabatee akka mana barumsa keessanitti rakkoleen jiran maal fa'i?

---

---

---

---

---

---

## Dabalee D. Daawwannaan Daree

Cheekilistii daawwannaan daree barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffa manneen barumsaa sadarkaa 2ffa Yabbuufi Haroo keessatti gaggeessuuf qopha'ee. Adeemsa baruufi barsiisuu dandeetti dubbisu barnoota Afaan Oromoo daree keessatti gochaalee raawwataman ittiin adda bahan. Yeroo daawwannaan kana qorattuun daree keessatti gaggeessitu gochaaleen raawwatameef 'eeyyee' fuuldura mallattoo (✓) kaa'uun, yoo hin raawwatamne ta'ee ammoo 'lakki' fuuldura mallattoo (X) kaa'uun adda baafati.

### Kutaa I. Odeeffannoo waliigalaa

1. Maqaa Mana Barumsa: \_\_\_\_\_
2. Kutaa daawwatame: \_\_\_\_\_
3. Daree daawwatame: \_\_\_\_\_
4. Guyyaa daawwatame: \_\_\_\_\_ wayitii: \_\_\_\_\_ Yeroo: \_\_\_\_\_

### Kutaa II. Dhimmoota hubannaan dubbisuu barattootaaf gahe qabu jedhamee daawwannaan daree irratti xiyyeeffatu

lak	Daree keessatti gochaalee hubannaan dubbisuu raawwataman	Barsiisaa 1ffaa					
		Daawwannaan 1ffaa		Daawwannaan 2ffaa		Daawwannaan 3ffaa	
		Eeyyee	Lakki	eeyyee	lakki	eeyyee	lakki
1	Adeemsa baruufi barsiisuu dandeetti dubbisu gaggeeffamu keessatti barsiisaan Afaan Oromoo barattoonni dubbisu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu tarsiimoolee dubbisuu hordofanii akka dubbisanii hubatan ni qajeelchaa?						
2	Hubannaan dubbisuu barattoota akka gabbatuuf, barsiisaan yeroo dubbisu barsiisu xiyyeeffannaan itti kennee barsiisa? barataan hoo						

lak	Daree keessatti gochaalee hubannaas dubbisuuf raawwataman	Barsiisaa 1ffaa					
		Daawwannaa 1ffaa		Daawwannaa 2ffaa		Daawwannaa 3ffaa	
		Eeyyee	Lakki	eeyyee	lakki	eeyyee	lakki
	xiyyeffannaan barataa?						
3	Barsiisaan daree keessatti yeroo dubbisa barsiisuu barattoota dubbisuu irratti hirmachisee? barataan hoo fedhiin hirmataa?						
4	Barsiisaan yeroo hubannaas dubbisa daree keessatti barsiisuu hiika jechoota haala galumsarraa akka hubatan barattoota ni hubachiisaa? barataan hoo ni hubataa?						
5	Gaaffilee dubbisa booda dhiyaatan barattoonni akka hojjetan taasisuun duub-deebii ni kennama?  Barattoonni manneen barumsichaa dubbisa irratti hunda'ee gaaffilee gaafataman sirnaan hubbatani hojjetu?						
6	Barattoonni dubbisa isaanii dhiyaate irra hubannoo argatanifi muuxannoo qaban waliin akka walqabsiisanii dhunfaanis ta'e gareedhaan mari'atani dhiheessan ni taasistuu?						

## **Dabalee E. Sakatta'a dookimeentii**

### **Kutaa I. Odeeffannoo waliigalaa**

Maqaa mana Barumsaa\_\_\_\_\_


kutaa\_\_\_\_\_

Daree\_\_\_\_\_

Guyyaa dabantara barataa ittii sakatta'ame \_\_\_\_\_

### **Kutaa II. Cheekilistii raawwii gilgaalota dubbisa bu'uureffatee dabantara barataa irraa ittiin sakatta'ame**

1. Barreeffama dubbisa tokko bu'uura godhachuun gaaffiilee dubbisa barattootaaf kenname hojjetame adda baasuu
2. Barreeffama dubbisa tokko bu'uura godhachuun gaaffiilee dubbisa barattootaaf kenname hojjetame keessa kan barsiisan/istuun sororfame adda baasuu
3. Gilgaalota dubbisa irratti barattootaaf kennaman keessaa gara caalaa maalrratti akka xiyyeffatu? walduraa duuba sadarkeessuun kaa'ii
  - Hiika jechootaa galumsarraa kennuu\_\_\_\_\_
  - Hiika faallaa jechootaa galumsarraa kennuu\_\_\_\_\_
  - Hiika kallattii jechootaaaf kennuu\_\_\_\_\_
  - Gaaffii dubbisicha irratti hunda'eef ibsa kennuu\_\_\_\_\_
  - Gaaffii hubannoo dubbisa irraa argame muuxannoo qaban waliitti fiduun deebii kennuu\_\_\_\_\_
  - Gaaffii bakka duwwaa guutuu\_\_\_\_\_
  - Gaaffii dhugaafi sobaa\_\_\_\_\_
  - Gaaffii walitti firoomsuu\_\_\_\_\_



Pileetii 3. Sakatta'aa dabtara barattootaa irratti taasifame.